XIINXALA ADEEMSA RAAWWII KAKUU SIRNA FOOQA DARRABBAA: GODINA WALLAGGA BAHAA AANAA KIIRAMUU

GAMMACHUU FAYYISAA GURMUU

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE

XIINXALA ADEEMSA RAAWWII KAKUU SIRNA FOOQA DARRABBAA: GODINA WALLAGGA BAHAA AANAA KIIRAMUU

GAMMACHUU FAYYISAA GURMUU

GORSAA: TAADDASAA JAALLATAA (PhD)

WARAQAA QO'ANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA, 2011/2019
FINFINNEE

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uu isaa akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Yuunvarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuu Gamisaan Guuttachuuf Gammachuu Fayyisaa Gurmuu Mataduree: Xiinxala Adeemsa Raawwii kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa: Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu Qophaa'ee Sadarkaa Madaallii Yuunivarsiitiin Kaa'e Guutee Jira

Qaama Qorannicha Mirkaneesse

Qoraa alaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Qoraa keessaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa_____Mallattoo_____Guyyaa_____

Itti gaafataamaa muummee ykn walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Axereera

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa, Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Kiiramuu, Ganda Tokkummaa Qoqoffee keessa Gooxii Darrabbaa jedhamu irratti kan gaggeeffamedha. Mata dureen qorannoo kanaas, Xiinxala Kakuu Adeemsa Raawwii Sirna Fooqa Darrabbaa: Godina Wallagga Bahaa Aanaa kiiramuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon isaas, maalummaa kakuufi qabiyyeewwan Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa Xiinxaluudha.Itti dabalees, Kakuu kana keessatti meeshaalee Aadaa tajaajila irra oolan, hiika fakkoommii isaaniifi afoollan sirna kana keessatti tajaajilaa jiran adda baasuudha.Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaas qabiyyeewwan kakuu, meeshaalee aadaa tajaajila kanaaf oolan, afoollan ,fakkoommii isaaniifi faayidaa sirni kakuu kun hawaasa nannoo sanaaf kennu maal maal akka ta'e adda baasuu gaafata. Malli qorannoo kana keessatti iddattoo gaaffilee bu'uuraa deebisan itti filatame mala iddattessuu mit-carraa keessaa mala akkayyoo fayyadamuunidha.Meeshaaleen odeeffannoo ittiin sassaabbachuuf itti gargaarames; daawwannaa, afgaaffiifi mare garee yoo ta'u, kitaabileen sakatta'amuun raawwii kana deggeran dhiyaataniiru.Odeeffannoon iddattoo qorannoo kana irraa argame haala gaafilee bu'uuraa deebisaniin erga qoodamee booda jechaan ibsamuun hiikti itti kennameera. Haaluma kanaanis argannoon qorannichaa haala gaafilee bu'uuraan dhiyateera.Afoola Oromoo keessa makmaaksi kakuu fooqa Darrabbaa keessatti namoota wal shakkanii jaarsoliitti dhiyaataniif kan ittiin gorsaniifi amansiisanii araarsan, isa dide immoo kaksiisanidha. Kunis dhugaa hawaasa keessa jiru kan mul'ise ta'uu isaa argeen jira. Walumaagalatti qorannoo kanaan akka yaada furmaataatti kan adda bahee ibsamu adeemsi raawwii sirni kakuu kunkan hin barreeffamiinifi sammuu maanguddootaan daddarbaa waan as ga'eef waajjirri Aadaafi Turiizimmi qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan barreessanii dhalootaaf akka ol kaa'an, heeraafi seera mootummaa keessa galchuun waajjiraalee haqa mirkaneessoo ta'an waliin wal deggaruun walitti dhufanii hojjechuun akka irra eegamu,tajaajilli saffisaan komee hin qabne kun hawaasicha akka dafee bal'inaan tajaajilu osoo irratti hojjetamee gaarii ta'a jechuudhaan qorannichi xumurameera.

Galata

Duraan dursee waan hundumtuu kan isumaan ta’e, kan isa malee ta’e tokko illee kan hin jirre, barnoota kana sadarkaa kanaan na ga’uuf fayyinaafi human kan naaf late waaqni abbaan haa galatoomu. Gorsaakoo ta’uudhaanis nuffii tokko malee hamilee natti horuudhaan kan na jajjabeessaa turan Taaddasaa Jaallaataa (PhD) adeemsa hojii qorannoo kanaaf tumsa guddaa waan naaf godhaniif galannikoo guddaadha. Itti dabalees, wixinee qorannookoo ilaaluun waanan cimee hojjedhe akkan itti fufu, hanqinan mul’ise ammo akkan fooyyeffadhu kan na qoraniifi na gorsan Mulgeetaa Nagaasaa (PhD) galatoomaa jechaa umurii dheeraan isaaniif hawwa.

Gama biraatiin namoota hojii qorannoo koo kana irratti nacinaa dhaabbachuudhaan yaadaan, barreeffamaan kan na gargaaran keessumaa dargaggoo Abdataa Margaa, Obbo Habtaamuu Tasfaayeefi mucaakoo Barsiisaa Sanyii Gammachuu Fayyisaa baay’een galatoomfadha. Odeefkennitoonnikoo abbootii Gadaafi Jaarsolii Gadaa, hojjettoota waajjiraalee mana murtii, Aadaafi Turiizimii, akkasumas waajjira Haqaa Aanaa Kiiarmuu yeroo isaanii aarsaa gochuudhaan odeeffannoo barbaachisu waan naaf qoodani galannikoo dachaadha.

Dhuma irratti maatiikoo keessumaa Haadha warraakoo Aadde Xuruwarq Qadiidaa ijoollee keenya waliin gargaarsaafi fedhii barnootakoo xumuruu irratti naaf taasisan cimseen galateeffadha.

Jibsoo

Aggaamee -	Akeekkatee
Bayyaannatu-	Dandamatu, qalbii jijjiirratu
Birmachuu -	Qaqqabuu, itti yaa'uu (yeroo rakkoo, gaammachuu)
Bunuunsuu-	Qilleensaan fudhatamuu (daaraa, daakuuf)
Cororsaa -	Dhadhaa danfee buddeen (cumbootti) naqamu
Darrabbaa-	Lafa goodaa, maasii baldhaa diriiraa ta'e
Feccanii -	Gadifageenyaan qoratanii
Fellamee -	Falaffalamee
Fooqa-	Muka Baddeessaa muramee gamaagamanatti hordamee dhaabatee jala hulluqamu
Haafas baalas -	Hundumaa (waan argame)
Itti gamuu-	Itti gaggabuu
Juuguu -	Abaaruu
Kattisiisuu -	Marguu, fooyya'uu
Lufuu -	Darbuu
Luucceffadheera -	Itti deemeera, aggaameera
Maxinoo -	Qiixxaa, tussoo
Qoollifachuu -	Irraa of qusachuu, ofirraa butuu

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Axereera i
Galata ii
Jibsoo iii
Baafata iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1
1.1 Seenduubee Qorannichaa 1
1.1.1 Seenaa Hawaasa Oromoo Aanaa Kiiramuu 3
1.1.2. Bakka Naannoon Qorannichaa Itti Argamu 8
1.2. Ka'umsa Qorannichaa 11
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa 13
1.3.1. Kaayyoo Gooroo 13
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree 13
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa 13
1.5. Daangaa Qorannichaa 14
1.6 Hanqina Qorannichaa 14
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'INSA BARRUU 16
2.1. Yaad-rimee Fookloorii 16
2.1.1 Gosoota Fookiloorii 19
2.1.1.1 Duudhaalee Hawaasaa 21
2.1.1.1.1 Maalummaa Kakuu/oath/ 25
2.1.1.1.2. Kakuufi Ilaalcha Oromoo 26
2.1.1.2 Afoola 26
2.1.1.3. Meeshaalee Aadaa (Material Culture) 29
2.1.1.3.1. Meeshaalee Aadaa Kakuuf Oolan 29
2.1.1.3.2. Fakkoommii (Symbolisim) 30
2.2. Yaadiddama Qorannichi Hordofu 31
2.3. Sakatta'a Barruu Wal Fakkii/Aantee 33

BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO 35
3.1 Saxaxa Qorannichaa 35
3.1.1 Gosa Qorannichaa 35
3.1.2 Mala Qorannichaa 36
3.1.3 Madda Odeeffannoo 37
3.1.4 Mala Iddatteessuu 37
3.2 Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaaname 38
3.2.1 Daawwannaa 38
3.2.2. Af-gaaffii 40
3.2.3. Marii Garee 40
3.3 Mala Qaaccessa Ragaalee 42
3.4 Qindoomina Qorannichaa 42
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE 43
4.1 Haalaafi Dhimmoota Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa 43
4.1.1 Maalummaa Kakuu 43
4.1.2 Qabiyyee kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa 44
4.1.2.1 Ajjeechaa 44
4.1.2.2 Hatuu 47
4.1.2.3 Sobuu 48
4.2 Meeshaalee Aadaa Kakuu Fakkoommii Isaanii Waliin 49
4.2.1 Meeshaalee Aadaa Nam-tolchee 50
4.2.1.1 Barcuma Dambiifi Harbuu 50
4.2.1.2 Barcuma Eebichaa 51
4.2.1.3 Eeboo 52
4.2.1.4 Mutaa 53
4.2.1.5 Rasaasa 53
4.2.1.6 Cancala/Luugama 54
4.2.1.8 Lilmoofi Alangaa citaa 56
4.2.2 Meeshaalee Aadaa kakuu kan uumamaa 57
4.2.2.1 Lafee 57
4.2.2.2 Dhagaa 58

4.2.2.3 Gaafa Kormaa/Kallacha Gadaa 59
4.2.2.4 Qoraattii 60
4.2.2.5 Muka Boqqolloo 60
4.2.2.6 Daaraa 61
4.2.2.7 Dikee Loonii 61
4.3 Gahee Afoolli Raawwii Kakuu Fooqa Darrabbaa Keessatti Qabu 65
4.4 Faayidaa Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa Qabu 68
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YABOO 74
5.1 Goolaba 74
5.2 Argannoo 75
5.3 Yaboo 77
Wabii 80
DABALEE. A Qabxiilee Ijoo (check list) Daawwannaa
DABALEE B Af-gaaffii Mana murtifi Abbaa Alangaa
DABALEE C Qabxiilee Ijoo maree garee xiyyeeffannoo
Taatoo 1 Seenduubee odeefkennitoota Af gaaffii Hojjetoota Mana Murtii
Taatoo 2 Seenduubee odeefkinnitoota Afgaaffii Waajjira Haqaa
Taatoo 3 Seenduubee odeefkinnitoota Maree Garee Hojjetoota Waajjira Aadaa fi Tirizimii Aanaa Kiiramuufi Bakka Bu'oota Abbootii Gadaa
Taatoo 4 Hiika Fakkoommii Meeshaalee Aadaa

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun uummata Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Kiiramuu jiraatu keessatti Sirna Gadaa gaggeeffamaa turee fi jiru keessatti qaama Sirna Gadaa kanaa kan ta'e kakuu xinxaluun kan gaggeeffamedha. Boqonnaan qorannoo kanaa kun adeemsa qorannoo saayinsaawaa ta'e bu'uura godhatee kan gaggeeffame yoo ta'u qabiyyeewwan adda addaa of jalatti hammatee jira. kanaafuu boqonnaa kana jalatti seenduubee qorannichaa,seenaa hawaasa Oromoo Aanaa Kiiramuu, argama naannoo qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaa maal maal akka fakkaatan armaan gaditti ibsamanii jiru. Isaan kunneenis kutaa kutaadhaan qoqqodamanii qorannichi gaggeeffamee jira.

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Biyya Itoophiyaa jedhamtu keessa sabaa fi sablammoonni hedduu ta'an kallattii garaagaratti tamsa'anii akka jiran nidubbatama.Tilahun (1992:21) Uummanni biyya Itoophiyaa keessa jiraatu qoomoo addaddaarraa kan maddedha.Uummatichi seenduubee mataa maataasaa qabaatee waliin jiraata. Haala jireenya sadarkaa gara gararrattis kan argamudha. Kana keessaa sabni Oromoo sanyii lakkofsaan irra jireessa (%50-%60) cufee argamudha jechuun ibsa.

Sabni Oromoo akkuma saboota addunyaa kanneen biroo haala, akkaataa fi mala ittiin jiruu fi jireenyasaa gaggeeffatu qaba. Sirni ittiin sabni kun amaleeffannoo godhatee jireenyasaa mara keessatti ittiin of bulchuu kun Sirna Gadaa jedhama. Sirni Gadaa Oromoo saba oromoo kana saboota addunyaa biroorraa sirna dimookiraasiin ittiin calaqqisuu eegaleefi addunyaa maraaf fakkenya ta'aa dhufee jiru waan ta'eef sabichaaf bakka guddaa qaba.Oromoon uummata /hawaasa/ afaan kuush dubbatuu fi maddi isaas Afrikaa keessa ta'uu hayyoonni adda addaa dubbataniiru.Gammachuufi Waldee Yohaannis (1986:35) maddaa fi Afaan Uummata Oromoo yammuu ibsan''Uummanni Oromoo Uummata afaan Kuush dubbatuu qofaa osoo hin taanee uummattoota Afrikaa duraati,'' jechuun ibsanii jiru. Kana malees maddii uummata Oromoo tokko ta'uusaa Isheetuun (2001:45) yammuu ibsu, ''Oromoon maatii tokkorraa dhalachuun garuu akkuma ormaa walirraa fagaatanii qubachuun yoo jiraataa jiraniyyuu maddisaanii tokkodha,'' jedha. Haala kanarraa hubachuun kan danda'amu, Uummanni Oromoo duraan bakka tokko jiraachaa kan turee fi booda suuta suuta keessa bakka adda addaatti qubannaasaa tatamsaasaa dhufuusaa agarsiisa. Oromoonni suuta suuta bakka duraan naannawa tokko jiraataa turanirraa gargar bahuun Oromoo Maccaafi Tuulamaa jedhamuun kallattii jireenya mijataa adda

addaa qabaachuu isaanii Warqinaan (2008:100) yoo ibsu,'' Maccaa fi Tuulamni duraan Gadaa isaanii Odaa Nabeetti kabaju turan. Yeroo booda garuu uummanni Maccaa baay'ina uummataa fi qabeenyaa qaburraan kan ka'e naannoo Dhiha Itoophiyaa bal'inaan to'achuu danda'aniiru.

Haaluma kanaan teessoo isaanii Odaa Nabee ture dhiisanii gara naannoo Amboo gadi Dirree Gibee Hora Bisil jedhamutti Odaa Bisil hundeessaan,'' jechuudhaan ibsee jira. Kanarraa kan hubatamu Oromoonni Maccaa fi Tuulamaa jalqabarratti seera Odaa Nabeetti tumatanii ittiin walgaggeessaa turuu fi booda suuta baay'ina isaaniirraa kan ka'e adda fagaatanii qubachaa akka turanidha. Gammachuufi Asaffaan (2006:24) dhimma kana yommuu ibsan, Uummatni Oromoo haala akkamiin godinaaleefi aanaaleetti tatamsa'ee akka argamu ibsaniiru.Isaanis, Oromoon jalqaba jiraachuu kan eegale kutaalee babal'oo wallaggaa, Iluu Abbaa Booraa, Jimmaa, Shawaa, Arsii, Baalee, Harargee, Walloo, Booranaafi kutaa kibba dhihaa Gojjam keessadha jedhu. Akka ibsa hayyoota kanaatti qoqqooddiin godinaalee kunis kan ta'e, Oromiyaa bara sirnoota darbanii dachee bal'aan ibsamaa turte kan hammatedha. Yeroo sirna ammaa kana keessa godinaaleefi aanolee hedduun isaanii Bahaafi Dhiha, kaabaafi kibba akkasumas moggaasa kan biroon waamamaa akka jiran beekamaadha.

Waa'ee bulchiinsa Sirna Gadaa fi muka guddaa walbira qabuun,Ayalew(2005:212) yoo ibsu,''The government is held in permanence near large highly respected tree on the edge of prayer grass cause created by tradition and where numerous herds brought in tribute enjoy themselves with an abundant'' jechuun ibsee jira.kunis uummanni Oromoo sirna Gadaa isaa haala,bakkaa fi akkaataa murtaawaa ta'een uumama isaarraa kaasee kan gaggeeffataa ture ta'uu ibsa.Waa'ee qorannoo Oromoo Maccaa ilaalchisee,Giday(2000:67)yommuu ibsu,''The meca, one of the severely fragmented Oromo groups in Ethiopia"jedhee jira.kanarraa hubachuun kan danda'amu Oromoon Maccaa baay'ina isaaniirraan kan ka'e wal walirraa fagaatanii qubachaa akka jiraatanidha. (Tesema, 1980:21) Oromoon kallattii addaddaan sababoota dinagdeefi baay'ina lammii isaa abbaa qabiyyee lafummaa mirkaneeffateera jechuun ibsa. Akka barsiifata hawaasa Oromootti ilmi hangafti qe'ee abbaa kan dhaalu yeroo ta'uu, kanneen biroon immoo sababa dhiphina lafaa fagaatanii ooyiruu qabatu. Oromoon irra caalaa horsiisa looniin waan jiraatuuf wal irraa fagaatee qubachuun murteessaadha.

Uummanni Oromoo uummata aadaa fi afaan mataasaa qabudha. Akkasumas seera ittiin wal-bulchuu ofiin tumatee ittin walgaggeessaa turee fi walgaggeessaa jirudha.Seera Oromoon ofiin

tumatee ittiin walgaggeessaa ture kana Asmaroom(2000:208) yommuu ibsu,''One of the most interesting aspects of oromo tradition is that laws are treated as products of human deliberation'' jedha. Kanarraa hubachuun kan danda'amuu Uummanni Oromoo seera matasaa tumatee, seera tumate kanas kabajee, kabachiisee ittiin jiraachaa akka ture dha. Yaada kana Warqinaan (2008:6) akka ibsutti, ilmaan Oromoo wal-lolan walitti araarsuudhaaf furmaatni Gadaadha. Kunis, Biiroon Aadaafi Turiizimii Oromiyaa (2007)akka ibsutti, rakkina maatii,ollaa,dhirsaa fi niitii fi kkf gidduutti wal-amantaan yoo dhibe seera sirna Gadaatiin wal-kaksiifatu.

Walumaagalatti sirni Gadaa kun haala bu'aa ba'ii jiruuf jireenya hawaasichaa karaa nagaadhaan gaggeessuu keessatti wal-akka fakkaatu kan ibsudha. Sababa kanaafis uummata Oromoo Aanaa kiiramuu haala gaarii ta'een tajaajilaa jira.Tajaajila hawaasni kun yeroo dheeraadhaaf osoo fagoo hindeemiin qe'ee isaatti tajaajila murtii haqaafi waliin jireeyaa gaarii argachaa ture kana qorachuufi dhaloota dhufuuf olkaa'uun barbaachisaa ture.Haata'u malee hawaasicha keessatti bal'inaan tajajiluu malee qoratamee waan barreeffamee taa'e hinjiru. Anis gama Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kana irratti hanga yoonaatti qorannoowwan gaggeeffamanii jiran waan na hin qunnamneef qorannoo koo kana irraatti luucceffadheera.

1.1.1 Seenaa Hawaasa Oromoo Aanaa Kiiramuu

Aanaan Kiramuu Naannoo Oromiyaa, Godina Wallagga Bahaatti argamti.Aanaan kun bara sirna Dargii duras ta'e keessa akkaataa kuta bulchiinsa yeroo sanaatiin konyaa (Awuraajaa) Horroo Guduruu jala, erga sirni sun kufee asimmoo hanga bara 1999 tti Aanaa Giddaa Kiiramuu jalatti bulaa turtee bara jedhame kanaa eegaltee immoo Aanaa Kiiramuu jedhamuun mataa ishee dandeessee hundeeffamtee of bulchaa kan jirtuudha. Magaalaan guddoo Aanaa kanaas Kiiramuu kan jedhamtu yoo taatu erga hundeeffamtee waggoottan hedduu lakkoofsisteetti.Aanaan kun olla Naannoo Amhaaraatti kan argamtu waan taateef saboonni lamaan haalota adda addaatiin walitti makamanii waliin jiraataa jiru. Qabeenya uumamaan kan badhaate yoo taatus hawaasni ishee Aadaafi Duudhaalee adda addaa ittiin beekamu ni qabaata.Duudhaalee Uumanni kun qabu keessa tokko adeemsa sirna kakuu Fooqa Darrabbaa jedhamu kan hojiirra oola jiru ta'uu isaati.

Osoo waa'ee duudhaa saba kanaatti hin seeniin dura gosa(qomoon)saba kanaa kam akka ta'e beekuun barbaachisaadha.kanaafuu uummanni Oromoo Aanaa Kiiramuu Hidda latiinsa Oromoo gurguddoo lamaan keessaa gosa Oromoo Maccaa yeroo ta'u gosti kunis sadarkaa Oromoo bal'aa

irraa kaasee hanga nama dhuunfaatti akkaataa itti lakkaa'amee deemee galu ragaaleen adda addaa ni ibsu. Ragaalee kanneen keessaa, Jabeessaa (1995;29) akka barreessetti, latiinsa hidda Oromoo naannoo kanaa bifa armaan gadiin hanga caasaa Jiddaatti kan tarreesse yoo ta'u, kan sanaa gadii odeef kennitootaafi waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Kiiramuurraa argadhee taatoon agarsiiseera.



Taatoo:1 hidda latinsa Oromoo hanga sadarkaa Aanaa Kiiramuutti(nama dhuunfaatti).
Maddi: Jabeessa, (1995)

Taatoon kunis, akkaataa qabatamaa Aanaa kiiramuutti haala uummata Oromoo Maccaa fi Tuulamaa ilaalchisee, Taarreqenyi (2002:2) akka ibsetti, ‘’Oromoonni Maccaa fi Tuulamni gosoota Oromoo ta’anii Oromoon kiiramuu jiraatu gosoota Maccaa yommuu ta’u Maccaarraa Jaawwii,Jaawwiirraa Jiddaa,Jiddaarraa kiiramuun madduun sirna Gadaa Fooqa Darrabaa hundeessuun ittiin jiraachaa jira,’’jedha.

Moggaasa maqaa ‘kiiramuu’ ilaalchisee walmormiin yaadaa yoo jiraateyyu; dhumarratti yaada tokkoon goolabameera. Kunis; akka Nagaash, (2015:9) ibsetti “Kiiramuu” kan jedhu maqaa namaa ilma Jiddarraa dhalate ta’uun ibsameera. Ilmaan isarraa horaman caasessoo armaan oliin akka hangafaafi quxusuutti agarsiifameera. Gama kaaniin maqaa kiiramuu jedhu odeeffannoon aafseenaan jiru tokko akka jedhutti (Galataa Horaa) bara waraana Takile Hayimaanot (Mootii Gama Goojjam) fi waraana Oromoo mootota bara sanaan gaggeeffame (Abiishee Garbaa naannoo Horroo, Abeetuu Garbaa naannoo kiiramuu) jidduutti yeroo lolli ture bishaan Abbayaa guutee, jennaan mootichi Goojjam loltootnisaa ce’uu waan hindandeenyeef *“ኦዚያዉ ክረሙ” Iziyaawu-Kiremu”* jedhee, dubbatee maqichi achirraa ka’ee moggaafame jedhama jedhee ibseera.

Gama birootiin, odeefkennitootni kanneen biroon bara lola sanaa duras maqaan kun jira jechuun yaadicha mormu. Moototin Oromoo naannoo kana bulchan ofdanda’aanii jiru. Daangaan Amaaraa fi Oromoo Bishaan Abbayaati. Karaa aanaa Eebantu bishaan ceenee lafa qabna. Matakalii fi Dibaaxeen kan Oromooti jechuun ibsu. Kanaafuu “kiiramuu” moggaasa lafaa ykn waan biroo utuu hinta’iin qomoo lammii Oromoorraa dhufedha; jedhanii, yaadichi oduu darbaadabarsaa sanyiin warra Amahaaraa seenaa hawaasa Oromoo aanaa kanaa gara kan saaniitii harkifachuuf yaalaa turan irraa kan madde ta’uu, Asaffaa Abdiisaa faa bal’inaan mormanii ibsaniiru. Isaanis, Bara waraana “Imbaaboo” seenaa sana dura “Qoroowwan” Oromoo naannoo, naannoo isaanii bulchan, adeemsa kutaa bulchiinsaa babal’ifachuu keessatti waraana walirratti fardaafi eeboon walwaraanaa yeroo turan maqaan aanaa kiiramuu kun akka moggaaffame ibsaniiru jechuudhaan kaa’a.

Aanaan Kiiramuu haalli qilleensa ishee baddaa, baddadareefi gammoojiidha.Akka odeeffannoo waajjira qonnaa aanichaarraa arganneen olka’insi lafa ishee sirrii irra galaanaan yeroo madaalamtu meetira 2050 dha. Teessummni dachee ishee gandeen muraasa kan qabate baddaa yeroo ta’u, kunis tabbaafi gammojjiidha. Isaanis; goodaa diriiraa qonnaa midhaan gammoojji fi

horii furdissuuf tolan ta'anii mul'atu.Laggeen gurguddoon sadii aanolee olla wajjin ishee daangeessan nijiru. Laga Abbayyaa. Laga waraabessaafi laga Angar jedhamanii waamamu. Lageen xixiqqoon kan biroonis baay'inaan kan argaman yoo ta'ellee; yeroo ammaa sababa qonnaa invastimeentii gammoojjii mukeen gurguddoon ciramanii waan badaniif isaanis kan gogaa jiran ta'uu isaa manguddoota bubbulan irraa odeeffannoon argameera.

Maddi galii hawaasa Aanaa Kiiramuu inni guddaan qonnaafi horsiisa horiiti. Gandeen akka bulchinsa Magaalaatti ulaagaa guttatan tokko tokkoo fi magaalaa guddoo Aanichaa dabalatee hojii ogummaa keessaa muraasni kanneen akka huccuu dha'uu(Jaliila, Bullukkoo, Balee, Wandaboo, Sabbata), sibilaa tumuu (Qubeelaa, Alboo, Hambaarrii, Madabii, Eeboo, Hankaassee, Haaduu, Qottoo, Tuggii, Maakkee, Qiyyii...) hodhaa yookaan faaya migirarraa hojjeetamu (Gundoo, Mosoobii, Qolomshaashii, Igilgilii, Gingilchaa) bal'inaan hojiirraa oolaa jiru.

Qonnaa keessatti yeroo waaqtii Arfaasaa ooyiruu bal'inaan qotuun Xaafii adii fi diimaa, Garbuu, Qamadii, Daagujjaa, Boobee, Boqolloo, Talbaa, Saalixa, Nuugii, Baaqelaafi, Atarafi kkf oomishu. Kana malees, horsiisni beeyladaa; Loon, Re'ee, Hoolaa, Harree, Lukkuufi Kaannisni bu'uura ol'aanaa ittin jireenya hawaasa Aanichaati. Qoteebulaan ooyiruu isaa qotisa midhaan garaa garaa jijjiiree facaasuuf dikee loonii fayyadamuun kan gabbifatu ta'ee; naannoo Gandeen irra jireessa ta'an keessatti xaa'oo warshaa fayyadamuun ni mul'ata.

Bu'uuraaleen misoomaa Aanichaa mootummaa fi uummataan kan deeggaramaadha. Dhaabileen gargaarsa miti mootummaa ta'an bal'inaan qooda hin qabani. Haaluma kanaan karaa hirmaannaa hawaasaa fi mootummaa, manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa, paakeejjii fayyaa, gorsitoota ogeeyyii qonnaa fi tajaajilli human ibsaa gandeen aanichaa hunda kan qaqqaban yeroo ta'u rakkoon gama bishaan qulqulluu immoo bal'inaan kan mul'atu dha. Hanga ammaatti hawaasni hedduun bishaan lagarraa waraabee fayyadama. Burqaa bishaanii malee bishaan eelaa kan fayyadamu hinjiru. Hirmaannaan waliin jireenya hawaasummaa bal'ata. Yeroo gaddaas ta'e, gammachuu waliin qooddatu. Hojii humnaa daboon walgargaaru.Yeroo gaa'elaa gumaata walii kennuun walbareechu. Gadda irratti dhiiraafi dhalaan bahani hirmaachuun maatii warra boo'ichaa ni jajjabeessu. Guyyaa ayyaana waggaa akkaataa walittii siqeenya manaafi firoomiin walwaamanii wal affeeruun bashannanu.

Akaakuun nyaataafi dhugaatii aadeffamoo (baramoo) ta'an jiru. Isaan keessaa: buddeena, cumboo, marqaa eelee, qorii, tussoo, shaaregaafi cafaqoon isaan beekamoo dha. Gosootin dhugatiis, farsoo, qunduftii, daadhii (booka) mana dhuunfaattis ta'e mana daldalaatti; kanneen qophaa'anidha. Faayidaa ameessaa kan ta'an, aannan, itittuu, baaduufi dhadhaan ykn cororsaan namoota baay'ee biratti kan jaallatamufi afeerraa guyyaa sirna waan tokko irratti eebbaaf dhihaatu dha. Keessattuu kanneen akka: bookaa, farsoo (biqila) fi aannan jedhaman gaafa eebbaa sirna gaa'elaaf dursa qaba. Baay'inni uummata Aanaa kiiramuu ragaa Waajjira Misoomaafi Maallaqa Dinagdee irraa argameen dhiira 38,690 dhalaa 43,882 waliigala 82,572 akka ta'e ibsameera.

1.1.2. Bakka Naannoon Qorannichaa Itti Argamu

Aanaan kiiramuu Naannoo Oromiyaa, Godina Wallagaa Bahaa, gara kaabaatti daandii guddaa konkolaataa gara naannoo Amaaraatti bishan Murmur (Abbayaa) kutee deemu irratti argamti.



Suuraa 1: Kaartaa Godina Wallagga Bahaa

Madda: Waajjira Lafa Baddiyyaa Aanaa Kiiramuurra

Aanaan kun magaalaa guddoo biyyittii Finfinnee irraa magaalaa Naqamtee keessa darbee yoo deemamu kiiloomeetira 445 fagaatti. Daandiin guddaan Naqamtee kaasee hanga Bureetti Kiloomeetira 250 dheeratu hanga har'aatti haspaaltii ta'uuf karoorfamee kan ture waan hinta'iin jiruuf imaaluuf nuffisiisaadha. Aanan kiiramuu bara 1999 aanaa Giddaa Ayyaanaarraa kan cittedha. Akka bulchiinsa sirna Dargiitti konyaa Horroo Guduruu jala kan turte yoo ta'u; sababa daandii wajjiin walqabateen gara Wallagga Bahaatti daangeessamteetti. Handhuura magaalaa isheerraa kaasuun yeroo ilaalamtu, karaa kaabaa naannoo Amahaara ykn laga Abbayaan, kibbaafi Dhihaan aanaa Giddaa Ayyaanaa, Bahaan aanaa Amahaara, kibba Bahaan aanaa Abee Dongoroofi Jaartee Jaardagaan daangeffamti.



Suuraa 2: Kaartaa Aanaa Kiiramuu

Madda: Waajjira Bulchinsa Aanaa Kiiramuurra

Dabalataanis, waa'ee bakka Gadaa Darrabbaa Fooqaa hundeessuu ilaalchisee yaada maanguddoota armaan gadii irraa waan fudhatame haa ilaallu. Akka Oljirraa Galataa (Abbaa Gadaa Aanaa Kiiramuu) fi Baqqalaa Akkasaa, (19/08/2011) ibsanitti moggaasni Fooqa Darrabbaa jedhamu bara 150 dura Srni Gadaa Horroo Bulluq naannawa kana irraa fagaatee waan jiruu fi tajaajila hawaasaaf kennuu irraatti hanqinni waan mullateef, bakka Darrabbaa jedhamu kanatti muka Baddeessaa laga keessaa muranii bakkaa kana dhaabanii wal ga'uun eebbaa fi maree adda addaa gochuudhaan isa wal dhabe araarsaa akka turanii fi mukichi hordamee dhaabate sun achumaan qabatee muka guddaa ta'ee hanga yoonaatti hawaasicha kan tajaajilaa jiru ta'uufi fooqa Darrabbaa jedhamee moggaaffamuu isaa ibsaniiru.



Suuraa 3: Muka baddeessaa Fooqa Darrabbaa muramee harkaan hordamee dhaabbatee qabate.

Gama birootiin teesssuma lafaafi daangaa lafa Fooqa Darrabbaa kana ilaalchisee,daangaan lafa isaa ganda Tokkummaa Qoqoffee keessatti Gooxii Darrabbaa bakka jedhamutti kan argamu ta'ee daangaan lafa isaas; Lixaan maasaa obbo Zallaqaa Botee,Bahaan lafa waliigalaa Gooxii Darrabbaa,Kibbaan Burqaa Laga Alaltuutti yaa'u, Kaabaan Laga Alaltuu giddutti lafa bal'innisaa hektaara 98.5 ta'u uffisee lafa maasii bal'aa qabu, lafa goodaa ciisaa, kan bu'aa ba'ii hin qabne waan ta'eef Darrabbaa jedhame moggaaffame. Sabaabni isaas mukoota Baddeessaa laga keessaa muramanii dhaabbatan jidduu hulluuquun seera Jaarsummaafi Kakaa rawwataniif Fooqa jedhamuusaa akkasumas, bakka itti sirni kun geggeeffamu Fooqa Darrabbaa jedhamee akka

waamame hubachuun dandaa'ameera. Bakka Fooqni Darrabbaa kun itti argamus Kaartaa Aanaa Kiiramu, Ganda Tokkummaa Qoqoffee keessaa ilaaluun ni dandaa'ama. Haaluma kanaan, Fooqa Darrabbaa jedhamee moggaafamuun tajaajila kennaa jira.



Suuraa 4: Qabiyyee Lafaa Fooqa Darrabbaa

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa akkuma sirna Gadaa kanneen biroo tajaajila uummataaf naannoo sana jiraataniif kennaa jira. Keessuma hawaasa naannoo sana jiraatu walitti bu'insa haala dhokataa ta'een gidduu isaaniitti uumamu araarsuufi yoo wal amanuu baatan ammo waliif kakachuun akka jiraatu gochuu keessattti shoora olaanaa taphata. Kanaafuu uummata oromoo Aanaa kiiramuufi naannooshee jiraatan gama siyaasaa, amantaa, dinagdee fi hawaasummaadhaan jireenyasaanii keessatti tokkummaa fi gamtaasaanii eeggatanii akka waliin jiraataniif gahee guddaa qaba. Akkasumas jiruu fi jiraanya hawaasichaa keessatti sababa garaagaraadhaan adda addummaa yaadaa namoota gidduutti uumamu gadifageenyaan qoratee bifa araarsuun walitti fiduu kan araara didan immoo seera sirna Gadaa Fooqa Darraabaatiin kaksiisuun akka wal-amantaan uumamu gahee inni taphatu xinxaluu fi beeksiisuun gaarii ta'ee argameera.

Kana malees, Fooqa Darrabbaa kun yeroo ammaa kana tajaajila kan kennaa jiru yoo ta'ellee dhaloota boriitiif olkaa'anii daddarbuun wabii amansiisaa hin qabu. Sababni isaas waa'ee qabiyyee kakuu sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa hanga amma yoonaa dubbisetti kan barreeffamee labata dhufuuf ol-kaa'ame hin agarre. Garuu kanneenan hanga yoonaa dubbise keessaa kan itti

dhiyaatu mata-duree ‘’Qaaccessa Gahee Sirna Gadaa soob-calliyaa jaarsummaa Oromoo keessatti/ Aanaa Giddaa Ayyaanaa Ganda Hoomii Ansaaraarratti xiyyeeffate’’qorataa Dajanee (2006) digirii 2ffaaf qorate dubbisuun kaka’umsa na keessatti uumeera. Sirni Gadaa Soob-calliyaa kun sirnoota Gadaa Horroo Bulluq irraa sababa fageenyaan foxxoqanii ijaaramanii uummata tajaajilan keessaa akkuma kan Fooqa Darrabbaa kanaa tokko ta’ee waan tajaajilaa jiruuf dhawaata tokkoon ilaalamu.

Qorannoon Dajanee kun qabiyyee kakuu sirna Gadaa kan jedhurratti waan qoratee kaa’e hinqabu. Qorannicha keessatti yommuun ilaalu jiruu fi jireenya uummatichaa keessatti dhimma ijoo kan ta’e jaarsummaan Oromoo keessatti gahee sirna Gadaa taphatu adda baasuufi ifa gochuunidha. Gama birootiinis, qorannoon kun waayee jaarsummaa Gadaa Soob-calliyaa malee waayee kakuu waan eere tokkollee hinqabu.

Sirna Gadaa soob-calliyaa sun erga waggoota lama sadii as uummaticha keessatti bal’inaan waan haasawamuufi tajaajilli inni kennu babal’ataa waan dhufeef anis kan Fooqa Darrabbaa kana osoon qoradhee uummataaf ol-kaa’ee jedheen haamilee na keessatti uumee ka’umsa qorannoo kanaa naaf ta’eera.

Bu’uuruma kanaan rakkoo barreeffamaan olkaa’amuu dhabuu sirna kakuu Fooqa Darrabaa kana ka’umsa godhachuuudhaan hanqina qorannoon kun qabu furuurratti xiyyeeffadhee qorannoo mata-duree Xiinxala Qabiyyeewwan Kakuu Adeemsa Raawwii Sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa/ Godina Wallagga Bahaa Aanaa kiiramuu irratti kan xiyyeeffate/ jedhu fudhachuun namoota wal-shakkanii jaarsolii sirna Gadaatti dhihaatanii walitti araaramuu didan seera kakuu sirna Gadaa keessatti gaggeeffamu barreeffamatti jijjiiree duudhaa hawaasichaa dhalootaaf dabarsuuf akkasumas meeshaalee aadaa kakuu kan uumamaa fi nam-tolcheetti fayyadamuun kan raawwatan ifa gochuu kan jedhu ka’umsa qorannoo kanaa godheera. Gama birootiin, qorannoon kun aadaafi duudhaa hawaasichi qabu gama kakaatiin maaltu raawwachuu akka qabuufi hinqabne akkasumas, kakaan dura araarri barbaachisaa akka ta’e ibsuun akkaataa itti osoo kakaatti hinseeniin dura araarri araarri raawwatu quba qabsiisuu irratti ka’umsa godhachuudhaan kan gaggeefameedhadha.

Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuuf kan gaggeeffamedha.

Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa;

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuuf jira. Isaanis;

- Sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa keessatti kakuun dhimmoota maal maaliifi akkaataa kam kamiin gaggeeffama?
- Meeshaaleen kakuu sirna kanarratti tajaajilarra oolaa jiran maal maal fa'i? Fakkoommii akkamiin tajaajilaa jiru?
- Gahee afoolli adeemsa raawwii kakuu sirna Fooqa Darrabbaa keessatti qabu maal fa'i?
- Sirni kakuu Fooqa Darrabbaa kun jireenya uummatichaa keessatti faayidaalee maal maalii qaba? Kan jedhan deebisuuf kan geggeefamedha.

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoowwan gooroo fi gooree armaan gadii of keessatti hammatee jira.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sirna kakuu Gadaa Fooqa Darrabbaa xinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii fiixaan baasuuf jira. Isaanis;

- Akkaataafi dhimmoota kakuun Sirna Fooqa Darrabbaa itti gaggeeffamu ibsuu.
- Meeshaalee aadaa sirna kakuu kanarratti tajaajila kennaa jiran fakkoommiifi hasbarruu isaanii waliin ibsuu.
- Gahee afoolli raawwii kakuu sirna Fooqa Darrabbaa keessatti qabu ibsuu.
- Faayidaa kakuun sirna Fooqa Darrabbaa jireenya uummataa keessatti qabu mul'isuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo tokkoo, barbaachisummaa mata-duree qorannichi irratti gaggeeffamuufi odeeffannoo bu'uuraa qorannichaarratti hundaa'a. Kanaafuu barbaachisummaan isaa hawaasichi waa'ee aadaafi duudhaa isaa gadifageenyaan akka beekuuf abbootiin dhimmaa naannoo isaaniitti akkaataa Seera Gadaatiin buluu akka qabaniif osoo fagoo hin deemiin haqa akka argataniif hubannoo kennuufi kanneen biroonis muuxannoo kanatti akka fayyadaman taasisuufidha.

Akkasumas qorattoota biroo kaayyoo garaagaraaf dhimma kana qorachuuf fedhiikan qabanis ni kakaasa. Qorannoon kun qoratamee yoo ol-kaa'ame qorataa biraafis ka'umsaa fi maddaa ragaa dabalataa ni ta'a.Gama birootiinis qaamolee dhimmi kun ilaallatu guddina Sirna Gadaa kanaatiif shoora isaanirraa barbaachisu akka bahan gochuu keessatti gahee mataasaa qaba.

Walumaagalatti hawaasni aanichaa fi naannawaa isaa seera kakuu Fooqa Darrabbaatti gargaaramuun aadaa godhachuu fi wal-amantaa hawaasicha keessatti uumuufi akkasumas baasii mana murtii keessatti ba'u irraa bilisa gochuun yeroo isaanis akka bal'inaan irratti hin gubne taasisuun shoora guddaa qaba.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Kiiramuu, Ganda Tokkummaa Qoqoffee Gooxii Darrabbaa jedhamu keessatti kan gaggeeffamedha. Sababa qorannoo kana bakka kanatti gaggeessuuf murteeffamee daanga'es dur yeroo sirni Gadaa biyya Oromoo keessatti gaggeeffamaa turetti Sirni Gadaa Horroo Bulluq jedhamu uummata Oromoo naannoo kanarraa waan fagaatee jiruuf, irraa foxxoquun erga tajaajila kennaa turee gidduutti badee ykn laafee turee bara 2002 irraa kaasee akka haaraatti aanaa haaraa keessatti kanjalqabe waan ta'eef, sirna kana keessatti qabiyyee kakuu raawwachaa jiran irratti meeshaalee hojiirra oolan, fakkoommii isaanii xiinxaluurratti xiyyeeffata.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun mata-duree, "Xiinxala Adeemsa Rawwii Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa"/Gogina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuurratti kan xiyyeeffate/ jedhu irratti kan gaggeeffamedha. Qorannoo kana jalqabaa hanga xummuraatti gaggeessee rawwachuudhaaf hanqinaaleen armaan gadii na mudatanii jiru. Kanneenis;

- Manneen kitaabaa fi kitaabileen wabii qabiyyee Kakuu kallattiin of keessaa qaban dhabuun odeef kennitoota qofaaratti murtaa'uu.
- Odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan iddattoota bira ga'ee fudhachuudhaaf;
- Yeroo deddeebbii baay'inaan fudhachuu.
- Hojii idilee koo irratti rakkoo uumuu.
- Baadiyyaa keessatti bakka geejjibni hin jirre jiraachuu fi hojiichaaf mijachuu dhiisuu.

- Waantota barreeffamaaf guutuu barbaachisan kanneen akka; Interneetii, ibsaa, fi k.k.f rakkoo cimaa uumuu.
- Hanqina baajataa odeef kennitoota qaqqabuu fi k.k.k.f

Haata'u malee, rakkoowwan kanneeniifi kanneen biroo qoraticha (ana) mudataniyyu tattaaffiin nuffii malee taasiseen qorannoon kun galma ga'uu danda'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'INSA BARRUU

2.1. Yaad-rimee Fookloorii

Fookloorii jechuun maal jechuudha? Deebbiin yeroo addaddaa hayyootaan itti kennamaa ture, walfakkaatamoo addaddaa? Yeroo kana ibsi itti kennamaa jiru bifa attamiidha? Deebbii gaaffilee kanneenii gabaabinaan lafa kaa'anii darbuun salphaa ta'ee mul'achuu danda'a. Sababni isaas akkuma seenaan fookloorii dheeraa ta'e, yaaliin deebii hayyootaas baroota dheeraa darbanii kaasee hanga har'aatti yaada jiddu-galeessa ta'etti fiduuf carraqamaa tureera.Bu'uura kanaan deebii yaada walfakkaatutti utuu hin dhufiin dura hubannoo mataa mataasaanii kennaa turaniiru.

> *"Folklore commonly it's just to some people the term suggests something is untrue, not real-story or an-old fashioned belief. But that is amiss conception some people come to folklore study expecting to learn only about quaint cultures from the past or contemporary cultures of those less educated, less for tenanted and less sophisticated than they are primitive or simple groups. That too, is misconception (Stephens, 1959:1)*

Fookilooriin namoota muraasa biratti waloodhaan akka yaada itti kennametti, waan dhugaa hintaane, seenaa dhara ta'e yookaan ilaalcha yeroon itti darbe/ilaalcha duubatti hafaadha. Ilaalchichi garuu, karaa dogoggoraatiin hubatameet namootni muraasni fookiloorii qorachuuf jedhan ilaalchuma gaariidha jedhamee yaadamu qofa ilaaluun kan ofii dhiisuun yaada dogoggoraati. Ammas yaada nama hinbaranneeti jedhanii kan ofii dhiisanii kan ormaatu gaariidha jedhanii yaaduun akka hintaanetti hubachuudha (Stephens, 1959:1)

Akka ibsa hayyuu kanaatti yaad-rimeen hiikaa fookloorii agarsiisu kennamuuf yaalameera. Kunis, fooklooriin waan tokko ta'ee garuu kan dhugaarratti hin bu'uureffamnedha.kunis waan dhara ta'edha. Gama kaaniin seeneffama ta'uu nimala.Amantaa dulloomaa yeroon itti bari'edha jedhu. Gama biraan immoo yaadni kun hubannoo dogoggoraa qaburraa kan maddee fi seenaa yeroo dheeraa namoota hin barannerraa beekumsa daddarbaa turee argamee ta'uu ni dubbatu. Namootni muraasni gara qorannoo fookloorii yeroo dhufan kan duraan hin amaleeffamiin waan haarawaa bira ga'uuf kan abdii godhatan irraa madde.

Jaarraa dheeraa duuba jiru sana keessa garee muraasaan qofaan hundaa'ee, haala mijaawaa hintaane keessatti aadaan hawaasaa xiqqaa hin taanee ulfaataa fi walxaxaa ta'e kan irraa baramedha.

Kanaafuu jechi duraa dogoggoradha jechuun ibsa. Falaasamni hayyuu armaan olitti kenname kun qorannoo fookloorii yeroo ammaa kana bira ga'ame waliin waldhiita. Haata'u malee hubannoo hayoota bara sanaa keessatti bifa sanaan ibsamuuf yaalamuun isaa haqa hin haalamnedha. Yaadichi akka ka'umsaatti qorattoota fookloorii yeroo amma hojiitti galchuuf yaaleera ta'a.kunis adeemsa hojii qorannoo keessatti deeggeruu, fooyyeessuufi qeequu isa jedhu kan dhugoomsu ta'uutu hubatama.

Martha C. Sims (2005:3) Richard Dorson, (1969) wabeeffachuun fookloorii qo'annaa kan biroo bifa xin-madda hawaasaa ykn ogummaa og-barruu qofaa taasisee kan ibsu miti jechuun yeroo hiiku,

> *Folklore is not just another form of anthropology or literary study. The study of folklore touches on every dimension of human experience and artistic expression it has grown out of the study of literature has roots in anthropology and contains elements of psychology and sociology. In many ways it is the study of culture visual and performing arts sculpture, architecture, music, theater, literature, linguistics, and history, rolled in to one. The discipline of folklore has evolved in to a way of thinking about how people, learn, share, knowledge and from their identify Studing how we communicate, and make meaning.*

Fooklooriin qo'annoo bifa xin-madda hawaasa kan biro ykn og-barruu qofaa kan agarsiisu miti. Qo'annoo muuxannoo namootaa fi ibsa ogummaa kamiyyuu kallatti addaddaan kan tuqudha. Qo'annoo og-barruun alatti dagaagee, xin-madda hawaasa keessatti hundee qabaachuun, xinsammuu fi xinhawaasa kan hammatudha. Kallatti hedduun immoo qo'annoo, aadaa, dalagaa ogummaa, bocawwan ogummaa ijaarsawwanii, faaruwwan agarsiisa, og-barruu, xinqooqa fi seenaawwan walitti makee ilaala. Fooklooriin kallatti yaada namootaa, akkamiin akka baratan, akkamiin akka itti beekumsa waliif qoodan, beekumsaafi eenyummaa akka ittiin ijaarratanillee kan hubachiisudha.

Walumaagalatti, akka yaada hayyoota kanaatti qo'annoon fookloorii akkaataa yaadumsa hawaasaa, akkaata qunnamtii ykln hariiroo isaa fi akkamitti akka ilaalan kan qo'atu ta'uu ibsaniiru. Maalummaa fookloorii hayyootni yeroo garaagaraa qorannoo taasisanii argannoo bar asana ibsaniin hiikaan itti kennameera.

> *First of all the term implies atrans generational concept, meaning that folklore cannot be folklore until it has been in the oral traditional quite some time. Thus the beginning of particular item of folklore, whether it be the introduction of the*

> *story, or the resynthesis of existing beliefs, is ignored. In periods of rapid social change, as exemplified by revitalization movements, the myths, legends, stories and other items of folklore are often created or revised. These can be transmitted quickly throughout the culture, by word of mouth in the same manner as folklore is passed from generation to generation Archer Tylor (1971:234)*

Yaada hayyuu kanaa Afaan Oromootti yoo jijjiirru, fooklooriin haasawaan daddarbaa yeroo dheeraaf yoo turee malee, fooklоorii jedhamuu hin qabu. Turtii daangeeffame tokko keessa utuu hin ce'iin gonkumaa fooklоorii hin jedhamu. Yaadiddamaa fooklooriis ta'e, walsimannaa amantaalee keessatti jijjiirama hawaasaa yeroo ariifachiisaa keessatti mal'isee, akka fakkeenyaattii fudhatama sochiile dugda duubaa deebinee yaadnuun kan madaalamudha. Jalqabbiinsaa walbarsiisaa deemuudha.Amantaaleen darbaadabarsaa, afseenaan, raagoowwanii fi kanneen biroon fooklоorii uumuu danda'u.Oguummaan aadaa irratti hundaa'e utuu gargar hin ba'iin dhalootaa dhalootatti darba jechuudhaan ibsama.

> Gama biraatiin, Nagaash (2015;9) Dundes (1965:243) wabeeffachuun waayee fookiloorii akka ibsetti, "*Folklore is used to explain the movement to adherents to justify new forms belief andaction. To fortify the newly formed tents.In some ways these latter operations however, lies in the fact that in period of rapid social change, folklore can be seen as an agent for change in the it provides as unction and rationale for change,"* jedheera.

Yaanni kunis, fooklоorii sochii yaada haarawaa bu'uurfatee amantaalee fi gochawwan walqabatanii adeemuu isaanii kan raggaasisudha. Kanneen biroon haaraa kalaqamanis, walitti hidhama qabaachuu isaanii beekuuf kan gargaaru ta'ee, qaqqajeelchuus ni danda'a. Gama biraatiin raawwii hedduutu fooklоorii keessatti argama. Kanneen keessa gariin isaanii hawaasaa yeroo gabaabaa keessatti jijjiirama saffisaa argamsiisudha. Kanaafuu fooklоorii akka bakka bu'ee waan tokkotti fudhachuun ni danda'ama. Kunis kan ta'uu danda'u gumaachaa fi quuqama hawaasichi jijjiiramaaf qabu irratti hundaa'eeti jedhu.

Ben-Amos (1957:163) yeroo ibsu,akka xinxaltootni hubachiisanii fi beekamti kennanitti bifoonni fooklooriin ittiin ibsaman mallattoo hiikawwan aadaa hawaasaa ofkeessaa qabaachuudhaanidha. Akka yaada waraabbichaatti barreeffamootni hundi marfamoo bilchina yaadaa fi gochaawwan hawaasummaatiin wal qunnamtii uumanii argamuun alatti hiika qarmatti jechoota aadaati.qorannoowwan madda sirrii fi Odeeffannoo aadaarraa argaman gochaalee isaan guddina hawaasaa fi barreeffamoota keessatti qaban bakka guddaadha. Sababni isaas isaan mallattoolee aangoo siyaasaa fi seenaa dhugaa hawaasaa kan agarsiisudha. Himamsoonni tokko, tokko

kanneen akka hibboo fi mammaaksa nama bashannansiissu. Kanneen biroon immoo fakkoomii miira dhugaa waan namatti agarsiisaniif ga'umsi tasgabbeessuu ykn kakaasuusaanii guddaadha.

(Dundes.A.1965:245) fookloorii jechoota dachaa lamarraa akka dhufe ibseera. Inni duraa "Folk" kan jedhu garee namootaa kan waliin beekumsa ykn ogummaa tokko "Lore"kan jedhu qabanidha. Garee namoota kamiyyuu; yoo xiqqaate waliin waan tokko hirmaatanidha. Innis miira tokkummaa isaan qaban kan agarsiisu ta'uu qaba. Miirri eenyumma akkasii kun immoo dhimma hawaasaa waan beekamaa ta'e tokko irratti kan hunda'e ta'uuti irra jira. Isaanis kanneen akka sanyii, hojii, firooma, amantaa, koorniyaa, umuriifaadha. Bifootaa fookloorriif fakkeenya kan ta'an himeewwan, aadaa, durdurii,sheekkoo hawaasaa, qirixxee (baacoo) hibboo, sirba eebba, abaarsa, waadaa, jechama, gowwomsuu,hasawaa nama kofalchiisan, jechoota dinqisiisoo, jechoota nama dogoggarsan, nagaa wal gaafannaa fi ergaa walii dabarsuufaadha. Kanamalees, fookloriin waa'ee ogummaa hawaasaa akka dabalatu ibseera."It also includes folk costume, folk dance, folk drama, folk art folk belief, folk medicine, folk instrumental music, folk songs, folk speech, folk smiles, folk metaphors, names, folk poetry …."Haala kanaan fookloriin aadaa uummataa, sirba uummataa, dowwii kalaqa ogummaa uummataa, qoricha aadaa, meeshaalee muuziqaa, aadaa uummataa, qorannaa uummataa, faaruulee, akkeessuu, bakka bu'eewwan maqaalee fi walaloowwan uummataa of keessatti qabata.

2.1.1 Gosoota Fookiloorii

Gosoota Fookloorii gosa gosaan qoodamee ilaalama. Isaan kunis fayyuma utuu hin ta'iin waan bu'uurfate akka qabu hayyoonni ni kaasu. Stehpens (1959:12), Barre Toelken, wabeeffachuun akkuma qaamni guddaan waan tokko dameewwan xixiqqaa kanneen birootti qoqqoodamuu danda'a jedha. Qooddiin gosoota fookloorii kunis argannoo hayyootni yeroo garaagaraa qorannoo taasisan irratti hundaa'ee bifa tokko qabaachuu dhiisuu danda'a.

> "*Folklore can be categorized in many ways. Based on its particular characteristics and how it are expressed. Three broad categories often used to describedfolklore are verbal and customary within these genres, there are numerous types or subtypes of lore."*

Akka yaada hayyuu kanaatti, "Fookilooriin karaalee hedduudhaan qoqqoodamuu nidanda'a. kunis kan ta'uu danda'u amalaa fi akkaataa isaan itti ibsamanirratti bu'uurfateeti. Dameen gurguddoo sadii yeroo baay'ee qoodama isaa ibsuu danda'u.isaanis: fookloorii ogafaanii,

fookloorii meeshaa fi fookloorii tajaajilaa ykn fayyadamtootaati.” Akka yaada hayyuu kanaatti, fookllooriin meeshaa kanneen akka kalaqa ogummaan hojjetamanii akka dhaabbataatti tajaajilanii, argamuu qabamuu, nyaatamuu ykn jiraachuu danda’an kan hammatudha. Fookllooriin ogafaanii duudhaa hawaasa jechuu irraa eegalee hanga olaanaatti kan hammatudha. Fookllooriin gochaalee fayyadamtootni yeroo mara irra deddeebbiin amaleeffatnoon kan taawwatan ilaallata,(customary lore) jechuun ibsameera.

Haaluma kanaan Dorson (1972:230) gosoota fookloorii bakka afuritti qoode ibsee jira.Akka ibsa hayyuu kanaatti qoqqooddiin kunis akkaataa qo’annaa hojii fookloorii fi tolutti yaadameeti.

Fookloorii gosa gosaan hiranii ilaaluun gad fageenyaan hubatamee akka baramuuf yaadameeti. Adeemsii akkasiis, akkuma ogeessi fayyaa qaamolee namaa kutaa, kutaan hire qo’atu, isa kanas gareen seecca’anii ibsuun bu’a qabeessadha jedha. Isaanis: Duudhaa hawaasaa (folk-custom), Afoola (oral literature), Meeshaalee aadafi (material culture) Ogummaa hawaasaadha (folk-art).

Itti dabalees, Asaffaan (1995:17) namoota Stewart and Glynm (1985:66) wabeeffachuun, aadaan haala jiruu fi jireenya uummataati. Kan inni of keessatti hammatus gosoota hedduudha. Isaanis sonawwan yaada waliigaltee, amalaa fi kanneen akka faayidaalee, amantaawwan, seerota naamusaa, ejjennoo siyaasaa, sochii dinagdee fi kkf yemmuu ta’an isaan kunnin immoo barumsaan dhalootaa dhalootatti darbuu danda’u jedha.

Akka Dorson (1959:234) ibsettis Gosoota fookloorii gurguddoon kanneen biro xixiqqoo of keessaa qabu. Kanneen akka gumgummii, hamii, Odeeffannoo, afseenawwan, amantaalee dhuunfaa fi kanneen biroon gosa fookloorii og-afaaniin darban keessatti hammatamu.isaanis karaa aadaa hawaasaa atattamaan haala walfakkaatuun akka fookloorii dhalootaatti darbaa jiru jedha.

Akka qorannoo (Archer Tylor 1971:237) jedhanitti fookllooriin gosa lameenuu afaaniffaa fi barreeffama hammata. Wanta ogafaaniin darbu yeroo jedhu barreeffames ni dabalata. Jechi haasawaa kan mul’isu, lamaansaanii afaaniffaa fi barreeffamadha. Sochii dubbii afaaniffaa keessatti ergaan qaama hooggantootaarraa darbu, yeroo tokko tokko barreeffama wajjin walunatee adeema.

Kunis qaama hojii amantaalee waliin mul'ata.Bakka ergaan ifaa ta'ee afaaniffaan hin argamnetti barruun hojiirra oola. Haata'u malee ergaan amantaawwanii irra caalaa itti fufsiisan afaaniffarraa barreeffamaan tamsa'aa turan keessattuu akka hawaawaa warra biyyoota dhihaatti fooklooriin darbuu kan danda'uu karaa jecha barreeffamaanidha. Kanaafuu giddu galeessummaatiin hojii fookloorii yeroo ariifachiisaa keessatti jijjiiramoota hawaasummaa gosa, gosaan akka fakkii ibsutti kan fudhachiise sochii keessa deebiidhaan itti fayyadamuuti jedha.

2.1.1.1 Duudhaalee Hawaasaa

Hawaasni of beeku tokko wantoota eenyummaa isaa ibsuu danda'an sirriitti hubachu qaba. (Leellisaan bara 6413(LW):3yeroo waa'ee eenyummaa hawaasaa ibsu;

> *Eenyummaan kan keessatti hammatu, qooqa (afaan), aadaa, duudhaa, seenaa, naannoo jireenyaa (biyya) bifa qaama, ijaarsa ykn dhaabinsa qaamaa, ilaalcha, uumaa- uumamaaf qabuu fi ejjennoo qorqalbii kkf. Eenyummaan saba tokkoof bu'uura jireenyaa fi wiirtuu tokkommaati. Kanaaf, sabni tokko eenyummaa isaa mararfata, tikfata, kunuunfata, guddifata.*

Akkaata warabbii hayyuu kanaatti namni eenyummaa ofii beekuu, wantoota eenyummaa agarsiisuu danda'an hunda qalbifatee baruun isaa hin rakkisu. Namni nama jedhee of fudhatee tokko ulaaga ibsituu eenyummaa beekuu qaba. Isaan immoo walitti dhufanii saba tokko ibsu. Bu'uurri jireenyaa fi tokkummaa, hawaasa biyya tokko qaba jedhee ibsachuu danda'uuf maddisaa eenyummaa akka ta'e ibsameera.gama biraatiin hawaasni eenyummaa isaa eeggate hin beekne harka ormaa jalatti salphaatti kufa. Mirgi ormi namaaf kennu immoo faayida wajjin yoo walqabate qofa. Yeroo faayidaan citu mirgi ormi namaaf kennus nicita. Oromoon yeroo mammaaku "Alanfadhu, alanfadhuut gara fira keetti garagalii liqimsi" jedha.Alagaan waan ati nyaattee liqimsitu yoo arge itti hin gammadu. Nyaatni sunis kan namaaf sifu utuu hin ta'iin kan nama hudhuu ta'uu danda'a. Firri immii waan gaarii mara waliif hawwa. Waliif gammada, gadda waliif ni quuqama, iyya waliif birmata.

Duudhaan hawaasa tokko keessatti amaloota waliin qooddatan kan ibsuu danda'udha. Garee hawaasa tokko isa biroorraa adda baasa. Meeshaalee hawaasichi itti gargaaramuu fi akkaataa ittiin raawwisaa ni ibsa. Dhuudhaan namoota walitti fidee garee uuma. Gareewwan kunniin beekumsa waliin horatan gara dhaloota itti aanutti ceesisuun irraa eegama. Adeemsi akkasii kun immoo barsiifata hawaasa keessatti ilaalama. Duudhaanhawaasa amantaalee, dhugeeffannoowwan, amaleeffannaawwanii fi kanneen biro of jalatti qabaachuu mala. Isaan

kunis adeemsaawwan (sirna) raawwii mataa, mataasaanii kan qaban ta'ee yeroo fi bakka qabu. Achi keessatti calaqqee ilaalcha dhuunfatu (self image) bal'inaan ibsamee kan gareen waamama. Amalli hurruubummaas yeroo itti mul'atu qaba. Kanaafuu duudhaan hawaasa adeemsa mataa isaa keessatti kan abboomamudha jechuu dandeenya.

Dabalataanis barsiifatni hawaasaa kan gareen saba tokkoo waliin qooddatu ta'uu isaa (Sin) and Stephens.2005:3) ibsaniiru.

> *Tradition is simply the sharing of something of cultural significance from group member. Something that creates and confirm identify. The act of storytelling and the way that stories and storytelling come to be meaningful within a group all matter when talk about tradition. It is sense of continuity and of shared material, customs and verbal expressions that continues to be practiced within and among certain groups.*

Duudhaan saba tokko keessatti kan gareen hawaasa tokkoo, garee kan biroof aadaa bu'a qabeessa ta'e ittiin waliif qoodanidha. Innis eenyummaa saba sanaa ittiin cimsachuuf kan gargaaru ta'uu qaba. Haala itiin seeneffamni tokko dhihaatu keessatti dhaamsi isaa hubatamuu akka danda'u kan agarsiisudha. Itti fufeenya qabaatee, walii qoodinsa (dabarsa) wantoota adda addaa keessatti shaakalliin ibsa afaaniffaa kan irratti mul'atudha. Haalli kun yeroo xiinxalamu, barsiifatni mallattoo aadaa tokko ittiin waliif qoodanidha (Sins and Stephens, 2005:3).

Akka yaada hayyoota kanaatti, duudhaan waan ittiin namootni ofitti amantaa qabaatan isaan keessatti uuma. Adeemsi sirna darbinsa duudha hawaasaa yeroo tokko qofa ta'ee; kan dhaabatu, utuu hin taa'iin yeroodhaa yerootti gulantaa garaagaraarratti kan of mul'isudha. Innis guddina sadarkaa ilmaan namootaa eegee kan adeemuu ta'uuti xiinxalame."The pattern of rites of passage appears one again and the necessity of studying rites in their order is strikingly underlined.''(Gennep van 1960:116). Kunis utuu waliirraa hin citiin sadarkaan deddeebi'ee kan dhufuufi tartiibni darbinsa isaanii qaacceffamee qo'atamuu kan qabudha. Duudhaaleen hawaasa garee tokkoo, barsiifata hawaasaan sirna horatee dhalootaa, dhalootatti walitti fufeenyaan daddarbuu kan danda'udha. Kanaafuu, barsiifatni hawaasaa maalidha? Kan jedhuuf deebii hayyootaan yeroo kennamuu;

- Both the lore use share and the process by which we share it.
- Something that creates and confirms identify.
- Something that the group identifies as a tradition. (Sims and Stephens:2005:66

Yaad-rimeen kenname kanarraa kan hubatamuu danda'u;

- barsiifatni beekumsa hawaasaa fi adeemsa ittiin inni qoodamu hunda hammata.
- Waan tokko kan eenyummaa cimsuufi kalaqudha.
- Kun immoo waan, ittiin gareen barsiifatasaa adda baasudha, jechuun ibsu.

Sirni Gadaa jiruufi jireenya uummata Oromoo kan of keessatti hammatudha.Kanaafuu, gama amantii, hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaatiin kan uummata Oromoo ittiin gaggeessuudha. Dhimma kana Asmaroom(1973:8) akka ibsutti, "The Gada System is a system of classes(luba) that succeed each other every eight years in assuming military, economic, political and ritual responsibilities,'' jedha. Haaluma kanaan, siyaas- diinagdee, humna ittisaa fi amantaa uummataa kan ittiin gageessuu ta'uu ibsee jira.

Aadaan uummata tokkoo dhalootaa dhalootatti kan ce'u waan ta'eef qaama jireenya hawaasichaa kamiyyuu gaddas ta'e gamamachuu akkasumas waantota hawaasicha keessatti mul'atan mara akka galaanaa kan baatee deemudha. Kana ilaalchisee Kothari (2004:15), aadaan hawaasaa dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaa ibsee jira.

Dabalataanis, hawaasichi mudannoo jiruufi jireenya keessatti isa mudatan to'achuudhaafis seera bulmaataa kan mataa isaa qaba. Seera kanas kan tumatu hawaasichuma dha. Yaada kana Dirribiin (2012:312), akka ibsetti,''Seera kan tumus kan ittiin bulus uummatuma, "jedha. Kana irraas kan hubatamu, uummatichi seera bulmaataa kan isaaf ta'u ofiin tumatee gaggeessitoota ofiin filatee kennachuudhaan akka isaan ittiin hawaasicha gaggeessan gochuun isaa mallattoo sirnichi dimookiratawaa taasisudha.

Haala jiruufi jireenya uummmata Oromoofi sirna Gadaa adda baasanii ilaaluun rakkisaadha. Sababni isaas haalli jiruufi jireenya uummata oromoo sirna Gadaatiin kan gaggeeffamu waan ta'eefidha. Kanaafuu uummanni oromoo sirna bulchiinsa gaarii kan ta'e sirna Gadaa kana akkaatuma daangaa babal'ifataa deemeen wiirtuu sirna Gadaa isaas babal'ifataa deemuu isaa ragaa baha. Dhimma kanas Alamayyoo (2007:277) akka ibsetti, "Macci gurmaa'inaa fi hojii bulchiinsaaf Odaan Nabee waan irraa fagaateef Odaa Bisil haaromsuun wiirtuu siyaasa isaa godhate," jedha. Kana irraas kan hubatamu daangaan qubannaa sabichaa yemmuu babal'achaa deemu tajaajila bulchiinsaaf akka mijatuuf bakka itti tajaajlia bulchiinsaa argatu kana illee ofitti dhiyeeffachaa kan deemu ta'uu isaati.

Kanuma bu'uureffachuudhaan, sabni Oromoo Aanaa Kiiramuus, Odaa Bisil kana irraa fagaatee waan deemeef tajaajila barbaachisu dhiyootti argachuudhaaf akka furmaataatii kan filatamu sirna Gadaa kana of biratti hundeeffachuu waan ta'eef bakka itti dhyaatetti sirna Gadaa Fooqa Darrabaa kana hundeeffatee itti tajaajilamaa jira.

Hundeen Gadaa Fooqa Darrabaa kunis ragaa barreeffamaan kan hin maxxanfamne Waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanaa Kiiramuu fi jaarsoliin aanichaa tokko tokko wabeeffachuudhaaan akka ibsanitti bara durii Gadaa Horroo Bulluq irraa fottoqee akka dhufee fi bakka Kora Goobuu jedhamu Aanaa Giddaa Ayyaanaa keessa qubatee erga turee booda bakka jahatti kan qoodame hanga ammaatti ittiin tajaajilamaa jiru ta'uu ibsu.

Bakki jahan(6) Gadaan kun itti qubachuun itti tajaajilanis Nafuroo bakka jedhamuutti Aanaa Amuruu keessa, bakka Dhahee jedhamu Aanaa Giddaa Ayyaanaa keessa, bakka Leemmattii jedhamu Aanaa Limmuu keessa, bakka Dilalloo jedhamu Aanaa Eebantuu keesssa, bakka Soob-calliyaa jedhamu Calliya keessaa fi bakka Darrabbaa jedhamu Aanaa Kiiramuu keessa sirnoota Gadaa Kora Goobuu irraa fudhatanii akka isaan hundeessan dubbatama. Haaluma kanaan bakki Fooqa Darrabbaa jedhamtu kun kan hundeeffamtee hojii uummatichaa kan hojjechaa jirtu ta'uu ragaan Waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanichaa ni ibsa.

Akka Nagaasoonis (2001:151) jedhetti'', Each Gada or Period had a group of people or an organizational net work''. Yaadni kunis sirna Gadaa caasaa fi qindoomina mataa isaa kan qabu ta'uu hubachiisa. Akkasumas Gadaan sirna Oromoo ittiin wal bulchu kan biyya ittiin eegan, mirga uummataa ittiin kabachiisanii fi heeraan ittiin bulanidha. Kan malees Mangashaan(1998:8),'' The Gada system has lead the social, cultural, religious, political and economical life of the Oromo people'' jedhee hiika yaada Mangashaa irraa ka'uudhaan sirni Gadaa Oromoo haala jiruu fi jireenya saba Oromoo kallattii hundaan bifa dimookirataawaa ta'een kan gaggeessudha. Kunis sabni Oromoo hundi kan waliin qooddatan ta'uu ni ibsa.

Jabeessaan (1995) akka ibsetti seerri Oromoon ittiin wal bulchaa ture seera namummaa, seera bulchiinsaa, seera qabeenyaa, seera yakkaa akka ta'an addeesseera.kana irraa kan hubatamu kakuun abboommiiwwaan uummata Oromoo, Oromoon cabsuu hin qabnedha.

Haala uummanni Oromoo ittiin wal gaggeessaa ture, Ayalew(2005), akka ibsutti bulchiinsi Oromoo mukoota gurguddoo jala marga lalisaa irraa taa'ee akka aadaa isaatti seera tumatee

nama seericha cabsee yakka adda adda hojjete seera kakuu sirna Gadaa Oromootti wal kaksiifatee ittiin wal amanee wal gaggeessaa akka ture ibseera. Sirni Gadaa eenyumaa fi aadaa uummata Oromoo Addunyaa guutuudhaaf fakkeenya ta'uun tajaajila. Dirribiin (2012:21), sirni Gadaa kan beektonni dame ogummaa garaa garaa ta'an dinqisiifatan ta'uu raga baha. Waa'ee Sirni Gadaa Jeylan (2005:51), yommuu ibsu. '' The Gada System is special Political and Social organization of the Oromo people and has its origin in the age system of the Horn of Africa,'' jechuun ibsee jira. Kana irraa kan hubatamu Sirni Gadaa dhaaba siyaasaa fi hawaasaa kan uummanni Oromoo akkaataa umurii isaatiin wal gaggeessaa ture ta'uu isaati. Dabalataan Warqinaan (2008:20-21) akka ibsetti, "Sirni Gadaa bulchiinsa raajii kan uummatni gurraachi uume, Sirni kun uummata Oromoo qofaa osoo hinta'iin uummattoota gurraacha hundaa ni boonsa,'' jechuun ibsee jira.

2.1.1.1.1 Maalummaa Kakuu/oath/

Maalummaa kakuu liaalchisee hayyoonni qorannoo hanga kanaa gaggeessan jiraachuu baatus, akka hiika galmee jechootaa afaan ingiliziitti/English dictionary/

Oath is;

- *A solemn promise often invoking a divine witness regarding one's future action or behavior.*
- *A solemn promise to tell the truth or do specific thing.*
- *A solemn attestation of the truth of one's words or the sincerity of one's intention specifically. One accompanied by calling up on a deity as witness.*

Akka hiika galmee jechootaa kanaatti A/oromootti yoo hiikamu kakuu jechuun

- Waadaa kabajamaa yaada dhugaa ta'e tokko hojjechuuf raawwatamu.
- Gocha murtaa'e kan dhugaa tokko raawwachuuf waadaa kabajamaa galuu yaada jedhu of keessa qaba. Kakuun waan tokko raawwachuu ykn raawwachuu dhiisuu kan ittiin dhugaa bahan akka ta'e hiika armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama. Yaadolee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amuttis kakuun namni tokko ykn tokkoo olta'anii gocha tokko raawwachuu isaanii ykn immoo kan hin raawwatne ta'uu isaani kan ittiin waaqa uumaa isaanii waamuudhaan dhugaa bahuun mirkaneessan akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

2.1.1.1.2. Kakuufi Ilaalcha Oromoo

Ilaalcha Oromoon kakuuf qabu ilaalchisee, (Leellisaa Zamaduu 2015:230-231) Yeroo namni tokko maaloonan miidhame, namatu dhoksaatti na hate, na reebe, qabeenya koo balleessee, naaf abaaraa yoo jedhee himate hin abaaran. Afaanuma gaariin namni badii kana goote mul'adhu, dubbadhu jedhu malee afaan isaanii malkaa irratti hamaa hin dubbatan.Namni badii godhe yoo achi jiraatee fi firri isaa yoo jiraate ofumaan badiin qaba, gumaan baasa jedhee akka himatu ibseera. Kunis kan nu hubachiisuu uummatni Oromoo osoo wal hin hubachiisin wal kaksiisuutti akka hin gamne mul'isa jechuudha.

Akka Dirribii Damussee(2012) ibsetti immoo, Cittuu lafaa fi muka Xaaxessaa jedhamu jala dhaabatee jaamaa, naafa, jaarsa dhaabataa, beera kalaalee waamee, mutaa, gubaa, uraa, eeboo fi daaraa qabachiisee, kallacha fuulduratti aantee isaa keessaa nama tokko kan inni kakatu sun caalaatti ni jaallata jedhamuu waliin, yoo sobee uraan waaqa, gubaan, mutaan, eeboon, ibiddi waaqaa natti haa dhufu jedhanii kakatu. Namichi waliin kakatu sun luka namicha shakkamee jedhama.Luka malee kakuun hin jiru. Waaqeffataan ammo mucaa ofii ykn haadha ofii waliin sobaan hin kakatu jedheera. Kanas mammaaksa, Dirribii,(2012:68), "Saala lafa, Dhugaa Waaqa hin dhoksan," jechuun cimsee barreesseera. Yaada kanas yoo xiinxallu, Oromoon yeroo baay'ee waan soba ta'etti akka hin kakatne, yoo kakachuun murteessaa ta'es meeshaalee baay'ee sodaachisoo ta'aniin akka kakatu, nama jaallatu kan akka mucaa ykn haadha isaa waliin akka kakatu waan taasisamuuf kakuun akka laayyootti kan hin ilaalamne ta'uu isaa nu hubachiisa.

2.1.1.2 Afoola

Afoolli akaakuu hedduu ofkeessa qaba. Isaanis: dameewwan garaagaraatti qoodamanii ibsamu. "*Genres are often divided into sub-genres poetry. Drama and prose. Poetry may then be subdivided in to epic, lyric, and dramatic, subdivisions of drama include fore most comedy and tragedy, while e.g. comedy itself has subgenres, including force, comedy of manners, burlesque and setter''* Gosa afoola bal'aa ta'ee keessaa dame xiqqaan kan biroon ni uumamu. Isaanis bifa walaloo, hololoo fi diraamaan ibsamu.walaloon damee faaruu fi sirbaa ykn dame faaruu boo'ichaa fi damee weeshootiin dhihaachuu danda'a. Dameendiraamaa (weeshoo) kutaa nama gammachiisuu fi gaddisiisu qaba. Kutaan nama gammachiisanis walaloo yeroo rakkoo nama irraanfachiisan, barruu gaggabaaboo nama kofalchiisaniifi cigoo adda addaa qabu *(H.W.Wells,1926:20).*

Bu'uura kanaan afoolli kutaalee fedhii hawaasaa waliin walsimachuu danda'an dame haalarratti hundaa'e dhihaatu qaba jechuudha. Kun immoo afoolli yoomessa sirri akka qabatee ibsamuu danda'u nama hubachiisa. Gama biraatiin afoolli yoomeessaan ala hin jiraatu jechuudha.Haala kanaan hawaasni akkuma aadaa mataa- mataasaatti afoolawwan kallattii adda addaan dhihaatan qaba jechuudha.Alex olrik. 1921:1 waa'ee seeneffamaa afaanii yeroo ibsu, "*Narrative in the broadest sense of the word designates a report of on event that is passed along by word of mouth without the informants, being able to check its origin or its previous authorities".*

Yaadichi bal'inaan yoo ilaalamu, seenessuun gabaasa gochaalee achii as afaaniffaan odeeffannaa tokko malee darbaa dhufedha. Innis, kaatee (dhuftee) seenaa isaa baruu fi aanga'oota bara darbanii kan ittiin mirkaneffatudha.Ooltee, bultee hawaasa wajjin waan walqabatuuf ofumaan barama jechuun ibsa. Waa'ee maalumma afoolaa yeroo ibsu, Melakneh (2006:11) og-afaan kan dhalli namaa afaniffaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufedha. Afoollan kunnunis wantoota hedduu ofkeessatti hammatu.Isaan keessaa muraasni, afseenaa, durdurii, mammaaksa, hibboo, raagamtaa, qoosaa, daa'imman uruursuu, sirbootaa fi afwalaloowwanfaadha. Afoolli hojii kalaqa hawaasaa darbaa dhufaa ta'ee, miidhaginaan kan gonfamedha. Bifa walaloonis ta'e, hololoon dhihaachuu kan danda'udha jedha.

Dastaan (2002:59) Afoolli eenyumma saba tokkoo kanneen ibsan keessaa tokkodha. Sabni tokko maalummaan isaa afoola qabuun calaqqisa jechuudha. Qorannoon afoolaa ardii afrikaa keessatti akka lakkoofsa warra Awurooppaatti jaarraa 19ffaa keessa jalqabuusaa Finnegan (1976:27) ibsiteetti. Afoolli akka barruuwwan ykn seenaawwan kanneen biro nama dhunfaan hin waamamu.Garee hawaasa tokkoon waamama jetti. Afoolli damee fookloorii keessaa tokko ta'uu (Fiqaadeen: 1991) ibseera. Duudhaan hawaasaa fi afoolli immoo firiwwaan fooklooriin keessaa qabudha. Afaanis aadaa mataa isaa ibsa. Hayyuun Hoijer(1954:11) "the instrumental of language is the very important thing'' jedha. Afaan amala meeshummaa qaba. Dhalli namaa kan ittiin ergaa waliif dabarsudha. Haala kanaanafaan dameewwan fooklooriinqabu kanneen akka afoolaa, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaa fi ogummaa uummataa keessaa, afoola jalatti ibsamanii faayida guddaa kan qabanidha.

Dorson(1972:2) yoo ibsu,*"The matters that occupy the student of folklore and folk life may be placed under four large groupings. One of these sectors is oral literature, sometimes called verbal of expressive art.''* Hayyuun kun fookloorii bakka gurguddoo afuritti qooduun isaa

kaasameera. Kanneen keessaa dameen inni tokko afooladha. Afoollis damee mataasaa danda'e ta'ee kutaa og-barruu og-afaaniin dhalootaa, dhalootatti darbaa dhufe ni hammata. Okopewho (1999:78) bakka gurguddoo sadiitti ogafaan hiree ibse. Isaanis: Hololoo (prose Narrativ es), Afoola unkaa gaggabaaboo (witticism) fi Walaloo (oral poetry) jedhamu.

Akka ibsa hayyuu kanaatti seeneffamni hololoo yaada dhangala'aa tartiiba gochaa qabatee yoomeessaan ibsamudha.Bifa keeyyata dheeraan ibsamuu danda'a.xumurrii bo'oo himoota mana rukutuuf hin dirqaman. "Three *major prose narrative categories regularly distinguished by folklorist are Myth legend, and tale''.*

"Hololoon damee sadii qaba. Isaanis: raagamtaa, afseenaafi durduriidha," (*Elliott oring, 1986: 127-130).* Isaan kun caacculee xixiqoo hedduu ofjalatti akka qaban ibsameera. Afwalaloon amala muuziqaa qabaatee yeroo baay'ee immoo rukuttaa manaan hordofama. Miira nama ogbarruu kam caalaayyuu sochoo'uuf humna guddaa qaba. Aartii jechootaatti fayyadamuudhaan yaada tokkoof suuraa kaasuun gammachiisuu ykn gaddisiisuu, danda'udha. Miidhagina guddaa gonfatee argama.

Afoolli himamsa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa dhufedha. Afoola Gemeda (2007:79), "Oral Literature as the reflection of human intellect takes place in the complex social situations, which need to disconcerned," jechuun ibsee jira. Kana irraa ka'uudhaan, afoolli daawwiitii jiruu fi jireenya uummata keenyaa waan ta'eef isa irra dhaabbatanii kan gara fuuldurraatti raajuudhaaf illee karaa kan banu ta'a jedheen amana.

Afoolli meeshaa guddaa bara umurii isaa tilmaamuuf illee kan ulfaatudha. Asaffaa (2009:20), Ilmaan namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura og-afaan, fakkiifi bocaan yaada isaa ofiin ibsaa ture.'' Kunis kan hubachiisu, afoolli umurii itti dhalli namaa addunyaa kanatti dhufeen kan wal gituu danda'u ta'uu hubachiisa.

Akkasumas, afoola Jeylan (2005:23) yemmuu ibsu'' The Oromo are the largest Ethio-nation in East Africa and the speakers of one of the most widely spoken language on the continent. Kana irraa hubachuun kan danda'amu, uummanni Oromoo uummata Afrikaa Bahaa keessaa guddaa ta'ee fi baroota darban keessatti og-barruu barreeffamaa kan hin qabnee fi afoolatti dhimma bahaa kan turan ta'uu isaatu hubatama.Kanamalees, afoolli qaama og-barruu keessaa isa tokko ta'uun afaaniin labata tokko irraa isa itti aanutti qaxxaamura. Finnegan (2012:1) akkas jechuun

ibsiti,''Afrikaan og-barruu barreeffamaa fi afoolaa qabdi.Afoolli erga beekamtummaa argachaa dhufee kan dhiyeenya qabuu fi fudhatamummaan isaa haala barbaachisuun osoo hin hubatamiin kan yeroo dheeraa turedha,'' jetti.

2.1.1.3. Meeshaalee Aadaa (Material Culture)

Waayee meeshaalee aadaa kana ilaalchisee, Glassie (1999:291) akka ibsetti, "*It the transformation of natural resources to cultural art fact"* jedha. Kunis, meeshaaleen aadaa qabeenya uumamaarraa kan dhufanidha jechuu isaati. Isaanis, ibsituu ogummaa hawaasa tokkooti. Dhugummaan beekumsa saba sanaa ittiin madaalama. Hayyuun kun achuma keessatti meeshaaleen aadaa isaan kam akka ta'anii fi barbaachisummaa isaan hawaasasaaniif qaban ibseera. Beekumsi inni bu'uurri maqaasaanii tarreessuu utuu hin ta'iin ergaasaanii fi tajaajila isaanii diriirsuun ogummaa guddaadha. Meeshaaleen aadaa miidhagina biratti hiika mallattoo eenyummaa hawaasaa agarsiisu.Meeshaaleen hedduun immoo sirna agarsiisu. Kan qabatamaanis ta'e (concrete),kan hin mul'anne (abstract) keessatti hiika mallattoo(symbolic meaning) hawaasa isaaniif qabu. Kun immoo ce'umsa aadaa hawaasaa agarsiisa. Walumaagalatti meeshaalee aadaa keessatti kanneen ramadaman; hojii harkaa, kan nyaatni ittiin bilchaatu, meeshaalee hojii oomishaa, meeshaalee qabataman, fayaalee adda addaa, kan dibatamanii fi qaqqabaman jechuun tarreessa.

2.1.1.3.1. Meeshaalee Aadaa Kakuuf Oolan

Uummanni Addunyaa kana irraa jiraatu kamiyyuu akka naannoo isaatti meeshaalee aadaa kakuu Sirna Gadaa keessatti rakkoo hiikuuf hojii irra oolan hedduu qaba. Dirribiin (2009:104), Meeshaaleen aadaa Oromoo yeroo Waaqa kadhatanii fi ayyaanota adda addaa ayyaaneffatan itti dhimma bahan caaccuu, callee, mutaa, eeboo, lilmoo, kallachaa fi bokkuu akka ta'an ibsa.Kana malees, Tamasgeen (2008:32) meeshaaleen aadaa kakuuf oolan akka ibsetti, "To begin with these objects include such as metal, like bush knife, double adge knife, horse harness,foot chain, three point girl, two point spear head, needless, spear with two rows of twisted ends, plough share, an axe, piner broken whip in boku apiner, and qonye plough harness'' jechuun ibsee jira. Kana irraa akka hubatametti meeshaaleen seeraa rakkoo hiikuuf oolan; eeboo, qoraattii, luugama, maarashaa, rasaasa, lilmoo, qonyee fi hankaasseen adeemsa rakkoo uume keesstti meeshaalee rakkoo furuuf oolan akka ta'an ibsamee jira.Kana malees meeshaaleen kunniin safuu, hooda uummatichaa keessatti kan qabanii fi sodaachisoo kan ta'anidha

2.1.1.3.2. Fakkoommii (Symbolisim)

Namootni bara jireenya isaanii keessatti bu'aa bayii hedduu waliin waldhaansoo gaggeessaa oolu. Bu'aa bayii kun hundasaa waan batalatti qabataman, ibsu ta'uu yeroo dhabu qaba. Tokko tokko fageenyarraa kan ka'e tokko tokkommoo mul'ataa, ta'uu dhabuun yaadaan qofa kan ibsamuu yeroo ta'u ni jira. Kanamalees kanneen biroon immoo hawwii waliin waan waqabataniif waan gaariitti michoomsanii itti fakkeessuun carraa fi mul'ataan kan argamu akka jiru hayyootni ni addeessu.

> *A symbol is a concrete or familiar object that is used in reference to or as an explanation of an obstruct idea or less familiar object or event. It is a particularly useful means of conveying certain important truth or lessons about human life and the problems of existence. (Okpewho 1992:101).*

Fakkoomiin waan qabatamaa ykn kan itti siqeenya wantichaan haala tokko yaada dhokataas ta'e waan mul'atu ittiin ibsachuuf akka wabitti fakeenyaan kan gargaarudha jechuun ibsame. Okpewho'n fakkoomiin dhugaa bu'a qabeesa ta'an, waa'ee jireenya namaafi rakkoo hawaasummaa qabatamaan agarsiisuu fi itti himuuf akka furmaata tokkootti kan addunyaan itti gargaaramaa jiru waliin qabatee fakkaattiin isaa sammuu dhala namaatti waraabamee kan mul'atudha jechuun ibsa. Haala kanaan addunyaan jecha afaaniifi waan itti yaadne dubbannuun alatti kan itti gargaaraman baay'een isaanii hiika kallattii lamaan ibsamuu akka danda'an hayyuun kun ni heera. "Symbolic interpretation theory'' kan jedhurratti:

1. Qabatamaa (Concrete) 2.Dhokataan ykn waan hin mul'anne (Abstruct) jedha.

Bu'uurri yaada 1^{ffaa} (isa duraa) mallattoowwan kallattiin ilaalamuu fi qaqqabamuu danda'an, meeshaalee gurguddoo fi xixiqqaa aadaa (material culture) irraa kaasee hanga lafa bal'aatti kanneen jiran hunda qabata. Fakkeenyaaf; nama, bineensa, biqiloota, horii….. faadha. Inni lammaffaammoo, kanneen harkaan hin qaqqabamne ilaallata. Haala kanaan hiika halluwwan qaban, hiika raawwiiwwan qaban, hiikaa asxaawwan adda addaa qaban, hiika afoollan, hiika duudhaaleen qabanfaa askeessatti ibsmu.Kanamalees, mallattoowwan wantoota kallatti biroon sirna garaagaraa keessatti raawwiin mul'atanis ta'uu danda'a.

> *Symbol is also used ritual and divination, chants, which deal mostly with deep spritual matters and concepts. The issues involved are usually, weight but the people who chant. These texts must reduce them to familiar objects to bring them closer to their understanding. The characters and events contained in them are fundamentally symbols illustrating various moral and philosophical issues, Relating to people in many cases specific message is given at the end of the story.(okpewho 1992:100).*

Yaanni kunis, mallattoowwan fakkoomiin ibsaman kallattii garaagaraan mul'atu kunis adeemsa sirna waaqeffannaafi tolchaa (xebera) keessatti faarfannaa akkasumas hojii afuuraa biratti hiikti gadfageenyaan itti kennama.Hubannoon dhimmichaa akka cimuuf mallattoowwaniifi yaada waan sana faana walqabatee jiu walqabsiisu.Mallattoowwan kanneen miira ilaalcha, falaasamaafi wantoota hedduu jireenya hawaasaa waliin walqabatan hammachuu qabu kan jedhu ta'a.

> *Anthropology is an exploration, an excavation of the cumulated, embodied symbols of other people a search for meanings, for hidden connections, for deeper salience than those presented by the surface evidence of ethnography. Taking cultures as texts, symbolic anthropology seeks to read them deeply. To find what bachelor called the "reverberations'' of a culture in ritual in metaphor, in the meaning of everyday life (Roger.M. Keesing 2006:258).*

Xiinxalli madda hawaasaa kuufama hiikaa fakkoomii uummata barbaadee hiika kan itti kennudha. Abuurraadhaan hundee isaa wajjin wal hammachiisuun ibsa itti kenna.Yaadawwan icciitiin golgamanii jiran argata.Waan soorgoo caalaa kanneen sookoo ta'an barbaadee dubbisa.Waraabbiiwwan aadaa keessaa soqee bira ga'a.ragaa latinsa qaccee sanyii namootaa baasa.Sirnaawwan aada dubbii qolaan irra deddeebiin ka'an sochii jireenya guyyaa guyyaa keessatti qo'atee dhiheessa jedheera. Akka ibsa hayyuu kanaatti, hawaasni aadaafi afaan isaa keessatti wantoota iccitiin ykn fakkoomiin hiikaman hedduu qaba jechuudha. Haasaawwan soorgaa caalaa, sookaaf xiin-maddii abuurraa ol-aanaa akka qabu habatama. Xiin-maddi eessaa dhuftee waan tokkoo deebii barbaada jechuun ibsame.

2.2. Yaadiddama Qorannichi Hordofu

Sakatta'a barruu qorannoo Fookiloorii tokkoo keessatti qabxiilee ka'uu malan keessaa inni bu'uuraa tokko yaadiddama (Dayeessa (Theories of Folklore) kan jedhamudha. As keessatti jalqabaratti bu'aa kallattii beekumsaa tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota (hayyoota qorannoo fookliloorii agarsiisuurratti hundaa'uun hayyuun Dorson.R (1972) jedhamu yaadiddamoota afoolaa haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka adda addaatti qoqqooduusaa hubanna. Haaluma kanaan anis qorannoo koo mata-duree, "Xiinxala Kakuu Adeemsa Jaarsummaa Sirna Fooqa Darrabbaa" jedhu kanaaf yaadiddamoota hayyuun kun bifa garaagaraatiin qoqqoodee kaa'e keessa yaadiddama Aadaa Hawaasaa/Folk-cultural Theory/ fi Yaadiddama faayidaa (Functional Theory) fudhachuudhaan qorannoo koo kana waliin walitti firoomsuudhaan hojjedheera. Mee sababootan yaadiddamoota kana gaggeesuuf yaale kanatti aanseen kaa'uu barbaada.

Jalqabarratti yaadiddamni Aadaa Hawaasaa kaayyoon isaa inni bu'uuraa aadaan, duudhaan, safuun, faaya aadaan, hawaasaa afoollan biro keessatti akka ciman, akka guddatan akkasumas barmaatileen hawaasaan uumaman xiyyeeffannoo argachuun seenaan durii irra deebiyanii fayyadamuun, xiinsammuu hawaasaa keessatti uumuun hojiirra oolchuu akka ta'e yaada hayyuu Dorson, irraa hubachuun ni danda'ama.

Gama birootiin, yaadiddama Faayidaa yoo fudhanne faayidaa inni hawaasichaaf kennurratti bu'uura godhachuudhaan kan gaggeeffamedha. Yaadiddama kana immoo hayyuun William Bascom (1965) jedhamu Jechoonni fi gochoonni afoola tokko keessatti hojiirra oolan akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan giddu galeessummaan akka ijaaramuuf akka gargaaru ibseera. Yaada kanas bal'isee yoo ibsu, "makmaaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf, hiibboon dhugaa qaruuf, durduriin amala sirreessa, safuu hawaasaa eegaa, sirbi onnee gootaa cimsa, ergaa yaada adda addaa hawaasichi itti tajaajilamu dabarsuun nama bashannansiisu" jedhee kaa'eera. Yaada hayyuu kanaarraas kan hubannu namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii ykn faayidaasaa irratti hundaa'anii akka itti fayyadaman kan carraa kennudha. Akka yaada dayeessa kanaattis afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hin danda'u. Kanaafuu jalqabarratti aadaan, duudhaa, hawaasaa beekuun barbaachiisaa akka ta'eefi aadaafi duudhaa hawaasaa kana baruu keessatti immoo afoola isaatti fayyadamuun tajaajilaafi faayidaa inni hawaasichaaf kennu waliin walqabsiisuun afoola xiinxaluun barbaachisaadha.

Dabalataanis, Bascom (1965:293) akka ibsutti, Working with this methodology, the functional approach is always conservative and static, the functions themselves are conservation functional analysis, then, is a historical, suggesting, that the text was used or the performance occured for the same reason regardless of context.'' Mala kanaan qorachuuf, haala fayyadama isaa fuulleffachuun kan qorannu yoo ta'u, qaaccessa, tajaajila, faayidaa barruu, tokko kana jechuuf yookaan xiinxaluuf yaadiddimni kun kan fayyadu ta'uu yaada kana irraa nihubanna. Kanaafuu, Qabiyyee Kakuu Sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa yemmuun sakatta'aa ture, faayidaa kakuun hawaasa keessatti gama hundaan namoota gidduutti rakkoo malee waliin jiraachuu akka danda'an gochuudhaaf tajaajila.Dabalataanis, qorannoon kun rakkoo waliin jireenya hawaasa gidduu jiruuf wal amantaan gidduu isaaniitii dhibuu isaa waan mul'iseef rakkoon kun akka furamu yaadiddima kana filachuun qorannicha gaggeesseera.

Walumaagalatti mata-dureen qorannoo kanaa haala jiruuf jireenya ummattichaa waliin walqabatee akkaataa ittiin Fookilooriin yookaan Afoolli hawaasa keessatti tajaajila kennaa jiruufi kenniinsa tajaajilaa kana keessa ammoo faayidaa uumatichi irraa argataa tureefi jiru adda baasuun waan kaa'uuf Yaadiddama kanatti fayyadamuun barbaachiseera.

2.3. Sakatta'a Barruu Wal Fakkii/Aantee

Dhimmi fookiloorii Oromoo keessumaa afoolaafi duudhaa Oromoo ilaalchisee hayyuuleen garaagaraa yeroo garaagaraatti haala jajjabeessaa ta'een qorannoo adda addaa gaggeessaa akka turaniif ammas akka gaggeessaa jiran waan wal nama gaafachiisu miti. Duudhaaleen hawaasaa keessumaa kan uummata Oromoo sababa bal'ina lafaa haa ta'u, baay'ina uummataa irraa kan ka'e bakka garaagaraatti haalota uumamaafi nam-tolcheen garaagara ta'uu ni malu. Sanas ta'e kana, qorannoowwan duudhaalee Oromoo irratti gaggeefamaa jiran guddina ogafaan hawaasichaaf shoora olaanaa taphachuu nidanda'u jedhamee amanama.

Haalli olitti tuqame kun fayyuma lafa hin kaane. Sababni isaas dhimma Gadaa Oromoo keessatti Sirni Gadaa Odaa Bulluq waggoota 150 dura Oromoota Horroo Guduruu durii keessa jiraataa turan tajaajilaa turee, Sababa fageenyaan kan ka'e cabaa isaa (dame isaa) godaansisee yeroo turetti tokko Aanaa Giddaa Ayyaanaa keessatti bakka Soob-Calliyaa jedhamu, tokkommoo Aanaa Kiiramuu keessa bakka Fooqa Darrabaa jedhamutti godaanuun cabaan isaa hanga yoonaa hawaasa naannoo naannoo isaanii jiraniif tajaajila kennaa akka jiran ni yaadatama. Haluma kanaan bakkeewwan kun lamaan kiloomeetira 20 caalaa wal irraa hin fagaatiin utuu jiranii qorataan Dajanee Gammachuu (2014) mataduree''Qaaccessa Sirna Gadaa Sooq-Calliyaa Jaarsummaa Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa'' jedhu irratti gaggeesseen qorannoon kun xiyyeeffannaa guddaa Sirni Gadaa kun irratti gaggeessaa jiru dhimma jaarsummaa uummata naannichaarratti hojjeteera.

Qorannoon Dajanee (2014) kun dhimma Gadaa Oromoo keessatti namoota dhoksaadhaan wal miidhanii bakkichatti wal himatan jaarsummaadhaan akka araaraman, haalaafi akkaataa araara isaanii gadi fageenyaan ibsuudhaan qoratee jira. Akkuma Fooqa Darrabbaa/qorannoo ani irratti gaggeesse kanaa/namoota dhoksaanis ta'e bifa mul'ataatiin wal miidhanii bakka sana dhaqanii wal himatan jaarsuummaan akka araaramaniifi akka jiruufi jireenya isaani waliin gaggeessan gochuu keessatti wal fakkeenya qabu. Haata'u malee qorannoon Sirna Fooqa Darrabaa irratti

gaggeefame namoonni wal shakkanii wal himatan carraa isaan qaban araaramuu ykn kakachuun waliif amanamanii waliin jiraachuudha. Kan qorannoo Dajanee (2014) Soob-Calliyaa irratti gaggeesse garuu namoonni yoo wal himatanii achi deeman kan araaraman yoo lamaanuu fedha qabaatan qofa. Namni tokko yoo dhimmichi itti hin tolle ta'e utuma balleessee jiruu dhugaa balleessee jaarsummaatti hin galu jechuu danda'a.

Haalli kun immoo bakka Sirna Gadaa jedhamu tokkoo haa turuutii jaarsummaa qe'ee keessaayyuu ni jiraata. Kanaafuu namoonni Gadaa Soob-calliyaa irratti wal himatan jaarsummaa qofaan yoo waliif galan qofa kan araaraman, yoo araaraaf walii galuu baatan garuu dhimmichi utuu araara hin ta'iin kan hafuu danda'u yoo ta'u, kan Fooqa Darrabaa garuu araaramee ykn kakatee galuun waliin jireenya isaa itti fufuu waan danda'uuf garaagarummaa qabu. Kanuma dhiphisuufi uummata naannoo ollaa tokko jiraatan kana hubachiisuuf qorannoon koo kun gaggeeffameera.

BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

Qorannoo tokko gaggeessuuf malli qorannoon tokko ittiin adeemsifamu gahee olaanaa qaba. Dawson (2002:14) yemmuu mala qorannoo ibsu, "The first thing you need to do is to think about your research methodology. This is the philosophy or the general principle which will guide your research," jedha. Qorannoo gaggeeffamu keessatti malli qorannoo dursamee akka ilaalamuu qabu, qajeelfama waliigalaa qorannoo qajeelchuu danda'uufi falaasama qorannoo akka ta'e yaada kana irraa ni hubanna.

Boqonnaa kana jalatti waantotni hojii qorannichaaf dhiyaatan; saxaxa qorannoo, gosa qorannichaa, mala qorannichaa, madda odeeffannoo, mala iddattoo, meeshaalee odeeffannoon itti funaanamuu, (af-gaaffii, daawwaannaa, mare garee), mala qaaccessaa ragaalee kan of keessatti qabatu ta'a. Kunneenis, tartiibasaanii eeggachuun akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon adeemsifamu maal irratti bu'uureffatee akka deemu adda baasuuf saxaxni qorannichaa murteessaadha. Addunyaa (2011:63-64) waa'ee saxaxa qorannoo yoo ibsu,'' Saxaxni qorannoo deemsa waliigalaa qorannichaa to'ata.Saxaxa qoranoo tokkoo kan murteessu gaaffiwwan qorannichaa deebisuuf deemu, kaayyoo isaa, akaakuwwan odeeffannoo argamuti jechuun ni danada'ama''jedha. Dabalataan, Kothari (1990:31) saxaxa qorannoo yeroo ibsu, haala odeeffannoon itti argamuu fi qaacceffamu akkaataa barbaachisuun kaa'uu fi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisuuf deemudha jedha.

3.1.1 Gosa Qorannichaa

Mata- dureen qorannoo kanaa Xiinxala Adeemsa Raawwii Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa ta'ee, gosoota qorannoo jiran keessaa gosa qorannoo Akkamtaa (Qualitative Research) kan fayyadamedha. Qorannoon Akkamtaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee akkaataa gaaffiwwaan maaliif akkamitti jedhan deebisuuf carraaqa. Kana malees, dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa.

Kanaafuu, qorannoo kana gaggeessu keessatti qabiyyeewwan sirni kakuu Fooqa Darrabbaa kun of keessatti qabu,adeemsa rawwii kakuu kanaa meeshaalee aadaa kan uumamaafi namtolchee sirna kakuu kanarratti hojiirra oolan, faayidaa kakuun hawaasa naannoo sanaf gumaache, Afoola

Oromoo sirna kakuu kanaa keessatti tajaajilan akkasumas fakkoomniiwwaniifi hasbarruu meeshaaleen aadaa kakuu kana keessatti qaban ofii koo daawwadhee odeefkennitoota koos gaafadhee kanin hubadhe gosa qorannoo ibsaatti fayyadamee qorannoo koo kana geggeesseera.

3.1.2 Mala Qorannichaa

Qorannoo tokko kana yommuu gaggeessinu dursinee qorannicha maaliif akka gaggeessinu, akkamiin akka gaggeessinu, maal irratti akka xiyyeeffannu, mala akkamiin yoo fayyadamne kaayyoo barbaadame bira gahuu akka dandeenyu adda baasuun barbaachisaadha. Qoraatan mala qorannoo keessaa itti fayyadamees mala akkamtaadha. Malli kun odeeffannoo aslii kan rakkoo qoratamu sana gadi fageenyaan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuu irratti humna qaban irratti xiyyeeffata. Malli qorannoo akkamtaa haalli jiruu fi jireenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataa fi bifa ittiin qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamudha.

Malli qorannoo akkamtaa gaaffii 'Akkamitti?' jechuun kaasuun bal'inaan qorachuuf haala mijeessa.Gaaffii kana deebisuuf kan barbaachisus odeeffannoo akkamtaati (qualitative data). Haaluma kanaan, qorannoo kana yemmuun gaggeessu mala qorannoo akkamtaatti fayyadamee qorannicha gaggeesseen jira.Akkasumas, malli qorannoo kanaaa dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan marti jechaan kan ibsamaniidha. Kunis lakkoofsaan waan hanga kanaati kana ta'e waan hanga kanaatii kana ta'uu dhiise yaada jedhurraa bilisa ta'ee waan raawwataman sana jechootaan qofa kan ittiin ibsame ta'a jechuudha.

Malli kun odeeffannoo iddaattoo irraa argame gadi-fageenyaan ibsuuf gargaara. Addunyaa (2011:60) mala akkamtaa akkas jechuun ibsa, ''Malli akkamtaa haala jiruu fi jireenya hawaasaa akkaataa, bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalludha.'' Kana irraa kan hubatamu, malli kun waan jireenya hawaasichaa keessatti argamu qorachuuf kan gargaaru ta'uu isaati.Odeeffannoo qorannoo tokko keessatti argamu mala kanaan xiinxalanii ibsuuf kan gargaaru waan ta'eef mala kanaan qoranichi gaggeeffameera.

Odeeffannoon argame kun ibsa akkamtaan ta'a. Kun immoo, odeeffannoon mala akkamtaan argaman jechaan ibsuun raawwatama.Kanaafuu, qorannoon kun saxaxa ibsaa (Descriptive design) kan jedhuun gaggeeffame. Kothair (1990) saxaxa ibsaa yoo ibsu, '' In descriptive design, researcher must be able to define clearly, a what he wants to measure and must find adequate

methods for measuring it along a clear cut definition of 'population' he wants to study'' jedha. Yaanni kun saxaxa ibsaa keessatti qaamni qorannoo gaggeessu ibsa ifa ta'e odeeffannoo jiru irratti kan kennuu danda'uu fi mala qorannichaaf mijatuun qorannicha kan raawwatu ta'uu akka qabu ni ibsa. Qorannoon kun immoo mala akkamtaan waan gaggeeffameef, odeeffannoon argame jechaan ibsamee kan raawwatamedha. Kanaaf, saxaxi kun qorannoo kana keessatti filamuun qorannichi kan raawwatame ta'uu hubachuun nidanda'ama.

3.1.3 Madda Odeeffannoo

Qorannoo gaggeeffamu tokko keessatti, maddi odeeffannoo isa bu'uuraati. Kanumaan, maddi odeeffannoo qorannichaa madda jalqabaa fi madda lammaffaa ta'a. Maddi jalqabaa qaama iddaattoo qorannichaa irraa haala hawaasichaa bakka bu'uudhaan odeeffannoo argamudha. Kanaafuu, waa'ee Qabiyyee Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa kana ilaalchisee odeeffannoo barbaachisu qulqullinaa fi gahumsaan akka naaf kennan namoota beekamoofi jaarsolii waa'ee sirna sanaa sirriitti beekan dhiirota 16 fi dubartoota 2 walitti namoota 18 kan ta'an irraa odeeffannoo fuudhee qorannicha gaggeesseen jira.

Maddi lammaffaa immoo barruullee, kitaabilee fi qorannoowwan addaa addaa mata duree kana tumsan sakatta'uun argamanidha. Kanaafuu, odeeffannoon madda jalqabaafi lammaffaa qorannoo qoratichaaf gargaarsa ta'uun raawwii qorannichaaf deggersa taasisanidha. Haaluma kanaan kitaabileefi barruuleen dhimma qorannoo kanaa naaf cimsaniifi qorannichaaf tumsa naaf godhan akka ka'umsaafi akka wabii qorannichaatti na fayyadaniiru.

3.1.4 Mala Iddatteessuu

Qorannoo kanaaf namoota hunda irraa odeeffannoo gahaa argachuun rakkisaadha.Namootni kun hubannoo wal fakkaatu qabaachuu hin danda'an. Kanaafuu raawwii Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa kana irratti namoota hubannaa qaban filachuun dhimma filannoo hin qabnedha.Anis kana galmaan geessisuuf namoota aanaa keessa jiran hunda waliin gahuun rakkisaa akka ta'e hubadheera.Namoonni hundis odeeffannoo kana beekuu dhiisuu danda'u.Kanaafuu, tooftaa kana xiyyeeffannoo keessa galchee fayyadameen iddattoo mit- carraa filadhe.

Akka Neuman (2007:141) ibsetti,'' Kaayyoon iddaattessuu sababoota, ta'insoota fi gochaalee jiran gadi-fageenyaa fi haala ifa ta'een hubachuufi dha.Xiyyeeffannoon qorataa qorannoo akkamtaas sababoota jireenya hawaasaa keessatti galumsa tokko keessatti dhiibbaa agarsiisuun

adda baasuufi dha.Kanaafuu qorattoonni gosa iddaattessuu mit-carraa fayyadamuun filatu''jedha. Itti dabalees, akka Neuman (2007:142) ibsetti, '' Iddaattessuun akkayyoo kan fayyadu qorataan dhimma koo galmaan geessisuu danda'u jedhee safara yookaan ulaagaa mataa isaa fayyadamee kan filatudha,'' jedha. Anis gosa iddaattessuu kanatti fayyadameen ogeeyyii dhimmicha irratti hubannoo qaban adda addaafi jaarsolii raawwii Kakuu Sirna Gadaa Fooqa Darrabbaa keessatti beekumsaafi hubannoo qaban filadhee af-gaaffii dhiyeessuu fi maree uumuun ragaa sassaabbadhee qaaccesseen jira. Gosa iddaattessuu mit-carraa keessaa tokko iddaattessuu akkayyooti.Malli filannoo gosa iddaattoo kanaa kan qorataan madda odeeffannoo gahaa naa laachuu danda'u jedhee itti amanee filatudha. Qorannoo kana keessatti jaarsolii Sirna Kakuu sana beekanituu filatama. Jaarsolii odeeffannoo kennuu danda'u jedhaman carraa keessa osoo hin galchiin kaayyeffannoon kanneen filatamanidha.

Haaluma kanaan, jaarsolii raawwii Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa kana keessatti hubannoo qabaniifi abbootii seeraafi abbootii alangaa filachuudhaan ragaa funaannadheen odeeffannoo qaaccesseen jira.

3.2 Malleen Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Malleen odeeffannoo funaannachuuf kan ani filadhe qorannoo kana gaggeessee jirus; daawwaannaa, af-gaaffii fi mare garee xiyyeeffannoo yemmuu ta'an tokko, tokko meeshaalee kanas akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.

3.2.1 Daawwannaa

Malleen odeeffannoo ittiin funaannadhu keessaa tokko daawwannaa ta'ee, guutuumaatti keessatti hirmaachuun daawwachuufi ala dhaabbatanii ilaaluun odeeffannoo barbaachisu fudhachuu ilaallata. Anis qorannoo kana yeroo gaggeessuuf jedhu ala dhaabbatee odeeffannoo funaannachuun kanin gaggeessedha. Akkasumas, sirni raawwii adeemsa Kakuu Jaarsummaa Fooqa Darrabbaatti dhiyaachuun waantota daawwataman daawwaatee jaarsolii Sirni Jaarsummaa dhimmi raawwii kakuu irratti hojjetaniifi meeshaalee ittiin kakachiisan ilaaluun raga barbaachisu walitti qabanidha. Haaluma kanaan Fooqa Darrabbaa kanatti, hojiin sirna kakuufi araaraa akka hojii idileetti kan gaggeeffamu baatii keessaa gaafa bultii 19ffaa yoo ta'u, sababni guyyaan (bultiin) kun ji'a keessaa filatames akka naannoo sanatti guyyaa kana namoota tokko tokko biratti hojiin waan hin jirreef ykn guyyaa Gabreelii waan ta'eef hojiin kan hin hojjetamne waan

ta’eefidha. Anis Amajjii 19, bara 2011 hanga Ebla 19, bara 2011’tti ji’a ji’aan deemee waliigala guyyoota afuriif daawwannaa koo gaggeesseera. Kana malees, sirni raawwii Kakuu Fooqa Darrabaa ‘Check list gaaffilee mirkaneeffannaa (safartuu) qabxiilee adda addaa of keessaa qabu qabadhee yeroo afuriif bakka raawwiin sun itti gaggeeffamu deemuun daawwannaa gaggeessee odeeffannoo funaannadhee gabatee qorannoo kanaa fuula 62 irratti argamurratti qaaccessuudhaan qorannoo kana xumureen jira.



Suuraa 5: Bakka Fooqa Darrabbaa

Haaluma suuraa armaan olirraa hubachuun danda’amutti, manni Jaarsoolii Fooqa Darrabbaa kun taajajila meeshaalee Kakuu keessa naquufi keessatti maammiltootaaf beellama qabuu, akkasumas Jaarsa araaraa lakka’uun akka araaraman gochuufidha. Manni ijaarame kun sababa citaan hin jirreefi malee akka mana aadaa Oromoo tokkootti citaan ijaarama ture. Dabalataanis, baasii baajeta Waajjira Aadaafi Turiizimii aanichaan eeyyamamee human uummatichaan kan ijaaramedha. Bakki kunis Mana Murtii Aanaafi Hawaasummaa Gandarraa addadha. Sabaabni adda isaa taasisees dhimmoonni raga hin qabne bakka kanatti waan qulqullaa’anii araara jaarsaa (Kakaatiin) waan nageenyaan golabamaniif.

3.2.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin meeshaa qorannoo akkamtaan taasifamu keessatti odeeffannoo qorannichaaf malu kan ittiin argannu keessaa tokko. Kunis, qaamni qorannoo taasisuufi iddattoon odeeffannoo qorannichaa kennu qaamaan wal-arguun yookaan fuulaa fuulatti gaaffii fi deebii taasisuun kan gaggeeffamudha. Pickering (2008:79) yaada ka'e kana yeroo ibsu, ''Interviews are key methods associated with qualitative research. Interviews involves an interviewer and an interview engaging in face-to-face conversation, with an interview guiding the conservation by posing questions related to particular topics in order to gain a better undersating,''jedha.

Yaadni kunis, Meeshaaleen kunniin qaama qorannoo akkamtaa ta'uu isaanii gaaffii dhimma qorannoo saganteeffameef qophaa'e ka'umsa taasifachuun, gaafataa fi qaama gaafatamu gidduutti fuulaa fuulatti kan raawwatamu ta'uu eera. Gosti af-gaaffii qorannoo kanaaf qophaa'e hojiirra oole gaaffii banaadha. Kunis akka deebisaan yaada isaa dubbatee ibsuuf kan eeyyamu waan ta'eef qoratichaan kan filatamedha. Dabalataanis, meeshaan kun odeeffannoo bal'aa iddattoo qorannichaa irraa argachuuf kan qoraticha gargaarudha.

Af- gaaffiin dhiyaatus haala qabiyyee Kakuu Sirna Jaarsummaa Fooqa Darrabbaa kana irratti hojii gaggeeffamaa jiru kanaaf odeeffannoo akka kennaniif Waajjira Abbaa Alangaa keessa dhiira 3 fi dubara 1, Waajjira Mana Murtii Aanaa Kiiramuu keessaa immoo dhiira 4 walitti namoota 8 ta'an irraa odeeffannoo barbaachisu funaannadheen qaaccesse. Qaaccessi kunis, afgaaffii gaafa 28/06/2011 fi 29/06/2011 Mana Murtii Aanaa Kiiramuufi Waajjira Haqaa Aanaa Kiiramuu irratti kan gaggeeffamee ture bu'uureffatee kan raawwate dha.

3.2.3. Marii Garee

Meeshaan funaansa odeeffannoo kun akkuma af-gaaffii odeeffannoo akkamtaa keessatti gargaaru funaanuuf oolu. Tayie (2005:85) marii garee xiyyeeffannoo yeroo ibsu,'' Odeeffannoo qorannoo tokkoof fayyadu guuruuf yookaan odeeffannoo akkamtaa gaaffilee bu'uuraa qorannichaa deebisan ittiin argamsiisuuf gargaara,'' jedha. Akkasumas, Dawson (2002:29), yommuu barreessu, namoonni lakkoofsa qaban gaafatamuun gareen walitti dhufanii dhimma tokko irratti waliin kan mar'itanidha. Iddattoo qorannichaa bakka bu'e waliin ta'uun gaaffilee bu'uura qorannichaaf odeeffannoo gahaa akka laataniif meeshaa odeeffannoo deggersa eegamu taasisu ta'uu nama hubachiisa.

Qorataan qorannoo kana, gaaffiwwan bu'uura ta'anii qorannicha keessatti dhiyaataniif deebii quubsaa argachuun kaayyoo ta'e bira ga'uuf qaamni waliin mar'achuun odeeffannoo kennuu ni barbaachisa.

Qorannoo kana keessatti gaaaffileen mareef ta'an garee xiyyeeffannoo kanaaf qophaa'e, gosa gaaffii banaadha. Gosti gaaffii kun immoo iddattoon mariif taa'an akka yaada isaaniitti daangaa tokko malee dubbatan kan eeyyamu waan ta'eef, qoratichaan filatame. Mariin taasifames, gaafa 29/06/2011 fi 29/07/2011 guyyoota lamaaf kan gaggeeffamaniidha. Marii taasisuuf, jaarsolii Sirna Gadaa kan ta'an dhiirota 7 fi Hojjetoota Waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanaa Kiiramuu keessaa dhiira 2 fi dubara 1 waliigala dhiira 9 fi dubara 1 walitti namoota 10 kanta'an garee tokkotti ijaaree yookaan waliin mariisisuun odeeffannoo barbaachisu walitti qabadhee qorannicha gaggeessee xumureen jira.

Haala ijaarama Abbootii(Jaarsoolii) Gadaa kunis erga bara 2002 caasaan Aadaafi Turizimii sadarkaa addaa addaatti gurmaa'ee hanga Aanaatti gad bu'ee kaasee yoo ta'u akka caasaa Abbootii Gadaatti kan koree mana mare namoota 11 qabanuun kan ijaaramanidha.Haaluma kanaan Abbootiin Gadaa kun akka barbaachisaa isaatti walga'ii adda addaa kan godhatan yoo ta'ellee baatii keessaa:

- Gaafa bultii shanii koree waliigalaa keessaa namoonni sadii(Abbaa Gadaa, Abbaa Caffee/barreessaafi Abbaa Bokkuu/qabaa maallaqaa ta'uun walga'uun xalayaa himataa galii gochuun himaatamaatti ajaja baasaa oolu.
- Gaafa bultii 12 koreewwan waliigalaa namoonni 11 marti isaanii walga'uudhaan mare waliigalaa geggeessaa oolu.
- Gaafa bultii 19 bakka bu'een koree kanaa namni tokko namoota walhimatanii jiran gara Fooqa Darrabbaatti geessuudhaan sirna barbaachisu raawwachisa.
- Gaafa bultii 29 koree hundi walga'uun hojiiwwan baatii sanaa hunda madaalaa ooluun kan baatii itti aanuu keessatti hojjetamu karoorsuu hojii isaanii raawwatu

Ga'een hojii isaaniinis sirna Fooqa Darrabbaa kana jajjabeessuufi dhimma Aadaafi Gadaa Oromoo hanga caasaa gad aanutti hojiirra akka oolu gochuufidha. Dabalataanis, dhimma nageenya naannoo hanga nama dhuunfaa eeguufi eegsisuu keessatti shoora olaanaa taphachaa jiru.

3.3 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon xiinxala adeemsa raawwii Kakuu Fooqa Darrabbaa jedhu kana gaggeessuuf odeeffannoon iddaattoorra kanittiin argame meeshaleen odeeffannoo ittiin funaanamu; daawwannaa, af-gaaffii fi mare gareenidha. Akkasumas sagalee waraabamanii fi suuraaleen ka'an adeemsa raawwii kakuu sirna kana irratti ka'an dhugummaan isaa mirkaneessee ifa godhee ragaa gara barreeffamaatti jijjiiree tartiiba raawwii isaatiin gaggeesseera.

Odeeffannoo iddattoo qorannichaa irraa funaaname kun erga adda baafamuun haala wal fakkaataatiin yookaan gaaffilee bu'uuraa deebisuu danda'aniin qabiyyeedhaan qoqqoodee garee jiran jalatti walitti qabuun hiikti itti kennamuunidha. Hiikni kennamu kun mala akkamtaa yookaan jechaan kan ibsameeefi gadi fageenyaan qaacceffamuun kan dhiyaatedha.

Addunyaa (2011:71) akka ibsutti,"Dhimmoonni qaacceffaman callaarraa ka'uun gara dimshaashaatti deemuu gaafata.'' Haaluma kanaan, gaaffilee bu'uuraa dhiyaataniif tokkoo tokkoo isaaniitiif gosoota meeshaalee odeeffannoo dhiyaatan hunda keessatti deebii iddattoota tartiiba isaa hordofee qaaccesseen jira.

3.4 Qindoomina Qorannichaa

Gabaasni qorannoo kun boqonnaalee shan of keessaa qaba. Boqonnaan jalqabaa; Seen duubee qorannichaa, seenaa hawaasa Oromoo Aanaa Kiiramuu, Argama naannoo qorannichaa, ka'uumsa, kayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaalee qorannichaa fi hiika jechootaa kan of keessatti qabatedha. Boqonnaan lammaffaa kitaabilee wabii qorannicha ijaaruu fi deggeruuf ga'ee olaanaa qaban ilaallata. Inni sadaffaan wixinee qorannoo fi mala qorannichi itti geggeeffame kan ibsudha. Boqonnaan arfaffaa xiinxala yookiin qaaccessaa ragaalee irratti xiyyeeffata. Inni shaneeffaa fi inni xummuraa yaada cuunfaa, bu'aa qorannoo, golabaa fi yaboo kan qabatedha. Dhumarrattis, wabiilee, dabaleewwan, gabateewwan, taatoowwan, seen duubee namoota yaada ibsanii fi yaada fakkoommii meeshaalee aadaa kallattii qorannichaa keessatti tajaajilan walitti qindeessuun hammatee jira.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen daawwannaa,af-gaaffiifi maree garee xiyyeeffannoon funaanaman kan keessatti qaacceffaman ta'ee,qabiyyeewwan kakuu Fooqa Darrabbaa irratti xiyyeeffatu, tartiiba raawwii gochaa kakuun kun ittiin adeemsifamu, afoola addaa addaa sirrna kakuu kana keessatti tajaajila irra oolan, faayidaalee sirni kakuun kun hawaasa Aanaa kiiramuufi nannawaa sana jiraataniif kennaa jiruufi meeshaalee aadaa sirni kakuu kun ittiin dhimma bahamuufi fakkoommii isaan sirna kakuu kana keessatti qaban xiinxalamuun kan ibsamanii dhiyaatan ta'a.

4.1 Haalaafi Dhimmoota Kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa

Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa yeroo mara baatii keessaa gaafa bultii 19 hojii iddileen gaggeeffama. Haaluma kanaan, Qorataan daawwannaa gaafa 19/05/2011-19/08/2011 bakka qorannoon kun gaggeeffamu bakka Fooqa Darrabbaa jedhamutti argamuun odeeffannoo namoota sirna kakuu kanarratti kakachuufi kaksiisuun hirmaataniitti argamuun akkasumas maree garee xiyyeeffannoo hojjettoota Waajjira Aadaa fi Turiizimii fi Abbootii Gadaa Aanaa Kiiramuu yeroo mara baatii tokko keessatti gaafa bultii 29 hojii idilee godhatanii waliin gaggeessan gidduutti taasifameen ragaan argame akka ibsutti, maalummaafi qabiyyeewwan kakuun kun irratti gaggeeffamu adda baasuun barbaachisaadha.

4.1.1 Maalummaa Kakuu

Akka Oljirraa Galataa Abbaan Gadaa Aanaa Kiiramuu, gaafa 29/06/2011 marii garee irratti ibsetti, achii dhufteefi maalummaa kakuu akka kanaan gadiitti ibseera.

> *Oromoon dur uumaasaa (Waaqayyoon) nisodaata; nikabaja; niwaaqessa. Uumama isaa (dacheefi samii, kan isaan irra jiraatan hunda waliin), dhala namaa dabaalatee nijaallata. Yeroo jaallatu kana keessa ammoo akka isaan hinmiidhamne kunuunsuuf waadaa gala. Waadaan kunis lubbu-qabeeyyii hunda nama dabalatee kan galamu yoo ta'u, waadaan kun yoo diigame, irraa jallate yookaan irraa gorame waadaa kana diiguufi dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf walkaksiisa. Garuu kakaan kun abaarsa miti. Abaarsi kan namoonni biroon namoota birootiin bakka isaan jiranittis ta'ee hinjirretti lubbuufi qabeenya isaaniirra akka balaan gahu kan itti juuganidha. Kakaan garuu, abbuma isaatu ani kan godheera yookaan hingoone jedhee kan dhugaa bahu yoo ta'u, gochicha rawwateera yoo ta'e amanee araaraan, adabbiin, haa hafuun dhiifamni godhamuufii danda'a.Itti dabalees, kakuun guddina hawaasa tokko keessatti yakkoota, gurguddoo,walxaxoofi icciitiin isanii dhokatoo ta'anii hawaasicha*

jeeqaa turaniifi jiran dhabamsiisuuf tuma tumatee walshakkii gidduu isaatti uumamu nageenyaafi wal amantaa wajjin jiraachuu danda'uufi shakkii tokko malee seera ittiin wal qulqulleessee nageenyaafi walamantaan wajjin jiraachuu danda'uufi shakkii tokko malee seera ittiin tokkoomee jiraatuufi wal geggeessu ta'uu ibseera.

Yaada abbaa Gadaa kanarraas kakuun kan namni tokko gocha tokko rawwadheera yookiin hin rawwaanne jedhee amanamuudhaan wal-shakkii hawaasaa jidduudhaa dhabamsiisuun nageenyaan waliin jiraachuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.



Suuraa 6: Maree abbootii Gadaa keessatti yeroo Obbo Oljirraa Galataa yaada kennan.

4.1.2 Qabiyyee kakuu Sirna Fooqa Darrabbaa

Akka yaada hirmaattota maree garee xiyyeeffannoo Abbootii Gadaafi hojjettoota Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Kiiramuu gaafa guyyaa 29/06/2011 gaggeessaniin qabiyyeewwan kakuun kun irratti xiyyeeffatuufi akka raawwatu taasisanis, dhimmoota dhokatoo ragaa hin qabne, gocha yookaan jecha manneen haqaa deemanii haqa argachuu hin dandeenye, qabiyyee wal xaxoo ta'an akka of keessaa qabu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan qabiyyeewwan kakuu Fooqa Darrabbaatti gaggeeffaman kannen armaan gadiiti.

4.1.2.1 Ajjeechaa

Ajjeechaan lubbuu namaas ta'e kan lubbu qabeeyyii biroo eeyyama tokko malee dhabamsiisuu akka ta'eefi kunis nama birattis ta'e Waaqa biratti gocha fudhatama hinqabne ta'uu Maangoo Gonfaa (19/05/2011) ibsee jira. Namni nama yookaan beeyilada ajjeese seeraan ragaan itti

mirkanaa'ee kan seeraan gaafatamu ta'us bakka dhimmi kun ragaan tokko osoo hin jiraatiin raawwatamee shakkiin argametti bakka sirna kakuu kanatti akka deemee qulqullaa'u himanni karaa gandaa yookiin gooxii Jaarsolii Gadaa kana ga'uun raawwatama jechuudha. Kunis jalaqarratti namni yookiin beeyladni tokko harka nama birootiin yoo ajjeefamee argame namni jalaa ajjeefame nama shakku yoo qabaate jalqaba ganda dhimmichi ajjeechaa keessatti raawwatetti himanni shakkiin erga banamee booda jaarsi naannoo lakkaa'amee erga dhimmichi cicciniinamee gamagamni isaa ilaalamee booda yoo waliif galan achumatti araaramu, yoo waliigaluu baatan garuu jaarsoliin gara ganda isaan ajajeetti gabaasa erga godhanii booda gandi gara jaarsolii kakaa Gadaa kanatti erguun ammas irra deebi'amee jaarsummaan ilaalamee araaramu, yoo walii galuu baatan qofa kakuun raawwatama jechuun ibseera. Gama biroon ammo namni bakka kanatti osoo ajaajni isa ga'uu hin dhaqiin hafe akka tumata sirna kanaatti gara dhimmi ilaalutti deebi'ee akkaataa ittin tilmaama qabeenyaa nama isa himatee akkaataa itti kaffalu qaba.

Akka Oljirraa Kumsaa (19/05/2011) dabalee ibsettis, jaarsoliin kakuu fayyuma osoo hin qulqulleessiin kakaatti nama hin galchan. Dhimmicha feccanii ilaalanii akka jarri lamaan araaramanii waliin jiraatan erga gaafatanii booda yoo wal-amanuu baatan kakuun raawwata, jedhee ibseera. ''Akka ibsa kanaattis nuti kakaatti dafnee nama hin galchinu.Kan tulluu asii iji argee, kan tulluu achii yaadatu arga jennee amansiifna'. Itti dabalees, Kan abarameefi kan akaawames tokkumadha jennee amansiifnee jaarsummaan fixna.Yoo kanarraa darbe shakkas ta'e shakkummaan kan dhugaa qabaatan nutti fakkaate, kakuun raawwata jedhee ibseera. Gama birootiin shakkamaas ta'e shakkaa wal faana ilaalla, shakkamaan dhugaa qabaatee shakkaan rakkoo qabaachuun waan danda'uuf yoo kakuun raawwate shakkaan rakkoo qabaachuu waan danda'uuf yoo kakuun raawwate shakkaatti galagala jedhamee waan amanamuufi nutis kanuma waan akeekkachiifnuuf yeroo baay'ee dafee araarri bu'uu danda'a jedhee ibseera. Walshakkuu kana keessatti shakkamaan lubbuu baasuu isaa yoo amanes gumaa baasifnee yookiin qarshii kaffalchiifnee jarreen akka araaraman gochuun nagaa buusifna jedheera. Gama birootiin ammo miseensota maatii tokko keessaa yoo ijoolleen, haati manaa(abbaan manaa) ykn maatiin biroon shakkamee bakka kanatti himatame maatiin hundi dhimmicha dhaga'ee akka araararatti hirmaatu taasifama malee fayyuma osoo maatiin hin dhaga'iin kakuun hin rawwatamu.



Suuraa 7: Yeroo Jaarsoliin kakuun dura maree geggeessan.

Sirni kakuu kun kan raawwatu erga shakkaas ta'ee shakkamaa amansiifnee booda yoo ta'u shakkamaa irratti qorannoon gadi fageenyaan taasifamee yoo amanuu dide kakuun ni gaggeeffama. Kakuun gaggeeffamu kun meeshaalee aadaa addaa addaa qabaachuun tartiibaan kan raawwatu ta'a. Shakkamaanis'' lubbuu jedhame kana ajjeeseera yoon ta'e

Mudhii oli gogaa
Mudhii gadi du'aa
Horiin mana koo
Ruhiin qaama koo
Hinjiraatiin jechuun kakata.

Yaadni kakuu toorota walaloo kakuu kanarraa yommuu qaacceffamu; Toorri 1^{ffaa} mudhii oli gogaa jechuun kan afuura hinbaafanne, kan hinsochoone, lubbuu osoon baadhuu kan lubbuu qabu waanan ajjeeseef akkuma beeylada du'e kanaa naanis waaqayyoo na haa ajjeesu jechuudha.

Yaannikakuu toora 2^{ffaa} yoo qaacceffamu immoo mudhii gadi du'aa jechuun mudhii gadi kan lubbuun keessaa hinjirre ta'ee yoo mul'ateyyuu, mudhii gadi kan jiru qaamni saalaa koo hinhojjetiin, akka ani hindhalchine ykn hindeenye fedhiin foonii koo na keessatti haadu'u jechuu yoo ta'u, sanyiin koo illee darbee hinhoriin kan jedhu ofkeessaa qaba. Walaloon toora 3ffaa immoo horiin mana koo hinjiraatiin yoo jedhu, waan horamu qabeenyaa beeyiladas ta'ee qarshii mana koo harka koo, giphii (kiisa) koo hinjiraatiin jechuu isaati. Toora 4ffaa walaloo kakuu kanaa yoo ilaalle ammoo, ruhiin qaama koo hinjiraatiin jechuun yoon lubbuu jedhame sana ajjeeseera ta'e, lubbuun koo akkuma sanaa haabahu jechuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

4.1.2.2 Hatuu

Hatuun qabeenyaa nama biroo osoo beekanii fuudhanii ifaanis ta'e dhokataadhaan, kallattiinis ta'e alkallattiin kan ofii godhachuudhaan itti fayyadamuun abbaa qabeenyummaa nama biroo sana dhuunfachuudha.

Hatuun akka Baqqalaa Akkasaa, (19/06/2011) ibsetti, ''Aadaa hawaasa Oromoo biratti waan hinbarbaachifneefi gochaa jibbisiisaa waan ta'eef hawaasichaan nibalaaleffatama," jedheera. Kana malees, namni horii yookaan qabeenyaa namaa fuudhee deebisuufi dideefi haalee argame akka sirna kakuu Fooqa Darrabbaa kanatti jaarsoliin qorannoon addaa addaa irratti gaggeeffamee yoo shakkamaan amanee abbaa dhimmaa waliin achumatti osoo hin kakatiin deebisiisuun ykn amansiisuun araarsu.Yoo amanuu baate garuu seera kakuu sirna Gadaa kanaan kakatee gala.

Akka Oljirraa Galataa, (29/06/2011) ibsettis, waliin jireenya hawaasaa keessatti hattuun kallattii addaa addaatiin akka saaxilamtu gochuun gahee hawaasa hundaa akka ta'eefi namni hannarratti qabame uummanni ifaafi ifatti ilaalee murtoo sirna Gadaa raawwachiisuutti dabarsee kennuun akkaataa seera Gadaa sanaan murtoo adda ta'e ni argata. Murtoon kunis tumata irraa qoollifachuu, hawaasa keessatti fudhatama dhabamsiisuufi jibbamaa taasisuu akka ta'uu danda'u ibseera. Itti dabalees namni qabeenya namaa hate hawaasicha keessatti jibbamuu qofa osoo hin taane afoola Oromoo keessatti geerarsatti fayyadamuun fudhatama dhabamsiisuun akka danda'amu geerarsa armaan gadii nuuf geerareera.

> Hattittii gama sanaa
> Gama sana mannikee
> Osoo hattuu qamax jedhi
> Fuudhee hindhalchiin dhalli kee

Jedhamee geerarama jedheera. Kunis hattummaan qorannoo gaa'elaa keessa galee akka dhalli isaa dhala nama biroo waliin gaa'ela hinuumne, jilba lakkaa'ee akka jibbamaa ta'e agarsiisa jechuudha jedhee ibseera. Gama birootiin immoo, osoo hattuu qamax jedhi jechuun osoo hattuu harkaaf harkatti osoo namni si arguu battalumatti du'i jechuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Akka dhalli isaas gahee hinfuuneefi qacceen isaa itti hinfufne agarsiisa.

4.1.2.3 Sobuu

Sobuun qabiyyeewwan kakuu sirna kakuu Fooqa Darrabbaa keessaa tokko ta'ee, waan soba ta'e dhugaa gochuu yookaan waan dhugaa ta'e akka soba ta'etti fakkeessanii dubbachuu akka ta'e Goobanaa Dabal,(19/06/2011) ibseera. Haalli kunis dhugaa jal'isanii soba gochuu soba immoo dhugaatti fakkeessuu, sobaan ragaa bahuu, waadaa diiguu, dubbatanii haaluu, dhugaa jali'suun yookaan sobaan daangaa dhiibuu, matta'aa nyaachuun dhugaa bal'eessuufi kkf qabaachuun bifa garaa garaatiin sobni raawwachuu akka danda'u dabalee ibseera. Itti Dabalees Sobuun dhugaa fakkeessanii daangaa dhiibuu, ragaa sobaa ba'uu, liqeeffatanii dhowwachuu, jettejettee, waan raawwatan hin raawwanne waan hin raawwatiin raawwadheera jechuufi k.k.f soba jalatti hamatamu jechuun ibseera.

Akkasumas namni soba ilaalcha hawaasaa keessatti qabu yommuu ibsu.'' Sobduun hawaasa keessatti qofa galeessa ta'a.Yoo rakkatee hin gargaaramu yoo iyyes birmachuu hin qabu; ollaan ibidda hin kennuuf waan ta'eef jireenya gamtaa hawaasichaa keesssa ni haqama.Kanas afoola naannichaan yommuu ibsan geerarsa sobduu balaaleffatutti akka dhimma bahan akkas jedhu jedhanii ibsaniiru.

Osoo maxinoon jiruu
Xaafiin hinbarakatu
Osoo sobduun jirtuu
Gaariin hin barakatu
Uffannaan kutaa wayyaa
Akka qorraa hambisutti
Dubbannaan dhugaa wayyaa
Akka soba hambisutti jedhaniiru.

Geerarsa kanarraas kan hubatamu, saba kamuu biratti namni dhugaa dubbatuufi dhugaan hojjetu fudhatama hawaasaa qabaachuu isaati. Kunis, maxinoon qiixxaa xaafiin daaakamee caariggiin isaa tolfamu yookaan osoo hinbukaa'iin qiixxamu waan ta'eef akka xaafii baay'inaan fixu, akkasumas, sobni jiraannaan dhugaan kan miidhamu ta'uu yoo ibsu, gama kaaniin ammoo kutaan qorraaf qoricha akkuma ta'e dhugaan ammoo sobaaf qoricha ta'uu nuhubachiisa jechuudha.

Dabalataanis yoo ibsan miidhaa sobni hawaasa keessatti geessisu karaa addaa addaa ilaalamuu akka danda'u kaa'aniiru. Kunis namni bu'aa barbaade faayidaa hin malle argachuuf jecha soba

dubbachuu danda'a. Garuu sababa kamiinuu odeeffannoo doggoggoraa ta'e nama biroof dabarsuun deebisee ofuma yookaan matuma isaa kan miidhu ta'uu isaati. Kunis keessoo isaa nagaa dhowwata.Walumaagalatti sobduun dhugaa jal'isuun, waan dharaa dagaagsuun nageenya booressuun tasgabbiin akka hin jiraanne gochuun jiruufi jireenya hawaasichaa waan jeequuf akkuma dhimmoota biroo namni sobaan dhugaa dabsee waan dharaa hojjete tokko shakkamee seera kakuu Gadaa kanatti dhiyaatee kakachuun qulqullaa'ee jiraata jechuudha.

4.2 Meeshaalee Aadaa Kakuu Fakkoommii Isaanii Waliin

Meeshaaleen aadaa sirna kakuu Fooqa Darrabbaarratti tajaajilan maalfaa akka ta'aniifii tajaajila isaan kennan maal maal akka ta'e baruun akka barbaachisu gaaffilee bu'uuraa keessatti kaa'eera. Anis daawwannaa gaafa guyyaa 19/05/2011-19/08/2011 guyyoota afuriif bakka sirna kakuu Fooqa Darrabbaatti qaamaan argamuun sirnicha keessatti hirmaachuufi daawwachuun odeeffannoo gahaa ta'e funaannadheera.

Meeshaaleen aadaa dhimma kakuu kanaaf tajaajilamaniifi tartiiba ittiin tajaajilan waliin akka armaan gadiitti ibsuuf yaalamaniiru.Kunneenis meeshaaleen aadaa kanneen uummatni ofiin tolfatee waliin jireenya hawaasummaa isaa keessatti dhugaa badeefi haqa cabe eddootti deebisuuf yommuu kakatan kan qabatanii kakatanidha.Seerri erga sarbamee yakki walirratti hojjetamee booda namni seera walitti darbe akkaataa yakka isaatiin seera fuulduratti dhiyaata. Garuu yeroo mara yakka raawwateef ragaan argamuu dhiisuu waan danda'uuf bakka kanatti dhiyaachuun akka aadaafi duudhaa hawaasichaatti yakka raawwate hin raawwannne jedhee yoo haale meeshaalee kakuu kana qabachuun haqa jiru lafa kaa'ee akka kakatu taasifama. Meeshaaleen kunneenis hawaasicha biratti hiika, kabajaafi ilaalcha guddaa qabu.Kanaafuu namni kamiyyuu sobee meeshaalee kanatti yoo fayyadame kakate miidhaa jalaa hin ba'u jedhaniiru. Akka ibsa jaarsolii kanaatti meeshaaleen aadaa sirni kakuu kun ittiin raawwatamu bakka lamatti qoodamu. Isaanis;

1. Meeshalee Aadaa kakuu Nam-tolchee.
2. Meeshalee Aadaa kakuu kan uumamaati.

Mee tokko tokkoo isaanii bal'inaan haa ilaallu.

4.2.1 Meeshaalee Aadaa Nam-tolchee

Meeshaaleen kun kanneen dhalli namaa qabeenya uumamaatti fayyadamuun ofiisaatolchee kan tajaajila kakuu kanaafis oolfatudha. Isaanis;

4.2.1.1 Barcuma Dambiifi Harbuu

Akkuma mata duree irraa ibsamuuf yaalametti meeshaaleen barcuma harbuufi dambii irraa hojjetame kanarra jaarsoliin yeroo kakuu raawwachiisan qofa kan irra taa'anii kaksiisanidha. Mukkeen kunneenis tajaajila kanaaf kan filataman sababa mataa mataasaanii qabu. Mukti dambii akkuma Odaa kan Oromoon sirna Gadaa keessatti jala taa'ee ittiin wal bulchu muka ayyaantuu durii kaasee hanga yoonaatti wal bulchaa turee ammas jirudha.Muka harbuurraa barcumni hojjeetame immoo harbuun muka bishaan jalaa maddu, dhalli isaa kan nyaatamu, muka bona hin gogne, yeroo dubartiin deessuufi yeroo namni bineensota guguddoo kan akka arbaa, leencaa, gafarsaa ajjeessu ittiin jala taa'ee seera addaa addaa ba'u yeroo mara muka lalisaa waan ta'eef filatamee sirni kakuu kanaaf teessuma jaarsolii kakaa ta'ee tajaajila. Kanaafuu, mukti dambii Odaa oromootti, mukti harbuu ammoo bakka lalisaafi jiidhina qabu, kan lubbu-qabeeyyii hedduun firiisaa sooratan ta'ee, fakkoomuudhaan dhimmicharraa hundumtuu fayyadamaa ta'uusaa ibsa.



Suuraa 8: Barcuma Dambiifi Harbuu duraa duubaan



Suura 9: Barcuma dambiifi harbuu yeroo jaarsoliin irra taa'anii kaksiisan

4.2.1.2 Barcuma Eebichaa

Barcumni eebichaa kun muka eebicha irraa kan tolfame ta'ee kan shakkamaan irra taa'ee kakatudha.Mukti eebichaa uumamaan mukkeen biroorraa adda ta'ee baallisaa, hiddisaafi jirmi isaa yoo arrabaan tuqan hadhaawaa waan ta'eef aadaa uummata Oromoo naannawaa sanaa keessatti hiika mataasaa qaba. Namichi shakkamaan barcuma kanarra taa'ee kakatu jireenyi isaa gogaafi hadhaawaa akka ta'utti amanama.Yeroo kakuu isaa xumuree ka'us barcumicha miilla isaa bitatiin dhiitee kuffiisee sokka. Kunis fakkoomii mataasaa akka qabu jarsoliin kun ni ibsu. Naan haahadheessu jechuufi yoon horiin yookaan dabaan namicha kanaa narra jira ta'e bitaa naa haa galchu jechuufi badii waliin wal qabachuu isaatti akka fakkoomu dabalanii ibsaniiru. Haaluma kanaan barcumni eebichaa kun hadhaawaa waan ta'eef, namni irra taa'ee sobaan kakatu jiruufi jireenyi isaa hadhaawaa ta'uun osoo qaama tokkottillee hinmi'aawiin umuriisaa guutuu kan dabarsu ta'uutti fakkooma jechuudha.



Suura 10: Barcuma Eebichaa yeroo irra taa'amee kakatamuufi erga kakatee booda yeroo inni miila bitaatiin dhiitee kuffisu

4.2.1.3 Eeboo

Eeboon meeshaalee aadaa sirna kakuu Fooqa Darrabbaa keessatti tajaajila kennan keessaa tokko ta'ee, meeshaa waraanaa sibiilarraa kan hojjetameefi meeshaa seera dhugaa baasisuufi yemmuu kakuu itti dhimma ba'uun kakachiisanidha.

Shakkamaan badii tokko hojjeteera jedhamee shakkamee eeboo sana fudhatee qara isaa lapheesaatti qabatee yoon badii kana yookaan yakka kana raawwadheera ta'e;

Eeboon qara sagalii ana haa waraanu
Eeboon waaqaa ana haa waraanu
Eeboon qara shanii ana haa waraanu
Arfiin eeboo kanaa laphee koo waraanee
Dugda koon haa ba'u
Qe'ee koofi dhala koo eeboof haa godhu
Jireenyi koo eeboo natti haa ta'u
Qaama koo keessa eeboo haa dhaabu

Jechuudhaan kakata. Kakuun kun yemmuu qaacceffamu, sirna Gadaa keessatti eeboon qara sagalii ijoollee saglan Booranaa, eeboon qara shanii amma gaggeessa Gadaa shananii bakka bu'a. Eeboon waaqaa ana haa waraanu yoo jedhus bakakkaan waaqarraa bu'ee waan hin yaadamne, waan hinjirre, rakkoon itti hinbeekamne, rakkoon tasaa uumamee ana haa rukkutu jechuun akka bakka bu'amu jaarsoliin kun ibsaniiru. Horiin, dhalli, qabeenyaan akkasumas jireenyi namicha kakatu kanaa akka eeboo qara qabatee iyyummaan narra haa turu kan jedhutti hiikamuu ni danda'ama. Gama biraanis, qaama koo keessa eeboo haa dhaabu yoo jedhu dhukkuba nama hinsochoofne na keessa dhaabee jiruufi jireenya koo boqonnaa haa dhoowwatu kan jedhuun hiikamuu danda'a



Suuraa 11: Eeboofi yeroo kakataan qara eeboo ofitti qabee kakatu

4.2.1.4 Mutaa

Akkuma suuraa armaan gadiirraa argamuu danda'utti Mutaanis meeshaa aadaa namtolchee sibiilarraa qaqallatee hojjetamu yoo ta'u namichi shakkame/shakkamte sana mutaa harkaan qabsiisanii akkas jedhanii kaksiisu, muticha cinaacha isaatti akka qabatu godhanii yoo waan shakkame kana raawwadheera ta'e.

Mutaan waaqayyoo na haa waraanu
Jireenyi koo mutaa natti haa ta'u
Mutaa ta'ees na haaquqquuqu
Akka mutaa kanaa na haa qallisu
Mutaan qaamakoo keessaa hin bahiin
Ibiddi waaqaa mutaa natti haa ta'u.

Jechuudhaan kaksiisanii dhugaan akka bahu godhama jedhanii ibsaniiru.Ergaan kakuu kanaa shakkamaan waan itti shakkame kana akka mutaa kanaa qal'atee haa dhumu jechuu isaati. Jireenyi isaa akka hin dheerannetti akka ilaalamu hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaanis, mutaan waaqayyoo, ibiddi waaqayyoo mutaa ta'ee ana haawaraanu yoo jedhu rakkinni, dhukkubni, gadadoon tasaa waaqarraa natti dhufee akka mutaa na qallisee, umurii guutuu jireenya koo keessaa hinbahiin jechuu akka ta'etti hiikama. Mutaan waaqayyoo waraansa dhukkubaatti, qallinni mutaa hiyyummaatti, ibiddi waaqayyoo bakakkaatti fakkoomeera.



Suuraa 12: Mutaafi yeroo ittiin kakatamu

4.2.1.5 Rasaasa

Rasaasni meeshaalee waraanaa kan aadaa sirna kakuu Fooqa Darrabbaatti tajaajila kennan kanneen nam tolchee ta'an keessaa tokko ta'ee shakkamaan rasaasa qabatee arrabaan arsasii isaa tuqee akkas jedhee kakata jedhu.

Rasaasni waaqayyoo ana haa rukkutu
Rasaasa kanaaf ana haa godhu
Hanga ji'a kanaatti
Rasaasni kun mirgaan na dhahee
Bitaan na haa kuffiisu
Osoon karaa deemuu
Rasaasa kanaaf ana haa godhu.

Jedhee kakatee dhugaa baha.Akka yaada kakuu kanaatti rasaasni bifaan xiqqoo kan taate yoo rukkuttu kan hinmaarre, mirgaan lixxee bitaan yookaan lapheen lixxee dugdaan baatee qaama namaas ta'e kan biroo miidhuu kan dandeessu bakkaafi yeroo addaa addaatti kan nama hinsodaanneefi hinfilanne taatee meeshaa aadaa sirna kakuu kanaa keessatti sodaachisaafi bakka olaanaa kan qabudha. Kakuu kana keessatti rasaasni waaqayyoo dhibee tasaan yoo fakkeeffamu, rasaasa kana yoo jedhu immoo rasaasichuma mataasaaf ana haagodhu, mirgaan ana dhahee bitaatti ana haakuffisu yoo jedhu immoo duuti sirriin mirgaatti kufuu yoo ta'u, bitaatti kufuun garuu du'a du'a caalu ykn du'a yaraa akka du'uu qabu ibsuun walfakkeessu. Fakkeenyaaf: lukkuun morma kunnaan yoo bitaatti kufte du'a sirrii waan hintaaneef, gatanii hamma isheen gara mirgaatti kuftutti qaluun dur duudhaa beekamaa akka ta'etti fudhatu.



Suuraa 13: Rasaasaafi yeroo ittiin kakatamu

4.2.1.6 Cancala/Luugama

Daawwannaa kanarraa hubachuum akka danda'ametti meeshaalee aadaa kakuun Fooqa Darrabbaa keesssatti tajaajila kennu keessaa tokko cancala/luugamadha.Luugamni meeshaa kakuu nam tolchee keessaa tokko ta'e namni shakkame sun luugama kana harkaan qabatee afaan isaatiin tuqee yookaan ilkaan isaatiin ciniinee akkana jedhee kakata.

Kun luugama, horii abaluu fuudheera yoon ta’e
Yakkan itti shakkame kana hojjedheera yoon ta’e
Afaankoo akka hin dubbanne
Arrabni koo akka hin hiikamne
Ana luugamee ana haa qabu
Akka sibiila kanaa ana haa diilalleessu

Jechuudhaan kakatee amanama jedheera. Luugamni afaan kotte duudaa (gaangee, farda, keessa galee luugamee akka oliifi gadi hin sochoone sirriitti akkuma qabu, namni shakkame sun yoo yakka sana hojjeteera ta’e afaan isaa akka hin dubbanne, arrabni isaa akka hidhamu akkasumas akka sibiilaa akka dilallaa’uu amantaa jedhu qaba. Kanaafuu, luugamni hidhaatiin, sibiilli diilallaan walfakkaatu jechuudha.



Suuraa 14: Cancalaa/Luugamaafi yeroo ittiin kakatamu

4.2.1.7 Qabduu

Qabduun meeshaa aadaa kakuu Fooqa Darrabbaaf oolu meeshaa dhalli namaa sibiilarraa tolchu ta’ee ibiddas ta’ee diimataa qabuuf kan tajaajilu meeshaa qabee gadi hin dhiisne waan harkaan qabuun hin danda’amne waldabarsee kan qabu(fknf, akka ilkaaniifaa) yoo harki qabduu gadhiise malee kan hin gadhiifne akka ta’e sibiila dilallaa’aas akka ta’eefi shakkamaan meeshaa aadaa kakuu kanaan kakatus;

Kun qabduudha
Qabduu qaa godhee qabu
Kakuun kun akka qabduu kanaa
Qaa godhee na haaqabu
Qabee gadi na hindhiisiin
Qabee na hinkattisiisiin
Jiruufi jireenyi koo marti
Akka qabduu kanaan haa qabamu

Jechuun kakata. Kakuu kana yemmuun qaaccessus, qabduun sibiilaa, sibiila ilkaan waldarbee waan tokko qabu ta'ee, namni shakkame sun qabatee akka kakatu ta'ee, yoo sobee kan kakatu ta'es, afaan namichaa akka hindubbanne akka qabamu jiruufi jireenyi isaa waan akka qabduu sibiilaa kanaan akka qabamutti amanama. Kanaafuu, qabduun akka rakkoo cimaa, dhukkuba cimaa, gadadoo cimaatti walfakkeessuun tajaajilameera.

Afoola yookaan kakuu kana keessatti malleen dubbii jiran keessaa nameessuutti fayyadamuun akka mul'atu ilaaluun ni danda'ama. Kunis kakuun kun qabee gadi na hindhiisiin yoo jedhu gocha dhalli namaa raawwachuu danda'u qabduu sibiilaa gonfachiisuu isaa hubanna.



Suuraa 15: Qabduufi yeroo ittiin kakatamu

4.2.1.8 Lilmoofi Alangaa citaa

Lilmoofi alangaa citaanis meeshaa aadaa sirna kakuu Foqa Darrabbaa keessatti kan tajaajilan yoo ta'u, namni shakkame jaarsolii Gadaatiin qoratamee araaramuu yookaan amanuu yoo dide meeshaalee kana harkaan qabsiisuun akka dhugaa baasu ni taasifama. Kunis:

Yoon badiin itti shakkame kana raawwadheera ta’e,
Akka lilmoo kanaa na haa qallisu
Akka alangaa kanaa hormaata koo haa kutu
Dhugaa koo haakutu
Umurii koo haakutu

Jechuun kakata. Kakuu kanas yemmuun qaaccessu, lilmoon sibiila qal’oo waan taateef, namichi sobeera yoo ta’e qaamni isaa akka lilmoo sanaa qal’atee akka dhumu amanamee kakatama yookaan kaksiifama. Gama birootiin immoo alangaan meeshaa Abbaa Alangaa waliin wal qabatee seera waliin walitti dhufeenya qabu kan gogaarraa hojjetamu ta’ee citaa waan ta’eef kunis fira (qaccee) ofirraa citanii qophaa akka jiraatanitti akkasumas, dhaloonni namicha kakatuu gidduutti akka citee hormaanni dhaabbatutti amanama. Fakkoommiin meeshaalee kanaas, lilmoon qallinatti, alangaa citaan immoo hormaata, umuriifi dhugaa citutti fakkeeffameera. Dubbii qoolaa kakuu kana keessatti fayyadames dubbii qoolaa Akkee/Akkasaa dha.Kunis amala waantota lamaa jechuunis lilmoofi qal’inaa shakkamaa akkasumas alangaa citaafi qaccee shakkamaa sanaa ta’a.

4.2.2 Meeshaalee Aadaa kakuu kan uumamaa

Akkan ofii koo bakka sirna Gadaa Fooqa Darrabbaatti qaamaan argamee daawwadheefi akka Baqqalaa Akkasaa, (19/06/2011) ibsetti meeshaaleen aadaa kakuu kan uumamaan argaman kanneen dhalli namaa osoo jijjiirama tokko irratti hin taasisiin akkauma jiranitti kakuuf itti fayyadamanidha. Isaanis: Akka tartiiba raawwii kakuu keessatti isaan fayyadaniin akka armaan gadiitti tarreessaniiru.

4.2.2.1 Lafee

Lafeen meeshaa aadaa kakuu kan uumamaa ta’ee lafee irra caalaa beeylada/namni foon isaanii nyaaturraa/kan argamu ta’ee jaarsoliin sirna Gadaa shakkamaa kana lafee sana harkaan qabsiisanii akkas jedhanii kaksiisu jedheera.

Akka lafee kanaa
Foonkoo fixee
Lafeetti na haa hambisu
Ana haa gogsu
Lafeekoo lafa keessatti
Lubbuu koo waaqa keessatti
na haa gubu

Jechuun kakatee qulqullaa'a jedheera. Kakuun armaan olii kun kan mul'isu, lafeen dura qaama beeyladaa keessaa tokko ta'eefi foon uffatee kan ture har'a garuu, foonichi irraa dhumee qul'aa kan ta'edha. Kanaafuu namichi yoo sobee kakates duraan qaamni isaa, manni isaa, dallaan isaafi jiruufi jireenyi isaa guutuu kan ture akka lafee kanaa qullaa ta'a amantaa jedhuti jira jedheera.



Lafee

Suuraa 16: Lafeefi namicha qabatee kakatu

4.2.2.2 Dhagaa

Dhagaanis meeshaalee aadaa kakuu Gadaa Fooqa Darrabbaarratti tajaajilaan keessaa tokko ta'ee shakkamaan dhiyaatee lafa irratti qabatee akkana jedhee kakata.

Kun dhagaadha
kan hin dubbanne
Kun gogaadha
Kan hin sochoone
Duudaadha
kan hin dhageenye
Kan Jijjirama hin qabnbe
Kan hin guddanne
Kan hin dubbanne
Kan wal hin horre
Kan hin margine
Kan hin argine
yoon gochaan itti shakkame kana raawwadheera ta'e
akka dhagaa kanaa na haa godhu

Jedhee kakata. Kakuu kanas yoo qaaccessinu, dhagaan kan hinguddanne, kan hindubbanne, duudaa, kan hinhorre waan ta'eef, akkuma kanaa na haagodhu jechuun kakatama.Fakkoommiin dhagaas, duudaa, du'aa, gogaa. Maseena, quucaraafi kkf fakkeeffameera.



Suuraa 17: Dhagaafi isa qabatee kakatu

4.2.2.3 Gaafa Kormaa/Kallacha Gadaa

Meeshaalee aadaa sirna kakuu Fooqa Darrabbaatti fayyadmu keessaa tokko gaafa kormaa akka ta'e daawwannaa kanarraa hubachuun danda'ameera.Akka daawwannaa kanaatti gaafa kormaa kana kallacha Gadaatiin kan wal fakkeeffamu ta'ee eddoo guddaa qaba. Shakkamaan yeroo kakatus kallacha kan lafee wajjin harkatti qabatee;

Kun kallacha kormaati
Kallacha Gadaati
Yoon sobee ragaa bahe
Gaafti kormaa na in dhabiin
Laphee koo waraanee dugdakootiin haaba'u
Addi koo haacabu
Gadaa lama na hinargisiisiin

jedhee kakata. Kakuu kana yoo xiinxallus, gaafti kormaa qaradha. Ana haawaraanu, kallachi gadaa meeshaa gadaati. Gadaa lama na hinagarsiisiin, addi koo cabee mo'amuuf na haasaaxilu jechuu yoo ta'u, gaafti kormaa kallacha Gadaa, addi kormaa mo'ichaan fakkooma.



Suuraa 18: Gaafa Kormaa/ Kallacha Gadaa/fi yeroo ittiin kakatamu

4.2.2.4 Qoraattii

Qoraattiin meeshaa kakuu keessaa tokko ta'ee Oromoon ilaalcha guddaa akka irraa qabu hubadheera. Kunis namni qoraattii kana qabatee kakate yoo ni soba ta'e, bakki inni taa'u, bakki inni ciisu, walumaagala jiruufi jireenyasaa qoraattii itti ta'a jedhamee amanama waan ta'eef baay'ee sodaatama jedheera. Shakkamaan kun yommuu qoraattii qabatee kakatus;

> Qoraattiin waaqaa na haa waraanu
> Lafti qoraattii natti haa ta'u
> Namni qoraattii natti haa ta'u
> Jiruufi jireenyi koo qoraattii natti haa ta'u

Jedhee kakata. Qoraattiin akka ilaalcha namoota naannootti kan qarrisaas amala nama waraanee miidhu qabu, kan waraanee nama keessaa hin baanee bakka bu'a.Kanaafuu, akka yaada kakuu kanaatti qoraattiin waaqaa eeboo cimaa, bakkiifi lafti inni irra jiraatu, namani inni waliin nyaatu hundi qoraattii akka itti ta'utti amana jechuudha.

4.2.2.5 Muka Boqqolloo

Mukti boqqolloo kun kan iji yookaan sanyiin irraa fellamee qullaatti hafee jirudha. Kanaafuu shakkamaan muka boqqolloo kana qabatee yoo kakatu;

Akka muka boqqolloo kanaa gogsee na haa hambisu jechuudhaan kakata. Kunis waan qabuufi horee hunda fixee qullaatti hafee waan mul'isuuf sodaachisaadha jedheera.

4.2.2.6 Daaraa

Akka Tamasgeen Addaamoo,(19/07/2011) ibsetti daaraan akkuma beekamu gubataa waantota addaa addaa hafee bifa adii qabu ta'ee akka daakuutti kan mul'atudha.Jaarsoliin kakuu kanaas shakkamaa kana daakuu daaraa kana harkaan qabsiisanii,

Akka mukti gubatee daara ta'e
Anaanis gubee daara na ha godhu
Jireenyakoo gubee daaraa haa taasisu
Dhalakoo gubee daaraa haa godhu
Qabeenyaafi qee'eekoo daaraa haa godhu
Daaraa godhee lafarraa na haa balleessu
Qaama koo daaraa haa uwwisu
Akka daaraa kanaa lubbuu koo
qilleensa keessa haa bunuunsu

Jechisiisanii kaksiisu. Shakkamaan kun sobee kan kakatu yoo ta'e amala daaraan qabu ni goonfata jedhama.Kunis akkuma daaraa afuufamee qillensa keessa bununee bada jechuudhaan ibseera. Kanaafuu, daaraan waan harkaan hinqabamne, waan ijaan hinmul'annettifi waan gubatee badutti fakkooma.

4.2.2.7 Dikee Loonii

Dikeen loonii meeshaa aadaa kakuu sirna kanaa ta'ee akka tajaajiluufi naannichi shakkame sun yoo duraan araara dide dikee loonii qabatee akka dhugaa bahuuf afoola armaan gadiitti akka fayyadaman ibsaniiru. Innis nama shakkame sana dikee loonii kana harkaan qabsiisuudhaan;

Horiin dikee hagu qee'eekoo hin dhaabbatiin
Horiin dallakootii haa faca'u
Hormaatakoo haa gabaabsu
Kan dhalate naaf hin guddatiin
Kan guddate hin dubbatiin
Kan dubbate hin mul'atiin
Horiifi namaan ana haa balleessu

Jechuun kaksiisuYaada armaan olii kana yemmuu qaaccesinu dikeen loonii hormaata loonii waliin waan wal qabatuuf horiin qee'ee namichaa hin jiru taanaan dikeenis, qabeenyis akka qee'ee isaa hin jirre nu hubachiisa.

Walumaagalatti, meeshaalee aadaa kakuu kanaafi akkaataa kakuun itti gaggeeffamu daawwannaa taasifamerraa hubadheera. Haaluma kanaan, guyyoota arfan daawwannaa gaggeesse keessatti namoota bakka kanatti argamuun sirna kakaa kana raawwataniifi jaarsaan araaraman gabatee armaan gadii irratti kan cuunfamee taa'e ilaaluun nidanda'ama.

Gabatee Bu'aa Daawwannaa Gaafa 19/05/2011-19/08/2011 Guyyoota 4f Fooqa Darrabbaarratti taasifamerratti Gosoota Kakuu Raawwatameefi Araara Gaggeeffame Agarsiisu.

T/L	Guyyaa	Baay'ina Himata Dhiyaate	Ramaddii ykn Gosoota Himataa	Baay'ina Gosoota Himataa	Namoota Wal Himatan Sabaan			Namoota wal Himatan Koorniyaan			Namoota Himataman Amantaan				Firii Himataa	
					Oromoofi Oromoo	Oromoofi Amaara	Amaaraaf Amaara	Dhiiraafi Dhiira	Dhiiraafi Dubartii	Dubartiifi Dubartii	Ortodoksii	Musliima	Pirootestaantii	Waaqeffata	Araara	Kakuu
1	19/05/2011	13	Waa'ee daangaa Lafaa	6	3	1	2	5	1	-	3	1	1	1	4	2
			Hanna	3	2	1	-	2	1	-	1	-	1	1	2	1
			Reebicha	2	2	-	-	2	-	-	1	-	-	1	2	-
			Arrabsoo	2	2	-	-	1	-	1	1	-	1	-	2	-
2	19/06/2011	11	Ajjeechaa Horii	3	2	1	-	3	-	-	1	-	1	1	3	-
			Qarshii wal dhowwachuu	6	4	1	1	4	1	1	2	1	1	2	5	1
			Jette jettee	2	2	-	-	1	-	1	1	1	-	-	1	1
3	19/07/2011	16	Qarshii wal dhowwachuu	4	2	1	1	2	1	1	1	1	1	1	3	1
			Waa'ee Lafaa	6	3	3	-	5	1	-	2	1	1	2	5	1
			Arrabsoo	3	3	-	-	1	-	2	1	1	1	-	3	-
			Ashaailtuu mancaasuu	2	-	1	1	1	1	-	2	-	-	-	1	1
			Mana Gubuu	1	-	-	1	-	1	-	1	-	-	-	-	1
4	19/08/2011	15	Waa'ee daangaa Lafaa	6	2	3	1	5	1	-	2	1	2	1	4	2
			Qarshii wal dhowwachuu	5	3	1	1	3	1	1	2	1	1	1	4	1
			Ragaa Sobaa Bahuu	2	1	-	1	1	-	1	1	-	1	-	1	1
			Ajjeechaa Horii	2	1	1	-	2	-	-	1	-	1	-	2	-
Idaa'ama				55	32	14	9	38	9	8	23	7	14	11	42	13
Idaa'ama Persantaan					58.2	25.45	16.36	69	16.4	14.54	41.81	12.7	25.4	20	76.36	23.6

Gabatee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti, daawwannaa gaggeeffamee ture kana keessatti wantoota raawwatan akka armaan gadiitti cuunfinee kaa'uu nidandeenya. Isaanis:

- Sirna Fooqa Darrabbaa kana keessatti kakuufi araarri gaggeeffamu garaagarummaa sabaa, koorniyaa, amantaafi kana fakkaataniin kan hindaandeffamne ta'uu,
- Namoota walhimatanii bakka sirna sanaa dhufan keessaa irra caalaan araaramanii kan waliin jireenya isaanii waliin itti fufan ta'uufi kan kakaatti seenan xiqqoo ta'uu,
- Himanni dhiyaatu kan ragaan namaa hinjirreefi himatamaafi himataan qofti kan walqulqulleessaa deeman ta'uu,
- Kakaan kan gaggeeffamu yoo ta'e, haala amantaa hintuqneen kan raawwatu ta'uu. Fakkeenyaaf, namoonni amantaa pirootestaantii hordofan macaafa qulqulluu qabatanii kan dhugaa bahan ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Fakkeenyaaf, daawwannaa koo gaafa 19/08/2011 gaggeesse keessatti dubartiin piroteestantii tokko dubartii tokkoon jette jetteen himatamtee yoo dhugaa baatu:

> Kun macaafa Qulqulluudha
> Macaafa sagalee Waaqayyoodha
> Dhugaan dhugaa Waaqayyooti
> Eeyyeen koo Eeyyee kooti
> Yoon waanin itti shakkame kana raawwadheera ta'e
> Sagalee Macaafa kana keessatti caafamee jiru natti haa ilaalu.
>
> Jechuudhaan amanamtee galuushee hubadheera.



Suuraa 19: Yeroo dubartiin haala amantaa isheetiin kakattu

4.3 Gahee Afoolli Raawwii Kakuu Fooqa Darrabbaa Keessatti Qabu

Afoolli jiruufi jireenya hawaasaa tokko keessatti kallattii garaagaraatiin aadaa, duudhaa, amantaa, barsiifataafi kkf hawaasichaa kan calaqqisiisu keessaa tokko ta'ee gosoota adda addaa akka qabaatu sakatta'a barruu qorannoo kanaa keessatti ibseera. Gahee afoolli sirna kakuu Fooqa Darrabbaa kana keessatti qabu kanas gaaffilee bu'uura qorannoo kanaa keessaa tokko taa'ee dhiyaatera. Haaluma kanatti daawwannaa gaafa 19/05/2011 fi hanga 19/08/2011 guyyoota afuriif bakka kakuun kun itti gaggeeffamu deemuun akka hubachuun danda'ametti ragaalee qaacceffaman akka armaan gadiitti tarreessuun yaalameera. Akka armaan oliitti qorannicha keessatti ibsamuuf yaalametti yeroo shakkamaan dhimma tokko meeshaalee kakuu kana qabatee yemmuu kakatu, afoola sagalee dhama muuziqaa qabuun kaksiisaafi kakataan wal jalaa qabuun afoola hurruubsiisuun akka itti fayyadaman hubachuun ni danda'ama.

Gama birootiin, Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kana keessatti kan jaarsoliin kakuu baay'inaan hojii isaanii kana milkeessuuf itti fayyadaman makmaaksadha.Akkuma afoola Oromoo keessatti beekamu

> "Makmaksi Kooba dubbiiti,''
> Buddeenni ittoo hin qabneefi
> dubbiin makmaksa hin qabne
> hin mi'aawu,''

Akkuma jedhamu makmaaksi dubbii fiduufi yookaan dubbii fixuuf tajaajila olaanaa kenna. Makmaaksota jaarsoliin kakuu kun akka fakkeenyaatti ilaaluun kan danda'amu ta'ee, makmaaksonni kunneenis ergaa isaan namoota wal himatan sana walitti fiduudhaaf kan tajaajilan ta'u. Fakkeenyyaf, namootni wal himatanii gara jaarsolii sirna kakuu Fooqa Darrabbaa kanatti yommuu dhiyaatan jaarsoliin walitti araarsuuf taa'an kun himataas ta'e himatamaan dhimma wal himatan sana irratti miidhaa ga'e yookaan uumame jaarsoliitti yommuu himatan jaarsolii kana haalaan (sirriitti) hubachuuf miidhamaa yookaan nagaa of fakkeessuudhaaf haafas baalas akka hin tarreessinefi dhimma ijoo qofa ibsachuun gaarii akka ta'u ni hubachiisa. Haluma kana gorsanii gorsanii gudunfaa isaa makmaaksaan yommuu fixan/goolabaman;

> Kan tulluu asii iji argee
> Kan tulluu achii yaadni arga

Jechuudhaan dubbicha/dhimmicha/gudunfu. Kunis kan makmaakamu kan arganiifi kan dhaga'an hunda himachuun/tarreessuun/akka hin barbaachifnedha. Kunis shakkamaan dubbii dubabtamu

keessatti haafas baalas akka hin funaanne/dubbadnne/waan ijoo ta'e qofaa irratti akka dubbatuuf makmaakama.Shakkamaan yoo amanuu dide haaluudhaan kakatti kan gamu yoo ta'es;

''Kan abaarameefi kan akaawame tokko,''

jechuudhaan akka inni bayyannatu godhee walitti araarsa.

Gama birootiin himataafi himatamaan dhimma dhokataa tokkorratti walshakkanii jaarsolii kakuu ifa gochuu didee mormuu baay'ise jaarsoliin makmaaksatti fayyadamuun qorannoo isanii cimsatu kunis;

Daandii dhokattuufi
Jaartii soofattu ollatu beeka

Jechuudhaan kan shakkamaan yaada isaa dhokfachuu fedhe akka hin dhokfanneefi hojii inni hojjetu kan beeku ollaa isaa ta'uufi yakkichi boru iftaan ifa bahuu/dhugaa ta'uu ni danda'a jedhanii shakkamaa sana amansiisuudhaaf yaalu. Yoo kana didee sobee kakates boor-iftaan mul'achuu akka danda'uufi gaabbiin dhufuu akka danda'u muuxannoo qaban irraa walitti himu.

Kana malees namoonni baay'een kan isaan wal himatan dhimma lafaa waan ta'eef daangaa lafaa wal dhiibuun ni mul'ata. Kanaafuu jaarsoliin kun namoota dhimma lafaa irratti wal dhaban kana qoratanii abbaa rakkoo kan daangaa darbe kana erga hubatanii booda yommuu gorsan makmaaksaan gorsa isaanii gaggeessu. Kunis,

''Lafti nama nyaatti,''

Jedha Oromoon. Ergaa makmaaksa kanaa jaarsolii keessa Baqqalaa Akkasaa, (19/06/2011) ofuma isaa yoo ibsu, lafti nama nyaatti jechuun namni hundumtuu yeroof malee waan du'uun hin oolleefi kan itti awwaalaman lafuma keessatti waan ta'eef kanaaf jedhanii lafarratti wal dhabuun, walloluun, wal arrabsuun, wal ajjeessuun cubbuu guddaadha. Kanaafuu egereen namichaa abaaramaa ta'a jedhu. Dhimmuma kana makmaaksa biraatiin yoo cimsan,

''Kan qilxuun hin dadhabiin,
simbirri wal dadhabdi,''

Jedhamaa adaraa lafti isin geessi wal hin lollinaa jedhee kadhata. Walumaa galatti himataafi himatamaan kan wal lolan lafarratti yoo ta'e, lafti kan irratti awwalamaniifi hanga lubbuun jirutti nama hunda kan wal ga'uu danda'u ta'uu ibsu. Gama birootiin dhimma kana gosoota afoolaa malleen dubbii keessaa yoo ilaalle nameessatti fayyadamuun gocha dhalli namaa raawwachuu

danda'u lafaaf kennuudhaan lafti akka nyaachuu, dhuguu danda'utti goonfachiisanii afoola dubbii qoolaa hojiirra oolchuun dhimmichi akka xiyyeeffannoo guddaa qabaatu tajaajileera. Gahee afoolli sirna kakuu kana keessatti tajaajilu keessaa kan biroon immoo namootni wal himatanii jaarsolii biraattii yommuu dhiyaatan wal shakitoonni waliif fira ta'uu ni danda'u.Fira ta'uu isaanii erga hubatanii booda mala ittiin walitti araarsan barbaacha makmaaksa,

''Firaafi ija xiqqootuu ga'a,''

jechuudhaan itti makmaaku. Kunis himataan himatamaadhaan akka midhaa bay'een irra hin ga'iiniifi kana boodas dafanii araaramuu akka qaban yommuu gorsanidha. Ergaa makmaaksa kanaa yommuun qaaccessu, himataafi himatamaan fira yommuu ta'an osoo hin kakatiin dura akka waliif gaabban itti makmaakama. Akka isaan dafanii walitti araaraman, gorsa baay'ee akka hin barbaachifne firriifi firri dafee waliif gaabba, ija keessas hubni xiqqoon buutee dhukkubsatu, firris dafee waliif nahee, waliif gaabbee akka araaramuuf makmaaksi kun makmaakama.

Kanumatti dabalaniis akka dafanii araaramuu qaban,''

Horuuf wal arraabee
Baduuf wal nyaate,''

jedha Oromoon jedhu. Ergaan makmaaksa kanaa maatiin yoo wal himate badiifi hiyyummaaf akka saaxilamuufi yoo wal jaallate garuu, jireenyi isaa gaarii akka ta'u ibsa. Horuuf wal arraabuun jireenya gaarii jiraachuu akka ta'e, baduuf wal nyaachuun badiifi hiyyummaaf kan wal kennan yoo ta'u abaarsi hiyyummaa bakka bu'a.

Himataafi himatamaan dhimma icciitiin waliin qabaachuufi booda kan wal haalan ta'uu yommuu afoolaan ibsan, makmaaksa,''

Asaassitee wal bartee,
iyyitee wal baaste,''

jedha. Oromoon jedhu.Ergaan makmaaksa kanaas wal shakkitoonni ragaa tokko malee wal amananii icciitii gidduu isaanii jiru dagachuun wal himachuun jaalala duraan jiru dagachuun icciitii dhokataan wal saaxiluun sirrii akka hin taaneefi jarri araaramuu akka qabaniif makmaaku. Gama biroon shakkamaan himatarratti rakkoo siirrii ta'e, miidhaa beekamaa geessisee yoo himatame erga yaada isaanii fuudhanii dooda araarsuuf jecha makmaaksota armaan gadii makmaakuuf. Kunis;

‘’Iji baddus bakki ijaa hin baddu,’’ akkasumas,

‘’Dhugaan ni qallatti malee, hin cittu,’’

fi kkf makmaaksaan ibsatanii akka shakkamaan dhugaa jiru lafa kaa’ee amanu taasisu. Kunis yeroo mara namni dhugaa qabu mo’ataa ta’uu ibsuuf tajaajilamu.

Makmaaksota jaarsotiin kakuu hambisuuf makmaakaman hedduun akka jiran beekuun barbaachisaadha. Makmaaksonni kun kakuu akka hin taaneefi namni dhugaa hojjetu waliin jiraachuu akka qabu, sobaan kakachuun rakkoo akka qabu yeroo baay’ee shakkamtootaaf ni ibsu. Fakkeenyaaf;

Nama ija fincaanii sodaattee

Waaqa ija ibiddaatti hin kakatiin

Jedha Oromoon jechuun akka shakkamaan waan soba ta’e tokkotti dhugaa jal’isuuf kakatu balaaleffachuun makmaakee kakarraa akka wal hambisu yookaan baraaru hubachuun ni danda’ama. Bakka Fooqa Darrabbaatti jalqaba namoota wal shakkan walitti araarsu

Walumaagalatti jaarsoliin namoota walitti bu’an araarsuuf taa’an kun akkuma namni ulee gogaa moora dibee dhidhiibee ibiddatti karkarsee sirreessee qabatu, jaarsoliinis namoota wal dhaban sana walitti fiduun akka araaramanii nageenyaafi walshakkiin hafu gochuun akkasumas warra lamaanuu dhugaa qabna jedhanii araara didan akka araaraman gochuu keessatti ga’ee afoolli taphatu armaan olitti qaaccessa taasifame irraa hubachuun ni danda’ama. Afoolli kunis bakka kakuu sanaatti hurrubummaa godhamu gochaafi jechaan raawwachuu dabalatee kan makmaasaan deggeramuun hojiirra oolanii namoota walshakkaniif araaraafi nageenya buusan hedduu ta’uu qaaccessa qorannoo kanaarraa hubachuun ni danda’ama.

4.4 Faayidaa Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa Qabu

Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa kun hawaasa Aanaa Kiiramuufi naanawwaa sana jiraataa jiraniif faayidaa maal maal akka tajaajilaa jiru gaaffilee qorannoo kana keessaa tokko ta’ee qorannicharraatti dhiyaateera. Haaluma kanaan af-gaaffii gaafa 29/06/2011 hojjettoota mana murtii Aanaa Kiiramuu keessaa namoota lama abbootii seeraa, tokko ofiisera seeraa fi tokko immoo qabaa mallaqaa waliigala namoota afur kan ta’an gaaffilee banaa dhiyaatan irraa kan qaacceffaman dhiyaataniiru. Gama biroonis gaafa 29/07/2011 waajjira haqaa Aanichaa keessaa af-gaaffichi dhiyaatee, deebiin kenname irratti ragaan qaacceffameera. Maree garee

xiyyeeffannoo bakka bu'oota Abbootii Gadaa gandoota aannichaa keessa jiran keessaa kan walitti bobbaa'an jaarsoolii dhiiraa 7(torbaa) fi hojjettoota waajjira Aadaa fi Turizimii keessaa namoota dhiira lama dubara tokko walitti sadii dimshaashumatti dhiira 9 fi dubara 1 walitti kudhan ta'ani jidduutti mareen geggeefamee kan ragaan isaa qaacceffame akka armaan gadiitti dhiyeessuun yaala.

Akkuma gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaratti erame kakuu Fooqa Darrabbaa kun seera biratti fudhatamummaafi faayidaa inni hawaasa naannoo sanaaf qabu ilaalchisee gaaffileen afaanii qaamolee armaan olitti eeramaniif dhiyaataniiru.

Haaluma kanaan Abbootii seeraa Daamxoo Kaffalee fi Saahiluu Tafarraa kan jedhaman Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa kun seera biratti deggeramaafi fudhatama qaba waan ta'eef Uummatichaaf faayidaa olaanaa kenna. Hojiin seeraa inni bu'uuraa haqa mirkaneessu waan ta'eef sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa kunis imaanaa Uummataa itti dhiyeenyaan hojjechuurratti waan xiyyeeffatuufi Uummatichis faayidaa kana beekee itti of kennee yoo yakka rawwate akka amanee araaramuu, yoo hin hojjenne immoo kakatee qulqulinaan wal-shakkuu tokko malee wajjiin jiraata jechuun ibsaniiru.



Suuraa 20: Yeroo afgaaffiin hojjetoota mana murtii waliin gaggeeffame

Itti dabalaniis, Manni murtiis kaayyoon isaa inni guddaan nageenya uummataa mirkaneessuu waan ta'eef dhimmichi seera biratti akka fudhatamaa ta'e ibsaniiru. Gama biroon Obboo Alamayyoo Asaanaa kan jedhamu Waajjira Haqaa Aanaa Kiiramuutti Abbaa Adeemsa Hojii Qorannoo fi Murtoo Haqaa kan ta'e dhimmi aadaa, amantaa fi duudhaa hawaasaa kabajamuu

akka qabu, Heera mootummaa keeyyata 39;2 irratti yaada taa'ee jiru yoo ilaalle sabaafi sablammoonni aadaa, afaaniifi duudhaan isaanii kabajameefi dagaagfachuu akka qaban kan ibsu akkasumas mootummaan kanuma beekee Waajjirri Aadaafi Turiizimii sadarkaa, aanaatti kaasee hanga gubbaatti ijaaramee kan hojjetamaa jiru waan ta'eef dhimmi Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kunis kanuma waliin walqabatee seera biratti fudhatama qabaachuu isaa ibseera.



Suuraa 21: Yeroo afgaaffii hojjettoota waajjira haqaa waliin gaggeeffame

Gama birootiin hojjettoonni waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Kiiramuufi bakka bu'oonni jaarsolii Gadaa gandeen aanichaa keessa jiran keessaa walitti bobba'uun maree garee xiyyeeffannoof taa'an irratti gaaffiilee maree kanaaf dhiyaatanirratti gaafa 29/07/2011 maree bal'aa gaggeessaniiru.

Haaluma kanaan Fooqni Darrabbaa faayidaa armaan gadii akka qabu afgaaffii kana irraa hubachuun ~~danda'ameera~~.

- Fooqni Darrabbaa kun bakka dhaddacha hawaasaa ta'ee akka tajaajilu Abbaan Gadaa Oljirraa Galataa fi hojjetaan waajjira Aadaa fi Turiizimii obbo Margaa Guddataa ibsaniiru. Kunis bakki kun bakka namni humnaa ol wal shakke sadarkaa lubbuu wal-baasuutti wal eeggachaa jiru bakka araaraa, bakka dhiifamaa, bakka wal-amantaa, bakka nageenyaafi tas-gabbiin itti bu'u ta'ee waliin jireenya hawaasummaa bakka itti cimu ta'ee tajaajilurraa akka jiru ibsaniiru. Kanas fakkenyaan yoo ibsan, namni walitti bu'ee mana murtiitti wal-himate murtoon gargar deebi'ee osoo garaan walitti hin fayyiin yoo jiraatu inni kun garuu garaa dhiifamaa, laphee dhiifamaa waan nama keessatti uumee araara buusuuf garagarummaa guddaa akka qaban ibsaniiru.
- Bakki kun bakka aadaan, duudhaan, seenaan, safuun uummataa dur-dagatamee ture itti dagaagaa jiru ta'uu hojjettoonni Waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanichaa kan ta'an Obbo Garramoo Akkasaa fi durbee Hawwinee Fayyisaa ibsaniiru. Akka ibsa isaanii kanatti Fooqni Darrabbaa bakka safuun, duudhaanii fi aadaan uummata naannoo keenyaa kun bakka dagatame jiruurraa bayyaannatee bakka itti dagaagaa jiru akka ta'e ibsaniiru.
- Fooqni Darrabbaa bakka laftisaa sodaatamaa ta'ee bakka Abbaan fedhe akka fedhetti irra hin ejjenne bakka ayyaantuu fi eebbifamaa lafasaa ankaasseen hin waraanamne fi mukti irraa hin murmne akka ta'e ibsa. Abbaa Caffee Waajjira Aadaa fi Turiizimii Aanichaa kan ta'an Maangoo Gonfaarraa hubachuu danda'eera.
- Bakki kun bakka caasaa mataasaa qabatee dura barumsiifi gorsi kennamu malee kakaatti yeroo mara kan xiyyeefate akka hin taanee jalqaba shakkiin caasaa gandaa akka ga'uu itti aansee jaarsi sadarkaa gandaatti akka lakkaa'amee araaraman, yoo dadhaabame gara Fooqa Darrabbaa kanatti ergamee ammas akka jaarsaan araaraman Fooqa jalatti akka barnootni kennamu isaan booda araarri kan bu'u ta'uu yoo kana keessa darbee dadhabame Kakuun dhumarratti kan rawwatu waan ta'eef bakka barnootaa ta'ee tajaajila.
- Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa kun namni kamiyyu garaagarummaa tokko (amantaa, Saba, gosa, korniyaa) malee osoo fagoo hin deemiin, baasiifi deddeebbi tokko malee, yeroo gabaabaa keessatti qe'ee isaa keessatti ol-iyyannoo tokko malee bakka itti tajaajila Haqaa argatudha.
- Bakka biiftuun akka duumessa keessaa baatee iftu dhugaan mal'atee, gaariin dubbatamee, bakka dhalli namaa gammachuu itti argatu ta'ee tajaajila.

- Fooqni Darrabbaa hiyyeessa miidhamaa ragaa hin qabanneef wabii ta'ee wabii namaa waan hin barbaachifneef wabii isaa dhugaadhaaf.
- Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa ragaa sobaa uummata keessatti rakkoo olaanaa karaalee Waajjiraalee Haqaa keessatti uumamaan saaxiluu ifa baasuun barnoota aadaa kennaa jira.
- Gama birootiin himanni tokko kan mana murtiitti sababa raga dhabuun arkifachaa turee murtoo malee ture bakka kanatti bellama gabaabaa keessatti kan himataan haqa argatu ta'uusaa hubachuun dandaa'ameera. Fakkeenyaaf: Abbaa Caffee Abbootii Gadaa kan ta'e Obbo Maangoo Gonfaa(29/07/2011) akka ibsetti, Aanaa kana Ganda Ashuu kuusaayee keessa namoonni saba Amaaraa ta'anii abbbaa manaa Saxxee Daamaafi haati manaa Shittayee Ashaagiree jedhaman waliin jiraataa turanii gidduutti wal-dhabanii erga mana murtiitti wal himataanii qabeenyaa isaanii qixxeetti hiratanii gargar deebi'anii booda gidduutti qabeenyaa haadha manaa kanaa keessaa Goroomsi tokkoofi Boqqolloon kuntaalli kudhan waan jalaa hatameef isa shakkitee Mana Murtii Aanaa Kiiramuutti himattee raga dhabdee erga waggaa tokko guutuu marmaartee dadhabdee otuu jirtuu gidduutti manni murtichaa abbaa manaa bilisaan galche. Iseenis, gara Fooqa Darrabbaa dhuftee himatashee dhiyeeffannaan shakkamaa kana waamnee kakachuu moo amanuu akka isaaf wayyu gaafannaan akka qabeenyaashee bade kana akka fudhe amanee turban lama keessatti akka deebiseef yaada kennerraa hubachuun ni dandaa'ama.

  Dabalataanis Aanaa Kiiramuu, Magaalaa Kiiramuu keessatti namoonni lama Obbo Baqqaluufi Obboo Nigaatuu gidduutti waa'een himataa lafa Magaalaa sadarkaa aanaarraa ka'ee Godina, Godinarraa ka'ee waliigalaa Oromiyaa, waliigalaa Oromiyaarraa ka'ee hanga mana murtii Feederaalaatti wal himaataa, raga walirratti dhiheessaa, takka mo'aa; takka ammoo mo'amaaa, walirratti oliyyaannoo fuhachaa turanii erga qabeenyaa,yeroofi humna isaanii qisaasessanii booda gara Fooqa Darrabbaa dhufuun yeroo gabaabaa keessatti fala argachuun araaramuu isaanii yaada kennameera hubachuun danda'ameera.
- Namoota sobaan kakatanii jiruu fi jireenya isaanii keessatti rakkoo irratti uumamee fi uumamaa jiru xiinxaluu yakkoota adda addaarraa of-qusachuun badii walirratti geessisu xiqqeessaa jira.
- Gochaalee seeraan alaa dhabaamsiisuu, saaxiluu, irraa of-qusachuu qaamaa seeraa waliin hariiroo uumuun ga'ee mootummaan qabu keessaa qoodachuun tajaajila.

- ❖ Dhaloonni haaraan muuxannoo Abbootii fudhachuu lammii naamusa gaarii qabu horachuu keessatti ga'ee olaanaa qaba.
- ❖ Bakki kun bakka hojiifi hojimaanni Sirna Gadaa itti dagaaguufi dhaloota egereef bu'aa nibuusa jedhamee amanamudha.

Walumaagalatti, Fooqni Darrabbaa kun hawaasa Aanaa Kiiramuufi naannawaa isaa jiraatan hundaaf tajaajila guddaa kennaa akka jiru nu hubachiisa.



Suuraa 22: Hojjettoota Aadaafi Turiizimiifi Jaarsolii Gadaa Aanichaa yeroo waliin maree garee gaggeessan

BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YABOO

5.1 Goolaba

Boqonnaa kun goolaba qorannichaa, argannoo ykn bu'aa qorannichaafi yaboo ykn yaada furmaata kennuurratti xiyyeeffata.

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa, Godina Wallaggaa Bahaa, Aanaa Kiiramuu, Ganda Tokkummaa Qoqoffee, Gooxii Darrabbaa, bakka Fooqa Darrabbaa jedhamurratti qabiyyeewwan Sirna Kakuu gaggeeffaman, Afoollan bakka kanatti faayidaarra oolaniifi meeshaleen aadaa Sirna Kakuu kana irratti tajaajila kennaan irraatti bal'inaan xiyyeeffata. Kana malees hiikkaa fakkoommii meeshaalee aadaa kun Sirna Kakuu kana keessatti tajaajilan addaan baasuun dhaloota egereef akka ol-kaa'amu gochuu dha. Gama biraatiin faayidaawwan Kakuun hawaasaa Aanaa kanaafi naannawwaa isaa jiraatuuf qabu gad-fageenyaan kaa'ameera. Kallattii gara fuulduraatiinis Sirni Kakuu kun maal maal fooyyeffatee aadaa fi duudhaa hawaasichaa tursuu akka qabu yaadni qaamolee hiddattoof filatamanii odeeffannoo kennaan irraa funaanamuun qaacceffameera.

Haala fiixaan ba'insa hojii qorannoo kanaafi gaaffileen bu'uuraa kallattii kennuu danda'aan qindaa'anii gaafatamuun hojiirra oolaniiru.

Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuuf tooftaan itti adeemamee mala akkayyoodha. Iddattoota irraa odeeffannoon funaanamee dawwannaa bakka Sirna Kakuu sanaa deemuun qaamolee Kaksiisan, kakataniifi kaksiifatan keessatti argamuun yoo ta'u, af-gaaffiin mana murtii Aanaa keessaa namoota hojjettoota dhiira 4, Waajjira Haqaarraa hojjettoota dhiiraa 3 dubara 1 walitti 4 waliigala af-gaaffiif namoota 8 irraa odeeffannoo na barbaachisu funaanadheera. Gama maree garee xiyyeeffannootinis hojjeettoota Waajjira Aadaa fi Turiizimii keessaa hojjettoota dhiiraa 2 dubara 1 walitti 3 fi bakka bu'oota Abbootii Gadaa namoota dhiiraa 7 walii gala maree garee kanaaf dhiira 9 dubara 1 walitti 10 kan ta'an walitti qabuun maree taasifamerraa odeeffannoo funaanameti qaacceeffamee jira.

Odeefkennitoonni daandeettii fi beekumsa bu'aa qorannoo kanaaf argamsiisan muuxannoo hawaasaa bira jirutti fayyadamuudhaan dadhabbiifi nuffii tokko malee madda odeeffannoo bu'uuraa ta'an ibsa asilii (original) kennuun isaanii mirkana'eera. Bu'aan qorannoo kanaa Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa cabaa Sirna Gadaa Horroo Bulluq durii ta'ee hawaasni naannoo sanaa

jiraatu akkaataa itti qabeenyaa isaa, nageenya isaa, naannoo isaa, aadaa isaa ittin eeggatu yookiin tikfatu akkasumas haqa mirkaneessuu fi walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu keessatti shoora guddaa akka taphatu kan mirkaneessudha.

Gama birootiin ammoo, gama mootummaa fi hawaasaan beekamtiin olaanaan taasifamee hojiirra oole xiyyeeffannoo hojjechuurratti hanqinaaleen akka jiran odeefkennitootarraa hubachuun dandaa'ameera.Itti dabalees mootummaan akkuma sekteroota biroo baajata itti baasee caasaa isaa dirirsee bakka hundumaatii yoo itti hojjete hoj-maatni badaan, yakkoota adda addaa, malaamaltummaa fi k.k.f xiqqeessuufi dhabamsiisuu keessatti shoraa akka taphachuu dandaa'u ibsameera.

Hawaasni naannoo garagarummaa tokko malee Sirna Kakuu kana irraattii fayyadamuu akka, qabu dhiibbaa tokko malee akka itti tajaajilamu gochuu keessatti hirmaachuu akka qabu, duudhaa fi aadaan uummatichaa akka itti yaadatamu, hojjetamuufi dagaagu gochuun beekamtii kennuun osoo fagoo hin deemiifi baasii dheeraaf hin saaxilamiin qe'ee isaa keessatti haqa isaa mirkaneeffachuu akka danda'uufi waantota Sirna Kakuu kanaa fashaleessan seeraan akka sirraa'uuf gochuu akka qaban himameera. Gama meeshaalee aadaafi hiika fakkoommii isaanii sirritti beekuun itti fayyadamuun seenaa uummatichaa keessattti galmaa'ee taa'uu akka qabu bakki Sirnichaas kunuunsa barabbachisaa ta'e gama hundaan argachuu akka qabu odeefkennitoonni himaniiru.

5.2 Argannoo

Qorannoon kun kaayyoo karoorfatee ka'e irratti hundaa'ee kan rawwate yoo ta'u bu'aa armaan gadii agamsiisuun goolabameera. Qorannichi kan irratti xiyyeeffate Qabiyyee Sirna Kakuu Adeemsa Rawwii Fooqa Darrabbarraatti yoo ta'u, qabiyyeewwan, meeshalee aadaa Sirni kun ittin rawwatu, faayidaa afoolaa sirna kana keessatti qabu, fakkoommii meeshalee kakuufi faayidaa hawaasni sirna kakuu kanarraa argatuufi k.k.f sakatta'amaniiru.

Xiinxala Sirna Kakuu kana keessatti waantota hedduuti hammatame. Akka ijootti kan ibsaman keessaa uummanni Oromoo naannawaa Qorannoon kun itti adeemsifame jiraatu wal-dhibdeen gidduu isaattii ummamee jennaan osoo gara waliif Kakachuu hin deemiin dura maal akka godhu, qabiyyeewwaan Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kana irraatti uummatichi waliif kakatu maal maali? Meeshaaleen aadaan Kakuu kanaaf tajaajilan maal maali? Meeshalee kanaan yeroo

kakatamu maal maali jedhanii kakatu?Fakkoommiin meeshalee kanaas maal maal bakka bu'u? Hawwaasni Kakuu kanarraa faayidaa maal maal argachaa jira? Gaaffilee kanneenif kanneen kan fakkataniif qorannoon kun sirritti sakata'uun yaadoleen ka'anii qaacceffamaniiru. Xiinxalli kennames ija Yaaxxina Aadaa Hawaasaa (Folk-Cultural Theory)fi Yaaxxina Faayidaa(functional Theory) irratti hundaa'uun dha. Qabxiileen qorannoo kana irratti ka'aniis yaada hawaasichi Sirnicha irratti qabu kan calaqqisiisudha. Walumaagalatti, hojii qorannoo kanaaf qabxiilee bu'uuraa ta'anii akka ka'umsaatti dhiyaatan irraatti hundaa'ee argannoon (dhimmoonni ijoon) akka arman gaditti qaacceffamaniiru.

1. Kakuun tumata namni tokko nama biroof waan tokko raawwachuu ykn raawwachuu dhiisuu isaa kan ittiin mirkanneessuufi duudhaa, barsiifata ykn aadaa Oromoo keessa tokko waan ta'eef kan Fooqa Darrabbaa kanatti raawwatu kunis seera biratti fudhatama qabaachuu heerriifi seerri biyya keenyaa kan deggaru ta'uu ogeeyyii gama kanaan hubannoo gahaa qaban irraa mirkaneeffadheera. Kana malees, Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kanatti yeroo mara kan raawwatu Kakuu duwwaa osoo hin taane, dhimma namootni irratti wal-dhaban irratti jalqaba jaarsi Kakuu(Jaarsoolii Gadaa) kaayyoon Fooqa Darrabbaa kun dura araarsuu malee kaksiisuu akka hin taane gorsaafi barumsa adda addaa erga kennanii booda dura akka araarsan ta'ee kan kanarraa hafe lamaanuu shakkaamaa fi shakkaan wal-birratanii walhimatan yoo ta'e yookaan shakkamaan osoo beekuu kakuun hoomaa na hin godhu jechuudhaan du'aafi badiif garaa kutatee kan itti galu yoo ta'e qofa Kakuun akka rawwatu, kunis dhibbentaan isaa xiqqaa ta'uu mirkaneeffachuu danda'eera.
2. Yeroo Kakuun xumurarratti raawwatu meeshaaleen aadaa adda addaa kanneen akka eeboo, mutaa, gaafa kormaa, qabduu, rasaasa, daaraa fi k.k.k.f kan tajaajilaaf oolan ta'uufi meeshaaleen kunneenis akka aadaafi duudhaa Oromotti hiika fakkoommii mataa mataasaanii akka qaban mirkaneeffachuu danda'eera.
3. Gama birootiin, Fooqa Darrabbaa kanatti yeroo Kakuun kun raawwatu afoollan Oromoo dhimma kanaaf oolan jiraachuu hubachuu danda'eera. Kanneenis yeroo Kakuun raawwatu kan kakatu meeshaalee sana harkaan qabatee yookiin qaama isaatti aggaamee yeroo kakatu waan jedhu qaba. Kunis bifa walaloon yookiin hololoon ta'uun danda'a. Kana malees namoota wal-shakkanii dhufan araarsuuf makmaaksota Oromoo kanneen tajaajila adda addaaf oolanitti fayyadamuun akka raawwatu hubadheen jira. Afoollan garaagaraa hojiirra

oolaa jiran kunis gahee barsiisuu, gorsuu, amansiisuufi araarsuu keessatti gahee olaanaa qabachuu isaanii mirkaneeffadheera.

4. Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa kun gama waliin jireenya hawaasummaa uummatichaatiin yommuu ilaalamu, tokkummaa hawaasaa eeguu, shakkii tokko malee wal-amanee akka waliin jiraatu gochuu keessatti shoora olaanaa qaba. Kunis hawaasichi waliif dhagayee daba tokko osoo wal-irratti hin hojjetiin Kakuu kana sodaatees ta'e ofimasaa wal-kabajee yoo walitti bu'es dafee araaramaa waliin jiraachuu akka danda'uuf ga'ee olaanaa qaba. Gama Haqaa argachuu hawaasaatiinis hawaasni osoo garaagarummaan tokko gidduu isaanitti hin uumamiin (qabeenyaan, amantaan, gosaan, sabaan, ilaalchaan, saalaan,...) osoo gargar hin ta'iin baasii tokko malee fagoo osoo hin deemiin qe'eesaa taa'ee ragaa tokko malee Haqa isaa kan mirkaneeffatee jiru ta'uusaa mirkaneeffadheen jira. Akkasumas, manneen murtiifi kanneen Haqaa mirkaneessoo ta'an keessatti yeroo amma kana rakkoo guddaa kan uumaa jiru sobaan ragaa walitti ba'uu akka ta'ee odeefkennitootaafi jiruufi jireenya hawaasaa keenya guyyuu irraa hubachuun ni dandaa'ama. Haata'u malee, bakka Fooqa Darrabbaa kanatti namni sobee ragaa ba'e battalumatti rakkoon addaa waan isaa qaqqabuuf sobaan ragaa ba'uun gonkumaa kan hin yaadamneefi kan hafaa dhufe ta'uu mirkaneeffadheen jira. Walumaagalatti mootummaas ta'e hawaasni Oromoo haqa addunyaarraa badee dhala namaa rakkisaa jiru balbalatti waan argameef beekamtiifi kunuunsi gahaan godhamuufi qaba.

5.3 Yaboo

Bu'uura bu'aafi goolaba argamerraa ka'uun, yaboon qorannoon kanaa yeroo kennamu abdiin jiru, Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa kana keessatti hanga har'aatti raawwatamaa jiru keessatti waan akka gaariitti kabajamee hojjetamaa jiru akka itti fufuun hojiirraa oolu, bakka harcaatiin ykn hanqinni jirutti immoo hubatamee galmaa'ee sirraa'uun dhalootaaf darbuu akka qabu tooftaa uumuuf jedhameeti.

Haaluma kanaan Sirni Kakuu Fooqa Darrabbaa Uummaata Aanaa Kiiramuu fi naannawwaa sanaa jiraatuuf faayidaa guddaa kenna jiraachuu isaa qorannoo kana keessatti gad-fageenyaan ibsamee jira. Adeemsi raawwii Kakuu kunis jalqabaa hanga xummuraatti osoo Kakuutti hin seeniin araara buusuun eegalee hanga Kakuun raawwatutti raawwii keessaa waan mudatu sakataa'amee gama ciminaan ykn hanqinaan taa'eera. Akkaataa kanaan xiinxala Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kana keessatti ga'ee meeshaleen aadaa taphatanii fi hiika fakkoommii isaanii

akkasumas Afoollan kana keessatti faayidaarra oolan, Sirna kana jajjabeessuuf ga'een qaamoolee dhimmi ilaalu maal maal ta'uu akka qabu waliin yaboon qorannichaa akka armaan gadiitti kennameera.

- Adeemsi raawwii sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kun hanga yoonatti kan hin barreeffamiin jiruufi sammuu maanguddootaa qofaan daddarbaa hojiirra oolaa waan dhufe as-ga'eef, Waajjirri Aadaafi Turiizimii qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan barreeffamee akka labata dhufuuf lufuu danda'utti osoo ol-kaa'amee gaarii ta'a.
- Sirna kana hojiirra oolchuu keessattis, heerrifi seerri Oromoon Aanaa Kiiramuu tumatee ittiin wal-gaggeessaa tureefi jiru kun jajjabaatee dhaloota dhufuuf akka darbu jecha hawaasicha keessatti akka cimu gochuuf dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa keessatti hirmaachisuun hayyoonni naannichaa ga'oo isaanii akka ba'an qaamni dhimmi ilaalu xiyyeeffannoo guddaan hojjeechuun aadaa hawaasichaa ol-guddisuurraa darbee nageenya mirkaneessuu keessatti ga'ee olaanaa waan qabuuf osoo cimee itti fufeen jedha.
- Manneen hojii mootummaa kanneen Haqaa mirkanneessoo ta'an kanneen akka mana murtii, Waajjira Haqaa, Waajjira poolisii fi k.k.f seera Sirni Kakuu kun tumatee qabu isa kan mootummaa waliin wal-daggeree wal-tumsee akka deemu gochuun yeroo yerootti Abbootii Gadaa fi jaarsolii Kakuu kana waliin walitti dhiyeenyaan osoo hojjetanii sagantaa idileen qabaatanii gaarii ta'an jedha.
- Kenniinsi tajaajila Sirna Kakuu Fooqa Darrabbaa kun garaagarummaa amantii, ilaalcha, aadaa, sabummaa fi dhimma kamirrattuu irrattu dhiibbaa addaa kan hin qabne waan ta'eef akkasumas sabni Oromoo hammataa malee saba biroo kan ofirraa hin dhiibne ta'ee saboonni biroos itti tajaajilamaa kan jiran waan ta'eef kun beekamee namni kamiyyuu bakka kanatti tajaajilamuun baasii xiqqoon yeroo gabaabaa keessatti osoo fagoo hin deemiin murtii haqaa argachuu kan dandaa'aniifi tajaajila saffisaa kan itti argatan waan ta'eef haawasni hundi akka itti tajaajilamu hubannoon osoo kennamee gaarii ta'a.
- Sirnichi ragaa sobaa mana murtiifi Waajjiraalee Haqaa kanneen biroo keessatti dhabamsiisuun dadhabamee bakka jirutti hawaasichi Xiin-sammuun isaa Sirnichatti amanee waan jiruuf ragaa sobaa kana dhabamsiisuu irratti shoora guddaa taphataa waan jiruuf kun beekame mootummanis ta'e qamni dhimmi ilaalu sekteeroota mootummaa kanneen biroo fkn. Farra Malaamaltummaa, Waajjiralee Haqaa mirkaneessoo ta'an hunda,

waajjira dhimma lafaa, Waajjira Ooditiifi k.k.f. waliin hariiroo uumuun hojjechuun gaarii ta'a.

Walumaagalatti:

- Mootummaan akka inistiitiyushiniitti waantota barbaachisaa ta'an guutuu qaba (human namaa, baajata, qajeelfama)
- Muuxannoon Fooqa Darrabbaa kunhawaasa hunda biratti akka gaggeeffamu ykn beekamtii akka argatu gochuu qaba sekteroota mootummaa bakka hojimaata badaa qaban, malaamaltummaa waliin wal-qabatan. Fkn. Qacarrii, ramaddii, jijjiirraa, naga'ee seeraan alaa akkuma gadi fageenyaan hojjetame
- Akkumamana murtii Sheeriyaatti osoo seeraan mirkanaa'ee irra caalaa jajjabaatee
- Seera ittiin bulmaata osoo qabaate hariiroon jaarsolii Kakaa fi Waajjiraalee Haqaa osoo cimee
- Qaamni seera mirkaneessu (hidhataan gandaa, poolisiin ....) osoo waliin ramadamee hojjetee
- Hawaasni hundi qaama Kakuu kanaaf beekamtii kennuu qaba.
- Mootummaan hawaasaaf hubannoo kennuu, qorannoo fi qo'annoo yeroo yeroon geggeessun fooyyessuu qaba. Fkn. Bara 2011Qarshii kanatti 59,000 abbaa dhimmaaf/ himataaf deebiyu
- Hawaasni bakka kakuu hin dhaqu jechuun mirga miti. Hinkakadhu jechuun garuu mirga ta'ee amantii amantii hawaasan heerri ba'ee cimee hojiirra oolee filatamaadha jechuudhaan yaada Qorannoo koo asumarraatti goolabeera.

Wabii

Addunyaa Barkeessaa (2011), *Akkamtaa: yaad rimee-Qorannoo Hujoo*, Oromiyaa: finfinnee.

Alamayyoo Hayilee (2007), *Sirna Gadaa*: Siyaasa Oromoo Tuulamaa, Jildii 1, Finfinnee: Mana Maxxansaa Biraaninnaa Salaam.

Alan Dundes,(1965).*The Study of Folklore*.upper Saddle River N.printed.

Asaffaa Abbabaa (1994), *Minilikii fi Oromiyaa*: Finfinnee

Asaffaa Tafarraa. (2009). *Eelaa: Seenaa Ogummaa Oromoo*, Oromiyaa: Finfinnee,

Asffa Tefera.(1995).*Ethimic Integration and Conflict*. Addis Ababa University.

Asmarom L.(1973). *Gada USA*:New York.

_____.(2000), *Oromo Democracy: An Indigenous African Political system*, Asmara: The Read Sea Press Nation.

Ayalew Keno. (2005), *The Oromo: An ancient Peopla Great Africa Nation*, USA:Michgan,

Bascom, W.R. (1965*). Four Functions of Folklore*. In the study of Folklore, Alan Dundes, PP.279. Englewood Cliffs, NJ: Prentice Hall.

Ben, Amos.D.(1957). "Toward Adeffinition of a folklore in context:" In baumas University of Texas press.

Biiroo Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa (2007).*Sirna Gadaa, Jildii 1*.Finfinnee: Mana Maxxansa Biraaninnaa Selam.

Dajanee Gammachuu.(2014). "Qaaccessa gahee Sirna gada Soob-calliyaa Jaarsummaa Oromoo Aanaa Giddaa Ayyaanaa:" Naqamte: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfamne)

Dawson, C. (2002). *Practical Research Methods*: London.Crom well press.

Dirribii Damusee (2009). *Ilaalcha Oromoo Finfinnee*:D.G. Printing and Publishing Enterprice.

_____. (2012). *Ilaalcha Oromoo: Baarroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.* Mana Maxxansa Finfinnee: Finfinnee.

Dorson, M.R.(1972). Folklore and Folklife. An Introduction. Chicago: The University Press

Elliott, Oring.(1986).*Folk Groups Folklore genres.*Logan. Utahstate University press.

Finnegan, R. (2012). *Oral literature in Africa*. Cambridge: Cambridge University Press.

Gemechu and Asseffa. (2006). "Marriage practice among the Gidda Oromo." Addis Ababa University.

Gemeda Eshete. (2007). *Oral Literature as a field of Scholarship, Foklore Genres in SocioCultural and political Environment*. Addis Ababa: St.George Printing Press.

Giday Degefu. (2000).Traditional *Mechanisims of conflict resolution in Ethiopia, AddisAbaba*: St.George Printing Press.

Hojer. (1954). Language in Culture. Chicago. Univesity Press.

Jeylan, W.Hussein.(2005). *The Function of African Oral Arts*. The Arsi Oromo Oral Arts inFocus, Alemeya University.Un published thesis.

Keessing, M.Roger.(2006). *Antropology In Theory; As interpretive* Quest. Black well publishing.

Kothair, C.R. (2004). *Research methodology*: Methods and Techniques (2nded).New Delhi: New Age International publisher.

Leellisaa Zamaduu.(2015).*Ilaalcha Oromoo*:Finfinnee: Ellieni P.P.PLC

Lalisaa Aadaa. 6413(LW).Kudhaama Seenaa Oromiyaa.Finfinnee:P.P.PLC.

Melakneh Mengistu. (2006). Fundamentals of Literature for Collages. Addis Ababa. Commercial Printing press.

Nagaso Gidada .(2011). *History of the Sayyoo Oromoo of South Western Wollega. EthiopianFrom about 1730 to 1886 Addis Ababa*: Mega Printing Enterprise.

Nagaash Toleeraa.(2015). "Xiinxala Afoollaniifi Hiika Fakkoommii Sirna Gaa'ela Naqataa Aanaa Kiiramuu:" Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa(kan hinmaxxanfamne)

Neuman, L.W. (2007). *Basic of Social Research*, Qualitative and Quantitave Approaches (2ndd). Bost Peason Educational Inc.

Okopewho, I. (1992). African Oral Literature, Bachgrounds Character and Continity. Bloomington: Indian University press.

Pickering, M. (2008). *Reserach Methods for Cultural Studies*.Edinb burgh University press.

Sarantakos.S. (1997).An Introductory Test on Social Reserach (2nded)

Sims, C. And M. Stephens. (2005). *Living Foklore*: An Introduction to the study of peopleand their tradition.U.S.A: Utah State University Press.

Tarakegn Gemechu. (2002). *Hundeeffama Aanaa Kiiramuu*: kan hin maxxanfamne.

Tayei, S. (2005).*Research methods and writing research proposals,Cairo*: CAPSCU.

Taylor and Francis.(1971). *Some Trends And Prolem InTthe Study of The Folk-tale.* Printed Hall.

Temesgen Burka. (2008).*Qaalluu.Simith and metal traditional conflict resolution of north East Wollega, Ethiopia.Ethiopian* journal of the social sciences and humanities Vol.V1Nos 1 and 2.

Tesema Te'a. (1980). The Oromo of Wollega. Addis Ababa University.

Tilahun Gamta. (1992).Qubee Afaan Oromoo: Reasons for Choosing The Latin Script For Developing an Oromo Alphabet in the Jounal of Oromo Studies (vol.1, No.1)

Warqinaa Abbaa Soorii.(2008). *Sirna Gadaa*. Oromiyaa: Finfinnee.

Zerihun Doda. (2005). *Introduction to Socio-Cultural Anthrophology*. Ethipia: Debub University.

ጃበጣ አጀታ /1995/፡፡ የኦሮሞ ባሕልና አጭር ታሪክ፡፡ አንደኛ መጽሐፍ፡፡ አዲስ አበባ፡፡

እሸቱ ኢረና፡፡ /2001/፡፡ የኦሮሞ ታሪክ በጥንት እስከ 1980ዎቹ መጨረሻ፡፡ ፊንፊኔ፡፡ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡

ወልደዮሐንስ ወርቅነህና ዮሐንስ መልካ፡፡ /1986/፡፡ ኦሮሚያ የተደበቀው የግፍ ታሪክ፡፡ ክፍል አንድ፡፡ አዲሰ አበባ፡፡ commercial printing Etnerprise.

DABALEEWWAN

DABALEE. A

Yuniivarsiitii Finfinnee Koolajjii Namoomaa,

Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifii Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii

Daawwannaa

Kutaa Tokko: Odeeffannoo Waliigalaa

1**.** Bakka: Fooqa Darrabbaa

2.Guyyaa:19/05/2011, 19/06/2011, 19/07/2011, 19/08/2011(Guyyoota Afuriif)

3.Yeroo: 3:00_6:00

Kutaa Lama: **Qabxiilee Ijoo(checklist) daawwannaa qabiyyeewwan sirna kakuu Fooqa Darrabbaarratti raawwatu daawwachuuf qophaa'e.**

1. Sirna kakuu kana keessatti dhimmoota maal maaliif kakuun gaggeeffama?
2. Qophiileen haal-duree sirnichaaf maal fakkaata?
3. Sirnicha jalqaba, gidduufi xumurarratti maal maaltu raawwata? Eenyuunis raawwatama?
4. Sirna kakuu kanarratti Afoolli Oromoo kam kamfaati bakka kam kamitti hojiirra oole?
5. Meeshaaleen aadaa Ummata Oromoo sirnicharratti tajaajila kennan maal maalfa'i? Maal maaltu ittiin raawwatama? Maal maal jechuun rawwaatama? Meeshaaleen kunniin maal maal bakka bu'u?

DABALEE B

Yuniivarsiitii Finfinnee Koolajjii Namoomaa,

Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifii Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii

Kutaa Tokko: Odeeffannoo Waliigalaa

1**.** Bakka: Waajjira Haqaa/Mana Murtii Aanaa Kiiramuu

2. Guyyaa: 28/06/2011 fi 29/07/2011(Guyyaa lamaaf)

3. Yeroo:3:00_10:00

4.Umrii:_____

5. Sad.Barumsaa:_____

6. Maqaa Guutuu:_____

Af-gaaffii

Qabxiilee /Gaaffiilee / Ijoo Abbaa Alangaafi Mana Murtii Aanaa Kiiramuuf Qophaa'e

1. Sirna Gadaa kanarratti tajaajilamuun hawaasaa seera biratti hagam fudhatama qaba? Hariiroon waliin hojjechuu keessan hagam cimaadha?
2. SirnaGadaa kanatti tajaajilamuun hawaasichaa gochaalee seeraan alaa ittisuu, xiqqeessuu, saaxiluu akkasumas nageenya hawaasichaa mirkaneessuufi xiin-sammuu isaa sodaafi yaaddoorraa bilisa gochuurratti gumaacha inni qabu maal fakkaata?
3. Sirni kun ragaa sobaa hambisuurratti shoora nitaphata jettanii niyaaddu?
4. Sirni kakuu kun hawaasichi qabeenyaa, humnaafi yeroo isaa qusachuu irratti akkasumas aadaa wal-danda'uu cimsuurratti maal fakkaata?
5. Sirni akkasii kun gara fuulduraatti cimee akka itti fufuuf eenyurraa maaltu eegama?

DABALEE C

Yuniivarsiitii Finfinnee Koolajjii Namoomaa,

Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifii Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii

MariiGaree xiyyeeffannoo (Focus group discussion)

Kutaa Tokkoo: Odeeffannoo Waliigalaa

1. Bakka: **Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Kiiramuu**

2. Guyyaa: 29/06/2011 fi 29/07/2011(Guyyaa lamaaf)

3. Yeroo: 3:00-10:00

4. Baayina: Dhiira =9 Dubara=1 Waliigala=10

Kutaa Lama: Qabxiilee Maree Garee Jarsoolii Gadaafi Hojjettoota Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Kiiramuuf Qophaa'e

1. Maalummaafi qabiyyeewwan kakuu Fooqa darrabbaa keessatti gaggeeffamu maal maal fa'i?
2. Sirni Gadaa Fooqa Darrabbaa kun Aadaa Uummata Oromoo dagaagsuu keessatti gaheeinni taphachaa jiru maal fakkaata?
3. Hawaasni naannawa sirna Gaadaa kanaa jiraatu waajjiroolee qaama haqaa mootummarraa adda kan ta'e bu'aa argatu qabaa?
4. SirnaGadaa kanatti tajaajilamuun hawaasichaa gochaalee seeraan alaa ittisuu, xiqqeessuu, saaxiluu akkasumas nageenya hawaasichaa mirkaneessuufi xiin-sammuu isaa sodaafi yaaddoorraa bilisa gochuurratti gumaacha inni qabu maal fakkaata?
5. Sirni kun ragaa sobaa hambisuurratti shoora nitaphata jettanii niyaaddu?
6. Haala adeemsa sirna kakuu Fooqa Darrabbaa kanarratti waliin qindoomtanii hojjechuu iirratti jira yoo ta'e hanqinni ykn bu'aan argamu maal maali?
7. Sochiileen sirna Gadaa kun gara fuulduraatti ciminaan akka itti fufu eenyurra maaltu eegama?

Taatoo 1
Seenduubee odeefkennitoota Af gaaffii
Hojjetoota Mana Murtii Aanaa Kiiramuu

Lakk	Maqaa	Koorniyaa	Umirii	Gahee Hojii	Sdarkaa Barumsaa	Amantii
1	Daamxoo Kaffaalee	Dhi	40	Abbaa Seeraa	Digirii	Pirootestantii
2	Saahiluu Tafarraa	Dhi	39	Abbaa Seeraa	Digirii	Pirootestantii
3	Wayyeessaa Tashoomaa	Dhi	33	Abbaa Seeraa	Digirii	Pirootestantii
4	Darajjee Dassaalee	Dhi	40	Qabaa Maallaqaa	Dippiloomaa	Pirootestantii

Taatoo 2

Seenduubee odeefkinnitoota Afgaaffii

Waajjira Haqaa Aanaa Kiiramuu

Lakk	**Maqaa**	**Koorniyaa**	**Umirii**	**Gahee Hojii**	**Sdarkaa Barumsaa**	**Amantii**
1	Alamayyoo Asaanaa	Dhi	36	A/A/H/ Qorannoo Haqaa fi murtii Haqaa	Digirii	Pirotestantii
2	Magarsaa Getaachoo	Dhi	28	Karoora	Digirii	Pirotestantii
3	Aagoshee Abdiisaa	Dhi	32	Hooganaa Waajjiraa	Digirii	Pirotestantii
4	Galaanee Asaffaa	Dub	34	Bulchiinsa Humna Namaa	Dippiloomaa	Pirotestantii

Taatoo 3

Seenduubee odeefkinnitoota Maree Garee Xiyyeeffannoo

Hojjetoota Waajjira Aadaa fi Tirizimii Aanaa Kiiramuufi

Bakka Bu'oota Abbootii Gadaa

Lakk	**Maqaa**	**Koorniyaa**	**Umirii**	**Gahee Hojii**	**Sdarkaa Barumsaa**	**Amantii**
1	Margaa Guddataa	Dhi	39	Ogeessa misooma Afaanii W/A/Turizimi	Digirii	Pirootestaantii
2	Gaaromaa Akkasaa	Dhi	29	Ogeessa Misooma Industrii Aadaa	Digirii	Pirootestaantii
3	Hawinee Fayyisaa	Dub	24	Ogeessa sona A/Inv. Hamba	Digirii	Pirootestaantii
4	Oljirraa Galataa	Dhi	63	Abbaa Gadaa	4	Ortodoksii
5	Maangoo Goonfaa	Dhi	41	Abbaa Caffee	10	Ortodoksii
6	Warqinaa Garbaa	Dhi	64	Abbaa Bokkuu	4	Ortodoksii
7	Ligdii Ayyaansaa	Dhi	72	Miseensa Gadaa	-	Ortodoksii
8	Toleeraa Gormoo	Dhi	74	Miseensa Gadaa	3	Ortodoksii
9	Awwaluu Yimar	Dhi	55	Miseensa Gadaa	4	Musliima
10	Gammachuu Wiirtuu	Dhi	70	Miseensa Gadaa		Ortodoksii

Taatoo 4

Hiika Fakkoommii Meeshaalee Aadaa

Lakk.	Maqaa meeshaa	Hiika(mallatto) fakkoommii
1	Barcuma Dambii	Araara, eebba, teessuma jaarsaa
2	Barcuma Harbuu	Lalisaa, kan bishaan jalaa maddu jiidhaa, quufa
3	Barcuma Eebbichaa	Hadhaawaa, bitaa gala (dhiitamuu, darbatamuu)
4	Eeboo	Waraansa, dhukkuba
5	Qabduu	Rakkoo, dhukkuba , gadadoo cimsee qabu, dilallaa'aa
6	Cancala (Luugama)	Hidhuu, xaxuu (arraba, miila, harka)
7	Mutaa	Waraansa keessoo, qallina
8	Gaafa kormaa	Kallacha Gadaa, adda, mootummaa
9	Lafee	Qullaa , kan foon irraa dhume
10	Rasaasa	Bakakkaa, dhukkuba hinbeekamne, balaa tasaa
11	Dhagaa	Duudaa, hinguddannee, hindubbannee
12	Alangaa Citaa	Cituu, hanqachuu, dooluu, kan seerri gidduutti hafe
13	Qoraattii	Waraansa, ilkee, dhukkuba
14	Muka Boqqoolloo	Qullaa, gogaa
15	Daaraa	Gubataa, bununaa'aa, qilleensaaf kennamaa
16	Dikee Loonii	Jiidhaa goge, qe'eefi qabeenya bade
17	Lilmoo	Waraansa, qallina